

Dirree Qo'annaa Kitaaba Qulqulluu



Onnee Nama
hundumaatuu
jaalalaan booji'aa,
Kiristoos duukaa
hiriirsuun,
dhufaatii isaatiif
qopheessina.

Course: Old Testament Survey

Biblical Theology Online Program

Nagesso Shibiru (MA)

© Copy Right Reserved

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha.

Kitaaba kana eeyyama nama barreessee malee maxxansuu fi raabsuun akkasumas mala Elektirooniksii kamiin iyyuu daddabarsuun seeraan nama gaafachiisa. Madda eeruudhaan wabeeffachuun garuu ni danda'ama.

© Teessoon Qunnamtii barreessaa

Mob: 09 11 25 46 70

E-mail: Nagessoshibiru7@gmail.com

Hubachiisa: Namni kitaaba kana fudhate kamiiyyuu Telegram group “DIRREE QO’ANNAA KITAABA QULQULLUU” jedhu irratti ibsa barnoota kanaaf kenname Video fi Audio isaa argachuu ni danda’a. Garee Telegram kanatti namoota affeeruudhaan barnoota wangeelaa Addunyaadhaan haa dhaqqabnu.

Waa'ee Barreessaa

Nageessoo Shibbiruu barreessaa kitaabilee Hafuuraa fi Xiin-sammuu yoo ta'u, Baha Gujii Aanaa Daamaatti Waldaa Warra Wangeelaa Makaanaa Yesuus Itoophiyaa keessatti dhalatee kan guddateedha.

Barnoota isaa Diplooma Practical Theology dhaan (Diploma in Practical Theology), Bachelor Degree in Biblical Theology, Lutheran School of Theology biyya Keeniyaa magaalaa Nairobi irraa baratee kan eebbifamee jiru yemmuu ta'u, yeroo ammaa Barnoota Hafuuraa Digrii lammaffaa Christian Leadership barataa jira.

Akkasumas damee barnoota Seculary Digrii jalqabaa Barnoota Accounting kan barate yemmuu ta'u Digrii lammaffaa isaa Moi University Kampaasii Nairobi irraa ogummaa Xiin-sammuutiin (Master's in Social Psychology) baratee jira.

Ol-adeemaan kun yeroo ammaa barsiisaa fi barreessaa Kitaabilee Xiin-sammuu fi kitaabota hafuuraa yemmuu ta'u, namni hundinuu barnoota isaa toora Interneetaa irraa argachuu ni danda'a.

Toora Telegram “DIRREE QO'ANNAA KITAABA QULQULLUU” namoota itti affeeruudhaan barnoota waaqayyo karaa isaatiin dabarsu babal'isuu keessaa akka qooda qabaattan jaalalaan gaafanna. Eebbifamaa

Seensa

Kitaabni qulqulluun ofi keessatti Kitaabota 66 kan qabate yemmuu ta'u iddoo gurguddoo lamatti qoodama.isaanis kakuu moofaa fi kakuu haaraa jedhamu.kakuu moofaan Seenaa Waaqayyoo fi Saba waaqayyoo Saba Israa'el Irratti Xiyyeeffatee Dh.K.D Bara 1400-400 Kan Barreeffame Yemmuu ta'u Kakuun Haaraan Immoo Dh.k.b Bara 45-100 gidduutti Barsiisa Waa'ee Yesuusii fi Waldaa Kiristiyaanaa Irratti Xiyyeeffatee Barreeffame. Koorsii Kana Keessatti Immoo Kitaabota Kakuu Moofaa Tokko Tokkoon Ilaaluu Yaalla.

Kitaabota kakuu moofaa

Kitaabonni kakuu moofaa Dh.K.D kan barreeffaman yemmuu ta'u Kitaabota 39 of keessatti qabata. Isaanis iddoowwan gurguddoo afuritti qoodamu:-isaanis

- 1) Kitaabota seeraa shan-----[5]
- 2) Kitaabota seenaa-----[12]
- 3) Kitaabota Walaloo-----[5]
- 4) Kitaabota raajotaa-----[17]

Kitaabota Seeraa Shan (5)

Olitti akkuma ilaalle Kitaaba kakuu moofaa keessatti Kitaabota seeraa 5 argina.

Isaanis

1. Kitaaba Seera Uumamaa(Genesis)
2. Kitaaba Seera Bahuu(Exodus)
3. Kitaaba Seera Lewwootaa(Leviticus)
4. Kitaaba Seera Lakkoofsaa(Numbers)
5. Kitaaba Seera Keessa Deebii(Deuteronomy)

Isaan kun Kitaabota musee jedhamu. Mee tokkoo tokkoo isaanii haa qayyabannu.

Seera Uumamaa(Genesis)

Barreessaan- *museedha jedhamee tilmaamama.*

Barri itti barreeffame- *1446-1406 Dh.K.D jedhamee yaadama.*

Qabiyyee walii galaa- *Kitaabni seera uumamaa handhuura Kitaaba qulqulluu yoo ta’u, seensa Kitaaba qulqulluu, waa’ee uumamaa fi waa’ee fayyinaa irratti xiyyeeffachuudhaan ibsa.*

Jechi afaan ibrootaa irraa dhufe, jalqabatti jecha “**Bereshith**” jedhutu fudhatame. Hiikni isaas “**Jalqabatti**” jechuudha.

Jechi uumama jedhu immoo jecha ingiliffaa “**Genesis**” jedhu irraa dhufe. Afaan ingilizii jecha afaan giriikii “**Geneseos**” jedhu irraa **Genesis** maddisiifate. Jechi kun karaa 3 hiikama. Isaanis;

1. Birth
2. Genealogy
3. History of origin.

Kanaafi afaan ingiliziitti “**Genesis**” jedhamee hiikni walii galaa itti kenname.maqaan Kitaaba kanaas akkaataa kanatti moggaafame jechuudha. Mee waa’ee musee waan gabaabaa waliin ilaallee haa darbinu.

Musee

Museen raajii waaqayyoo isa guddaa saba israa’el biyya garbummaa gibxii baaseedha.Innis abbaa isaa nama sanyii lewwii maqaan **Amiiraam** jedhamuu fi haadha isaamaqaan ishee **Yookebed** jedhamu irraa tilmaamaan naannoo bara 1480 Dh.K.Dtti biyya gibxiibakka gooshen jedhamutti dhalate. *Bau 2: 6*

Bakki sun bakka mootiin gibxii inni bara yooseef muudame biyya gibxii bulchaa ture israa’eloota qubachiise, bakka guutummaa biyya gibxii keessaa cooma qabuu fi horii qe’eefis mijataa tureedha.

Um 46:28-27:1-12

Museen yemmuu dhalate ijoolleen sanyii ibrootaatiif yemmuu dhalatan dhiira yoo ta’an akka ajjeefaman ajajni mootii gibxii biraa bara sana ba’ee ture. Kanaaf akkuma dhalateen akka inni du’uuf carraan du’aa

utuu inni hin dhalatin dura afaan banee isa eegaa ture. Haa ta'u malee haati isaa hamma museen mucaa ji'a sadii ta'utti mana keessa isa dhoksite. Sababni isaas mucichi yommuudhuma dhalate iyyuu bareedaa, namas kan mararu ture. Haati isaa dhoksuu yeroo dadhabdetti laga abbayyaatti isa geessitee bidiruu keessa dhoksitee bishaan irra isa keesse. Achiis mucichi gara mana mootii gibxitti ol baafamee mana mootummaatti guddifame. Nama waggaa 40 yeroo ta'etti, tilmaamaan naannoo bara 1440 Dh.K.Dtti museen biyya gibxii ba'ee gara biyya miidiyaan dhufe. Biyya kanas waggaa 40 erga turee booddee bara 1400 Dh.K.Dtti gooftaan ibidda boba'aa keessaan isatti mul'ate. Itti dubbatees humna guddaadhaan gara biyya gibxitti isa ergee karaa hojjetaa isaa kanaa saba isaa biyya garbummaatii baase. *Bau 2 ilaali.*

Yeroo sana museen geggeessituu saba israa'elture. Waggaa 40'f lafa onaa keessa geggeessaa hafuura waaqayyoo fi sagalee isaatiin saba sana tiksee yeroo nama waggaa 120 ta'etti, tilmaamaan naannoo bara 1360 dh.k.b tti du'e. Bakki museen itti du'e tulluu phiisgaa jedhamu irra yoo ta'u, tulluun sun galaana yordaanos gama fuullee biyya dhaala kakuu saba israa'elture. *Kes 34*

Bara musee irraa kaasee sabni biyya lafaa hundumtuu waa'ee saba israa'elgurrumaan dhaga'uu gofaan illee duratti hollatu turan. Haaluma wal fakkaatuun geggeessaa museetti iyyaasuun ilmi nuun, inni gargaartuu isaa ture itti darbe.

Kitaabota Seeraa Shanan Barreessuu Isaa

Walumaa galatti museen yommuu saba israa'el geggeessaa turetti Kitaabota seeraa Kitaaba qulqulluu keenya keessa jiran shanan barreessuu danda'eera jedhamee tilmaamama. Kitaabonni kunneenis *The Pentateuch* jedhamu. Jechi kun jecha afaan ibrootaati.

Hiikni isaa:

“The Five Volume Book” jechuudha. Gara Afaan Oromootti immoo yommuu jijjiiramu, Kitaaba lakkoofsa 5 qabu jechuudha.

Maddoota Museen Fayyadame

Maddoota kana museen fayyadameera yaadni jedhu waggoota durii kan itti amanaa turameedha.

Maddoonni kun 4 ta'u. Isaanis:

JEDP kan jedhamaniidha.

J= Jahwe/ Yahwe = maqaa waaqayyo kakuu moofaa keessatti ittiin Waamamaa tureedha.

E= Elohim = maqaa dhaloonni bara sanaa ittiin waaqayyoon waamaa Tureedha.

D= Deuteronomic = seenaa keessa deebi'amee kuufamee kaa'ame

P= Priestly = lubootaa fi lubummaa

Kan jedhaman fayyadamuudhaan Kitaabota seeraa sana karaa irra utuu jiranii barreessee xumuruu danda'eera ta'a jedhama.

Qoqqoodama Kitaaba Seera Uumamaa

Kitaabni seera uumamaa bakka gurguddaa sadiitti qoqqoodama. Isaanis:

- i. Waa'ee uumamaa [uumama 1:1-2:3]
- ii. Seenaa toora dhaloota sanyii namaa [2:4-11:26]
 - a. Addaamii fi hewaan [2:4-45]
 - b. Kufaatii fi bu'aa isaa [3]
 - c. Cubbuu [4:1-16]
 - d. Toora dhaloota cain [4:17-27]
 - e. Toora dhaloota seth [5]
 - f. Waaqayyo jal'ina namaatti faraduu isaa [6:1-8]
 - g. Bishaan badiisaa [6:9-9:29]
 - h. Sanyiin namaa lafa irratti baa'achuu isaanii [10:1-11:26]
- iii. Seenaa abirihaamii fi ijoollee isaatii [11:27-50:26]
 1. Jireenya abiraam [11:27-25:11]
 2. Sanii ishmaa'el [25:12-18]
 3. Jireenya yaaqoob [25:19-35:29]
 4. Sanii eesa'uu [36:1-37:1]
 5. Jireenya yooseef [37:2-50:26]

Seera ba'uu (Exodus)

Maqaan Kitaaba kanaa “*Seera Ba'uu*” jedhamee waamamuu kan eegale dhaloota kiristoos booda jaarraa 1ffaa keessa yoo ta’u, maqaa kanas Kitaabichaaf kan laatan barsiisota Kitaaba qulqulluu bara sana turaniidha.

Maqaan seera ba'uu jecha afaan laatinii **Exodus** jedhu irraa dhufe. Gara afaan ingiliffaatti yommuu hiikamu immoo:

Exodus= Exit

Departure

Jechuudha.

Hiikni maqaa kanaa gara afaan oromootti gadi lakkisanii ba'uu, bakka duraan turan gadi lakkisanii adeemuudhaan addaan ba'uu jechuutti hiikama.

Maqaa kana warri moggaasan:

- *Latin Vulgate*
- *Jewish Author*
- *Syria Tic Version Beektota Jedhamaniidha.*

Maqaan Kitaaba kanaa afaan girikiitti immoo jechoota lama irraa kan moggaafameedha. Isaanis:

“*We’elleh*” Fi “*Shemoth*” kan jedhamaniidha. Hiikni jechoota kanaas, “*There Are The Names Of*” gaalee jedhamutti kan hiikamu ta’a.

Qabiyyeen giddu galeessaa Kitaaba kanaa seerota saba israa’eliiftulluu siinaatti kennameedha. Kanaafuu macaafichi boqonnaa 20:25 irratti kan hundaa’uudha jechuudha

(mirkaneeffachuudhaaf boqonnaa 14, 17, 24, 27, 34 ilaalaa)

Museen barreessuu isaatiif ragaa kan nuuf ta’an:

Boqonnaawwan 10, 12, 26

Qabiyyee Giddu Galeessaa Kitaabichaa

Kakuu waaqayyo abiraam, yisaaqii fi yaaqoobiif kakate sabni israa'elbiyya garbummaatii ba'ee gara biyya kakuu isaatiitti adeemuuf karaa irra bu'uu isaatiin raawwatamuu eegaluu isaa.

Walumaa galatti waa'ee Kitaaba kanaa ilaalchisee:

Kan barreesse- museedha jedhamee tilmaamama.

Barri isaa- 1446-1406 Dh.K.Dta'a jedhamee yaadama.

Kan barreeffameef- namoota waaqayyo fo'ate- israa'elootaaf.

Qabiyyeen isaa: waaqayyo namoota isaatti of mul'isuu isaa, saba israa'elbiyya garbummatii baasuu isaa fi lafa onaa keessatti kakuu isaanii wajjin galuu isaa.

Qoqqoodama Kitaaba Seera Ba'uu

Kitaabni seera ba'uu bakka gurguddaa 4tti qoodama. Isaanis,

1. Ittiin lixa
 - a. Eebbaa fi gadi qabamuu israa'elootaa
 - b. Namni israa'eliin mana garbummaatii baasu argamuu isaa
2. Waaqayyo israa'elootabiyya garbummaatii baasuu isaa
 - a. Namni israa'eliin biyya gibxiitii baasu waamamuu isaa
 - b. Geggeessituun kun ifatamuu isaa
 - c. Israa'eliin biyya gibxiitii baasuuf yaalii gochuun isaa ba'aa isaanitti ulfaachisuu isaa
 - d. Addummaa geggeessituu sanaa
 - e. Dha'ichawwan biyya gibxii irratti dhufan.
3. Kakuu tulluu siinaa
 - a. Kakuun dhaabbachuu isaa
 - b. Humnaan mul'achuu waaqayyoo
 - c. Sabni israa'elsoda guddaadhaan guutamuu isaanii
 - d. Kitaaba kakuu
 - e. Kakuun sun kan hin jijjiiramnee fi kan raawwatu ta'uu isaa
4. Geggeessitoota israa'el
 - a. Qajeelfama geggeessitootaaf kenname
 - b. Waaqayyo irratti ka'uu isaanii
 - c. Hundeeffamuu toora geggeessitootaa

Seera Lewwootaa(Leviticus)

Lewwoota

Jechi lewwootaa jedhu maqaa ijoollee yaaqoob keessaa lewwii isa jedhamu irraa kan dhufe yoo ta’u, lewwootni immoo sanyii lewwii jechuudha. Jechi kun yeroo jalqabaatiif afaan girikiitti yommuu hiikamu “*Relating To The Levites*” jechuu ta’a. Hiikni isaa warra lewwootaa wajjin wal qabsiisuu jechuudha. Afaan ibrootaatti immoo “*Wayyiqra*” jecha jedhuun bakka buufama. Hiikni isaas “*and he Called*”Jechuudha. “*He*”innijedhu immooLord isa jedhuuf dhaabbata. Gara afaan oromootti yommuu jijjiiramutti, “*isa inni waame*” yookaan “*isa gooftaan waame*” jechuu ta’a.Lewwiin jalqabatti maqaa ilmaan yaaqoob keessaa tokko ta’ee, booddee immoo maqaa qomoowwan israa’elkeessaa tokko ta’e jechuudha.

Qomoo Lewwii

Qomoon lewwii egaa sanyii fi hortee ijoollee lewwiiti. Isaan bara jireenya isaanii hundumaatti lubummaadhaan iddoo aarsaa isa kan waaqayyo gooftaa keessa akka hojjetaniif warra qomoowwan 12’n keessaa addaan baafamanii fo’amaniidha. Isaan kun luboota mana qulqullummaa jedhamu. Kakuu bara baraan sanyiidhaan iddoo aarsaati hojjechuus gooftaa biraa qabu.Isaan qomoo fo’amoo jedhamaniis ni waamamu. Qomoon lewwootaa israa’eloonni attamitti waaqayyoof qulqullaa’uu akka qabanii fi attamitti qulqullummaadhaan akka isa waaqessan kan ibsaniidha. Ibsi kunis jireenya isaanii guyyaa guyyaatiin kan mul’atuudha jechuudha.

Kitaaba Seera Lewwootaa

Kitaabni kun guutummaatti jireenya lewwootaa irratti kan xiyyeeffatu ta’a. Akkasumas seera isaniif kenname, guutummaa waldaa israa’eliifis kan kenname irratti fuuleffata jechuudha.

Kan barreesse- museeta’a jedhamee tilmaamama.

Barri inni itti barreeffame- 1446-1406 Dh.K.Dakka ta’etti yaadama.

Kan barreeffameef- saba warra waaqayyo fo’ate, israa’elootaaf.

Qabiyyee isa: israa’eloonnitulluu siinaa jalatti qajeelfamaa fi seerota itiin

Waaqayyoof namoota dhuunfaa isaatii ta’anii jiraatan isa harkaa fudhachuu isaanii bal’inaan kan ibsuudha.

Qabiyyeewwan Walii Gala Kitaaba Seera Lewwootaa

Kitaabni seera lewwootaa bakka gurguddaa 6 tti qoqqoodama. Isaanis:

1. Gosoota aarsaa shanan [1-7]
 - a. Aarsaa gubamee dhiyaatu [1]
 - b. Aarsaa ykn kennaa midhaanii [2]
 - c. Aarsaa gurmaa'ee yeroo yerootti iti fufee dhiyaatu [3]
 - d. Aarsaa sababbii cubbuutiif dhiyaatu [4:1-5:13]
 - e. Aarsaa sababbii yakkaatiif dhiyaatu [5:14-6:7]
 - f. Seerota aarsaa ittiin dhiyeessan [6:8-7:38]
2. Tajaajila aaronii fi ijoollee isaatii [8-10]
 - a. Aaronii fi ijoollee isaa [8]
 - b. Tajaajila aaron [9]
 - c. Du'a naadaabii fi abiwuu, warra bakka isaanii bu'an [10]
3. Wantoota qullaa'oo fi qullaa'oo hin taane [11-15]
 - a. Nyaata qulaa'aa fi qullaa'aa hin taane(11:1)
 - b. Yemmuu mucaan dhalattu seera ittiin qulleessan(12:1)
 - c. Seera dhukkuba lamxii (13:9)
 - d. Seeralimxii uffata irratti argamuu [13:47-59]
 - e. Seera ittiin dhukkuba lamxiitii qulqullaa'an(14:1)
 - f. Wantoota nama xureessan(15:1)
4. Guyyoota ayyaanaa waggaa keessa [16]
5. Jireenya qulqullummaa [17-26]
 - a. Dhiiga akka hin nyaanne dhowwamuu isaanii(17:1)
 - b. Wal quunnamtii saalaa seeraan alaa(18:1)
 - c. Seerota ittiin qulqullaa'an kanneen adda addaa(19:1)
 - d. Adaba cubbuu(20:1)
 - e. Seera lubootaaf kenname(21:1)
 - f. Aarsaa fudhatamuu danda'uu fi fudhatamuu hin dandeenye(22:1)
 - g. Guyyoota ayyaanaa waggaa keessa jiran(23:1)
 - h. Seera dhadhaa ejersaa fi buddeenaa(24:1)
 - i. Adaba [24:10-23]
 - j. Seera sanbataa fi raacitii [25]
 - k. Kakuu eebbaa fi abaarsaa [26]
6. Seera aarsaa addaan ba'e ittiin gooftaadhaaf dhiyeessan [27].
Boqonnaa fi lakkoofsota Kitaaba seera lewwootaa

Seera Lakkoofsaa (Numbers)

Maqaan Kitaaba kanaa jecha afaan girikii *Septuagint* jedhu irraa dhufe.

Ibsi Kitaaba kanaa

Bal'inaan kan inni irratti xiyyeeffatu:

1. Turtii israa'eloonni lafa onaa keessa turan irratti ta'a.
2. Sabni warri inni biyya garbummaatii baase waaqayyo irratti ka'uu isaanii fi isa irratti guungumuu isaanii,
3. Guutumma ibsa adeemsa israa'elootaa isa tulluu siinaatii hamma tulluu moo'aabitti ta'e kan ibsu ta'a.

Kitaaba seera lakkoofsaa yemmuu ilaalle:

Kan barreesse- museedha jedhamee tilmaamama.

Museen barreessuu isaatiif ragaa kan nuuf ta'an jedhamanii yaadaman

- a. Boqonnaa 33:1-2, ba'uu 17:14, 24:4, 34:27-28
- b. Kitaabota pentateuch 5'n keessaa tokko ta'uu isaa

Bara- 1446-1406 Dh.K.D barreesse jedhamee amanama.

Kan barreeffameef- saba waaqayyo fo'ate, saba israa'eliif.

Qabiyyee giddu galeessaa- israa'eloonni biyya kana'aanitti galuu kan hin

Barbaanne ta'uu isaanii, dhaloonni israa'elwarri biyyicha dhaaluuf jiran waggaa 38 lafa onaa keessaa rakkachuu isaanii fi warri didee waaqayyo irratti ka'e hundumtuu lafa onaa keessatti dhumuu isaanii

Kitaabni seera lakkoofsaa bakka gurguddaa 6 tti qoodama. Isaanis,

1. Israa'eloonnitulluu siinaatti biyya itti galuuf jiran sanaaf seerotaa fi abboommota fudhachuu isaanii [1:1-10:10]
 - a. Seerota qomoowwaniif kennaman [1-4]
 - b. Seerota qulqullummaa namootaatiif kenname [5:1-10:10]
2. Adeemsa siinaadhaa gara qaadeeshitti taasisan [10:11-12:16]
 - a. Adeemsa eegaluu isaanii [10:11-36]
 - b. Israa'eloonniadabamuu isaanii [11]
 - c. Aaroonii fi miiriyaam musee irratti ka'uu isaanii [12]
3. Israa'eloonniwaan waaqayyo irratti ka'aniif qaadeeshiin turuu isaanii [13:1-20:13]
 - a. Gaaddota 12'n [13]
 - b. Sabni israa'eloduu gadhee dhaga'ee waaqayyoo irratti guungumuu isaa [14]
 - c. Seerota guyyaa sanbataa fi seerota aarsaa [15]

- d. Qoraahii fi daataan musee irrati ka'uu isaanii [16]
- e. Uleen aaron latuu isaa [17]
- f. Hojiiwwan lubootaa fi leewwotaaf kenname [18]
- g. Bishaan ittiin of qulleessan [19]
- h. Museen waaqayyoon gaddisiisuu isaa [20:1-13]
- 4. Qaadeeshii ka'anii hamma tulluu moo'aabitti adeemuu isaanii [20:14-21:1]
 - a. Warri edoom israa'eliin karaa dhowwachuu isaanii [20:14-21]
 - b. Du'a aaron [20:22-29]
 - c. Aaraad mootichii fi biyyi isaa barbadeeffamuu isaanii [21:11-3]
 - d. Bofa sibiila boorrajii [21:4-9]
 - e. Adeemsa gara biyya moo'aab [21:10-20]
 - f. Sihoo fi oogiin mo'uu isaanii [21:21-35]
 - g. Moo'aabitti ce'uu isaanii [22:1]
- 5. Israa'eloonnitulluu moo'aab irra turuu isaanii [22:2-32:42]
 - a. Baalaaqii fi bala'aam [22]
 - b. Bala'aam israa'eliin eebbisuu isaa [23-24]
 - c. Gowwomfamuu israa'elootaa [25]
 - d. Lakkoofsa sabaa isa lammaffaa [26]
 - e. Dhaloota warra haaraadhaaf qajeelfamnii fi abboommiin kennamuu isaa [27-30]
 - f. Seerootaa fi abboommi adda addaa [31]
 - g. Lafa qabachuu jalqabuu isaanii [32]
- 6. Wantoota addaa addaatiif seera kennuu isaa fi gudunfaa [33-36]
 - a. Akkaataa itti israa'eloonniiddoowwan buufataa adda addaa buufachaa adeemaa turan [33]
 - b. Biyya kakuu [34-35]
 - c. Dhaala dubartootaa [36]

Seera Keessa Deebii(Deuteronomy)

Kitaabni kun afaan ibrootaatti “*Elleh Haddebarim*” jedhama. Hiikni isaas “*These Are The Words*” jechuudha. Afaan oromootti immoo *Keessa Deebii Seerotaa* jedhamuudhaan beekama.

Debbarin- jechoota

Deuteronomy- keessa deebii seerotaa

Koppii seerotaa jechuudha.

Ergaa isaa

Dhaloonni haaraan warri biyya kakuu sanatti galanii jiraachuuf jiran seera fi abboommii waaqayyo museetti kennee ture hundumaa akka beekanii fi akka itti jiraataniif isaan barsiisuuf kan barreeffameedha.

Barri –tilmaamaan naannoo bara 1406 Dh.K.D

Kan barreesse- musee fi nama biraa tokko jedhamee yaadama.

Ragaawwan:

- a. Macaafichi ni dubbata > boqonnaa 1:1, 31:24
- b. Gooftaan yesuusis dubbateera > maatewoos 19:7-8, maarqos 10:3-5
- c. Pheexiroos dubbateera > hojii ergamootaa 3:22-23
- d. Hisxifaanos dubbateera > hojii ergamootaa 7:37-38
- e. Phaawuloos dubbateera > roomaa 10:19

Qabiyyee isaa:

- Turtii musee fi israa’eloonni daarii mo’aab turan.
- Bakki isaan turan sun bakka itti galaanni yordaanos galaana diimaatti itti dabalamu ta’uu isaa (1:1)
- Museen geggeessituu israa’el taasisee iyyaasuu bakka ofii isaatii buusuu isaa.
- Museen biyya kana’aanitti akka isaan galaniif isaan qoqopheessuu isaa.
- Kakuu fi abboommiiwwan isaan yaadachiisuu isaa

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaabni seera keessa deebii bakka gurguddaa ja’atti qoodama. Isaanis:

1. Ittiin lixa yaadachiisaa [1:1-5]
2. Wantoota karaa irratti dabarsaa turan yaadachiisuu isaa [1:6-4:43]
3. Kakuuwwan israa’el [4:44-26:19]

- a. Abboommiiwwan warra gurguddoo [4:44-11:32]

I. Gooftummaa waaqayyoo [4:44-5:33]

II. Abboommii isa caalu [6]

- III. Kana'aaniin qabachuuf qophaa'uu isaanii [7]
- IV. Gorsa biyya kakuu keessa ittiin jiraatan [8]
- V. Abboomamuu diduu israa'el [9:1-10:11]
- VI. Museen abboommii kenname isaaniif dubbisuu isaa [10:12-11:32]
- b. Wantoota israa'eloota irraa barbaadaman [12-26]
 - I. Akkaataa itti qulqullummaadhaan jiraatan [12:1-16:17]
 - II. Geggeessitoota waldaa waaqayyoo [16:18-21:21]
 - III. Mootummaa waaqayyoo fi qulqulluu ta'uu isaa [21:22-25:19]
 - IV. Waaqayyo fayyisaa ta'uu isaa [26]
- 4. Abboommii, eebbaa fi abaarsa [27-30]
- 5. Akka seera kennameetti iyyaasuun geggeessaa musetti darbuuf qopheeffamuu isaa [31-34]
 - a. Geggeessummaatti wal daddabarsuu [31:1-29]
 - b. Faarfannaa musee [31:30-32:47]
 - c. Eebba musee [32:48-33:29]
 - d. Du'a musee fi geggeessituu ta'uu iyyaasuu [34]

Kitaabota Seenaa(Historical) Kudha Lamaan(12)

Kitaabota kakuu moofaa keessatti Kitaabota seenaa kan jedhaman kudha lama.Kitaabota kanneen qabiyyee isaa yemmuu ilaallu

- Seenaa saba israa'elootaa
- Gaggeessummaa iyyaasuu,abbootii murtii,moototaa israa'elootaa fi kkf kan dubbatu waan ta'eef Kitaabota seenaa jedhaman.isaanis tokko tokkoon yemmuu ilaalle

- 1) Kitaaba Iyaasuu
- 2) Kitaaba Abbootii Murtii
- 3) Kitaaba Ruuti
- 4) Kitaaba Saamu'eel Isa Duraa
- 5) Kitaaba Saamu'eel Isa Lammaffaa
- 6) Kitaaba Mootota Isa Duraa
- 7) Kitaaba Mootota Isa Lammaffaa
- 8) Kitaaba Seenaa Baraa Isa Duraa
- 9) Kitaaba Seenaa Baraa Isa Lammaffaa
- 10) Kitaaba Izraa
- 11) Kitaaba Nahimiyaa
- 12) Kitaaba Asteer

Iyyaasuu(Joshua)

Iyyaasuun nama sanyii efreem, maqaan isaa hooshe'aa jedhamuudha. Hiikni maqaa kanaas **Fayyina** jechuudha. Seera lakkoofsaa 13:8. Museen gaaddota qomoowwan kudha lamaan keessaa nama bakka bu'ee deemee kana'aaniin gaaduu danda'u yommuu filetti, iyyaasuun qomoo efreem bakka bu'ee filatame, yommuu museen maqaa isaa hooshe'aa irraa gara iyyaasuutti jijjiire. Lak 13:16. Iyyaasuu jechuun immoo **Gooftaan Fayyisaadha** yookaan immoo **Gooftaan Moo'icha Kenna** jechuudha.Inni nama hafuura waaqayyootiin guutamee fi waan hundumaatti nama waaqayyotti amanu ture. Seera lak 27:18 Inni biyya gibxiitti waan dhalateef mukummaa isaatti jireenya garbummaa biyya gibxi isa hadhaa'aa sana jiraatee nama argeedha. Dinqiiwwan waaqayyo israa'eloota gidduutti karaa irratti hojjechaa ture hundumaas sirriitti beeka, argaa waan tureef jechuudha. Utuma ofii isaatii geggeessaa ta'ee jiruu iyyuu museen yommuu israa'eloonni amaaleqoota lolanii barbadeessanitti iyyaasuu kana ajajaa loltoota israa'el godhee ergee ture. Bau 17. Iyyaasuun kun gargaartuu musee waan tureef musee wajjin tulluu qulqullaa'aatti ol ba'uuf namni eyyama argate isa qofa ture. Bau24. Yommuu museen gara dankaana

itti wal ga'anii waaqayyoo wajjin dubbachuudhaaf dhaquttis kan dhaabbatee ilaalu iyyaasuu qofadha. Bau 33.Iyyaasuun yemmuu gaaddota erguudhaaf qomoowwan israa'el keessaa nama tokko tokko filanitti qomoo isaa efreemiin bakka bu'ee filatameera. Gaaddota sana keessaa iyyaasuu fi kaaleb isa qomoo yihuudaa bakka bu'ee filatame qofatu seera waaqayyoo duukaa bu'e.Iyyaasuun hojii museetti darbee saba israa'el biyya kakuu sanatti akka isaan galchuuf waaqayyotu isa fo'ate.Kes 29 kanaaf iyyaasuun israa'eloota biyya kakuutti isaan galchee akka abboommii waaqayyootti dhaala waaqayyo isaaniif kenne israa'elootaaf hireera.

Iyyaasuun Israa'elootaaf Dhaala Hiruu Isaa:

Sabni israa'el biyya gibxii ba'anii erga karaa turanii booda, bakkaa bakkatti buufachaa; tilmaamaan naannoo bara 1230 Dh.K.Dtti biyya kana'aan qubatan. Bara kanatti iyyaasuun biyya sana dhaala godhee isaaniif hiree waliin ga'e. Kunis waggaa 30 kan ta'u itti fudhateera jedhama. Hamma iyyaasuun geggeessaa turettis sabni saba israa'el dura dhaabbachuu danda'u hin argamne.

Kitaaba Iyyaasuu

Akka barreessitoonni tokko tokko jedhanitti Kitaabni iyyaasuu kun ta'iiwwan sun hundumtuu ta'ee hamma gaafa waggaa 800tti hin barreeffamne jedhama. Garuu yeroodhuma ta'iiwwan sun ta'aa turanitti iyyaasuudhumaan kan barreeffame ta'uun isaa hin oolu. Akka barreessitoonni warra yihuudotaa jedhanitti, guutummaan Kitaaba iyyaasuu kan barreeffame iyyaasuudhaan yoo ta'u, ta'iin inni gara dhumaa qofti nama kan biraadhaan itti dabalameera jedhu. Namni kunis alaazaar ilma aaron ta'a jedhu.Yaada iyyaasuutu barreesse jedhuuf ragaa ta'uu kan danda'an:

- Iyyaasuun ofii isaatii israa'eliin qubachiisuu fi dhaala isaaniif hiruu isaa [18:8]
- Iyyaasuun waaqayyoo fi israa'eloota gidduu galee kakuu sana saba israa'eliif haareessuu isaa [24:25]
- Yommuu Kitaaba kana barreessa turetti jechoota “nuuti” jedhu fayyadamaa barreessuu isaa [5:1 fi 6]
- Barreessichi maqaawwan magaalota warra israa'eloonni lolanii qabatan sanaa hundumaa beekuu isaa

Karaa biraa immoo nama kan biraatu barreesse yaada jedhuuf ragaa guddaa kan ta'u:

- Waa'ee Kitaaba isa yaashaar jedhamuuti. Gaafa biiftuun fi ji'i dhaabbatanii iyyaasuu dhaggeeffatanitti seenaa ta'e sana kan qabatu Kitaaba warra qajeelotaa jechuudha. Kanaaf bakka kanatti Kitaabni iyyaasuu bara baay'ee booddee kitaabota madda ta'an fayyadamuudhaan waan namni kan biraan barreesse fakkaata.
- Alaazaar ilmi aaron lubichaa Kitaaba kana barreessee, saamu'eel immoo gulaalaature kan jedhanis jiru.
- Haa ta'u iyyuu malee waa'ee barreessaa Kitaaba kanaatiif barreessitoonni hedduun waliin galuu baatanis tarii iyyaasuutu barreesse ta'a jedhamee tilmaamama.

Barreessaan-Iyyaasuu fi alaazer ilma aaron jedhamee yaadama.

Kan barreeffame- Tilmaamaan naannoo 1390 Dh.K.D

Qabiyyeen giddu galeessaa- Iyyaasuun kana'aanota biyya dhaala kakuu

Israa'el keessatti lolee isaan mo'uu isaa

Kan inni barreeffameef- Saba warra waaqayyo fo'ate, saba israa'eliif.

Qabiyyee walii galaa- Israa'eloonni biyya dhaala kakuu isaanii isa biyya

Boqonnaa, biyya aannaniif dammaa turetti galuu isaanii fi keessa jiraachuu isaanii

Kitaabni Kun Hojiiwwan Qaamota Sadiin Hojjetame Kan Ibsuudha. Isaanis:

- a. Waaqayyo
- b. Iyyaasuu
- c. Israa'eloota (seenaa gara dhumaa)

Kitaaba iyyaasuu bakka gurguddaa 4 tti qoqqoodnee qayyabanna. Isaanis:

1. Sabni israa'el biyya kakuutti galuu isaanii [1:1-5:12]
 - a. Moo'icha israa'eloonni argatan [1]
 - b. Jijjiguu yarikoo [2]
 - c. Laga yordaanos ce'uu isaanii [3-4]
 - d. Gilgaalitti dhaqna qabamuu isaanii [5:1-12]
2. Biyyicha qabachuu isaanii [5:13-12:24]
 - a. Saba biyya sanaa waliin wal loluu isaanii [5:13-8:35]
 - b. Biyya gara harka mirgaa (kibbaa) qabachuu isaanii [9-10]
 - c. Biyya gara harka bitaa (kaabaa) qabachuu isaanii [11]
 - d. Mootota kana'aan warra qabaman [12]

3. Lafti hiramuu isaa [13-21]
 - a. Biyya hin qabamin jiru [13:1-7]
 - b. Biyya naannoo yordaanos isa museen qomoowwan israa'el abdachiisee ture [13:8-33]
 - c. Biyyi kana'aan hiramuu isaa [14-19]
 - I. Ittiin lixa [14:1-5]
 - II. Biyyoota lamaan kaaleebiif kennaman [14:6-15]
 - III. Biyyoota sanyii yihuudaa fi sanyii yooseefiif kennaman [15-17]
 - IV. Dhaala qomoo beeniyaam, simoon, zebiloon, yisaakoor, aasheer, niftaalemii fi daaniif kenname [18:1-19:48]
 - V. Malaagaa iyyaasuudhaaf kenname [19:49-51]
 - d. Magaalota qomoo lewwootaatiif kennaman [20-21]
 - I. Magaalota 6'n warra kooluu itti galan [20]
 - II. Magaalota 48 warra lubootaa fi lewwootaaf kennaman [21]
4. Gudunfaa: gooftaa wajji hariiroo gaarii qabaachuu fi isaaf abboomamuu [22-24]
 - a. Dhuga ba'umsa laga yordaanos [22]
 - b. Iyyaasuun seerotaa fi abboommiiwwan isaan yaadachiisuu isaa [23]
 - c. Iyyaasuun sheekeemitti seerotaa fi abboommiiwwan isaaniif haareessuu isaa [24:1-28]
 - d. Iyyaasuun du'ee awwaalamuu isaa [24-29-33]

Kitaaba Abboota Murtii(Judges)

Kan barreesse- saamu'eel jedhamee yaadama.

Bara barreeffamaa:tilmaamaannaannoo 1000 Dh.K.D

Kan inni barreeffameef- saba waaqayyoo israa'elootaaf.

Kaayyoon isaa- ibsa biyya kakuutti galuu israa'elootaa fi geggeessaa abbootii murtii gooftaan isaaniif kaasaa ture.

Kitaabni abboota murtii israa'el seenaa geggeessaa abbootii murtii warra xumura bara iyyaasuu irraa eegalanii hamma bara mootummaan israa'eliif dhaabbatuu fi hamma mootiin isaaniif moosifamuutti warra saba sana geggeessaa turaniidha. Akkaataan ka'umsa isaaniis 2:16 irratti sirriitti ibsamee jira. Kanaafuu ka'uu

abbootii murtiitiif sababni guddaan nama isaan dura bu'ee guyyaa duulaatti isaan geggeessuu fi murtiis kan isaaniif kennu, akkasumas seerotaa fi abboommota waaqayyootiin akka isaan jiraataniif nama isaan eegu waan isaan barbaachiseef ture. Kanaaf abbootiin murtii hamma bara mootiin israa'el keessaa ka'ee muudamuutti itti wal jijjiiruudhaan saba israa'el geggeessaa turaniiru. Abbootiin murtii kunis kanneen armaan gadii kana ta'u:

Abbootii Murtii

1. Otini'eel ilma qeenaz obboleessa kaaleb isa quxisuu
Mootii meesoophotaamiyaa ishee dur aram naharaayin jedhamtuu lolee mo'e. Maqaan isaas kushaan-rishaataayin jedhama. Inni waggaa 8 israa'eliin garboomfatee ture. [waggaa 40 geggeesse]
2. Ehud
Egloon mootii moo'aab isa waggaa 7 saba israa'el garboomfate waraanee ajjeesuun saba isaa luba baase. [waggaa 80 geggeesse]
3. Shamgaar
Filisxeemota 600 ajjeesee israa'eloota harka isaanii jalaa baase.
4. Diboora
Yaabiin mootii kana'aanii fi ajajaa waraana isaatii siiseeraa ajjeesifte. Kan dibooraadhaaf ergames loltuu jagna baaraak jedhamuudha.
5. Geediwoon
Warra miidiyaan rukutee israa'eloota harka isaanii jalaa baase. Warri miidiyaan kun israa'eliin waggaa 7'f garboomfataniin turan.
6. Abiimeelik ilma geediwoon
7. Toolaani fi yaa'iir
8. Yiftaa gili'aadicha [waggaa 6 geggeesse]
9. Ibzaa nama beetaliheem [waggaa 7 geggeesse]
10. Eloon nama zebiloon [waggaa 10 geggeesse]
11. Abdoon ilma hiilel phiiraatoonichaa [waggaa 8 israa'eliin geggeesse]
12. Samsoon ilma mano'aa naman biyya zoraa sanyii daan [waggaa 20 geggeesse]
13. Luba eelii

Haalaa fi Bara Barreeffama Kitaabichaa

Barreessaan Kitaabichaa akka seenaa Kitaaba qulqulluu isa baroota hedduu duraatti saamu'eel. Haa ta'u iyyuu malee gara xumura bara

abbootii murtiitti saamu'eelis immoo abbaa murtii saba sanaa waan tureef tarii kan barreesse nama kan biraa maqaan isaa hin beekaminiidha kan jedhan ni jiru. Sababni isaa saamu'eel kun abbaa murtii haa ta'u iyyuu malee akkuma raajota israa'el kanneen akka naataan, gaad fi raajota bara abbootii murtii keessaa isa tokko waan tureef.

Kitaaba kana warri gulaalan [1seenaa 29:29]

- Naataan raajicha bara daawwit
- Gaad
- Saamu'eel

Barri itti Kitaabni kun akka Kitaabaatti qiqindatee barreeffame sirriitti beekamaa miti. Haa ta'u iyyuu malee erga mootummaan israa'eliif hundeeffamee ta'uun isaa amansiisaadha. Ragaa kan nuuf ta'u immoo barreessaan Kitaaba kanaa “yeroo sana israa'eloonni mootii hin qaban turan” jechaa ture. Abbootii murtii 17:6, 18:1, 19:1, 21:25. Caqasni inni 1:21 irraa “yibuussonni amma iyyuu magaalaa yeruusaalem qabatanii jiru” jedhu immoo bara daawwit dura ta'uu isaa kan mul'isuudha (1000 Dh.K.D) Boqonnaa 17-21 tti immoo bara daawwit keessa magaalaa sunii fi biyyi sun guutummaatti ijaaramtee akka dhaabamte ibsuuf karaa namaaf laate. Guutummaan ibsa Kitaaba kanaa waa'ee guyyoota lolaa fi rakkinaa fi wal'aansooti. 1 mootota 6:1 irraa akka argannutti barri abboonni murtii biyya israa'el geggeessaa turan [biyya gibxii ba'uu isaaniitii eegalee] hamma waggaa 4^{ffaa} mootummaa solomoonitti waggoota 480 kan fudhate akka ta'e ni argina. Barri itti isaan biyya gibxii keessaa ba'an 1446 Dh.K.D waan tureef, hamma bara 1380 Dh.K.D tti musee fi iyyaasuun kan geggeessan yoo ta'u, bara 1380 Dh.K.D eegalee hamma muudama saa'ol mootii israa'el isa jalqabaatti [1050 Dh.K.D] abboonni murtii biyya israa'el geggeessaniiru. Barri kunis waggaa 330 ta'a jechuudha. Yiftaan immoo mootii warra amooniif yommuu deebii kennutti “sabni israa'el mandaroota warra aro'er fi heshboon keessa, mandaroota qarqara aarnoon jiran hundumaa keessas waggaa 300 jiraataniiru” jedhe. Kunis turtii baroota abbootii murtii kanaa nuuf mirkaneessa. Kanaafuu walumaa galatti sabni israa'el 1210 Dh.K.D biyya kana'aan qabatan jechuudha.

Qoqqoodama Kitaaba Abbootii Murtii

Macaafichi bakka gurguddaa 3tti qoodamuu ni danda'a. Isaanis:

1. Ittiin lixa [1:1-3:6]
 - a. Sabni israa'el biyya kakuu qabachuu isaanii [1:1-2:5]
 - b. Israa'eloonni saba naannoo sana jiraatan lolanii qabachuu isaanii [2:6-3:6]
2. Qaama Kitaabichaa

Waaqayyo saba israa'eliif moo'icha guddaa kennuu isaa fi cubbuu israa'elootaa [3:7-16:31]

 - a. Geggeessaa ootini'eel [3:7-11]
 - b. Ehuud mo'aabota mo'uu isaa [3:12-30]
 - c. Shamgaar [3:31]
 - d. Dibooraan mootii kana'aan injifachuu ishee [4-5]
 - e. Geediyoon warra miidiyaan mo'uu isaa [6-8]
 - f. Abiimeelik [9]
 - g. Tolaamii [10:1-2]
 - h. Yaa'iir [10:3-5]
 - i. Yiftaa [10:6-12:7]
 - j. Ibzaa [12:8-10]
 - k. Elooon [12:11-12]
 - l. Abdoon [12:13-15]
 - m. Samsoon [13-16]
3. Gudunfaa

Waaqolii saba ormaaf hojjechuu saba israa'el [17-21]

 - a. Kutaa jalqabaa [17-18]
 - I. Miikaan waaqolii tolfamoodhaaf galma ijaaru isaa [17]
 - II. Gosi daan biyya dhaala isaanii qabachuu isaanii [18]
 - b. Kutaa lammaffaa [19-21]
 - I. Cubbuu warra giibe'aa [19]
 - II. Qomoon beeniyaam saba israa'el keessaa balleeffamuu isaanii [20-21]

Kitaaba Ruut(Ruth)

Ruuti Gara Biyya Israa'el Dhufuu Ishee

Yeroon isaa bara abbootii murtii keessa [1380-1050] keessa. Namichi maqaan isaa eliimeelik jedhamu tokko ture. Hiikni maqaa isaatii “waaqayyo mootiidha” jechuudha (abbootii murtii 8:23). Inni nama efraataa [naannoo beetaliheem 4:11, uum 35:19, 1saam 17:12, mik 5:2], magaala beetaliheem jiraatuudha. Beetaliheem jechuun mana nyaanni keessa jiru jechuudha. Maqaan haadha manaa isaatii naa’oomii jedhamti. Hiikni maqaa isheetii “ayyaana qabeettii” jechuudha. Ijoollee dhiiraa 2 qaba. Maqaan ijoollee kanaa maahiloonii fi kiliyoon turan. Maahiloon jechuun “nama dadhabaa yookaan dhukkubsataa” jechuudha. Kiliyoon jechuun immoo “nama fayyaa hin qabne” jechuudha. Maatiin sun haala hamaa keessa waan turaniif yaadannoo rakkina isaaniitiif jecha maqaa ijoollee isaanii akkaataa kanatti moggaasani. Bara sana keessa biyya israa’elitti beelli bu’ee ture. Namichi kunis maatii isaa fudhatee gara biyya moo’aabitti sokke. Utuu baay’ee hin turinis biyya sanatti du’e. Naahomiin immoo ijoollee ishee durboota warra mo’aab fuusifte. Maqaan durboota kanaa orphaa fi ruut turan. Ruut haadha manaa maahiloon turte (4:10). Qomoowwan israa’eliif yeroo abboommiin fuudhaa fi heerumaa kennametti moo’aabota akka isaan hin fuuneef hin dhowwine. Kanaaf namni moo’aab tokko dhaloota 10 booda wal ga’ii israa’elitti miseensa guutuu ta’ee dabalammuu ni danda’a (kes 23:3). Biyya sana erga deemanii gaafa waggaa 10 ijoolleen naahomii lamaan haadha manaa isaanii dhiisanii dudu’an. Kana gidduutti beelli biyya israa’el irraa ni ka’e. Kanaaf naahomiin biyya isheetti deebi’uuf kaate. Orphaan amaatii isheetti nagaa dhaamtee biraa in deebite. Ruut garuu deebi’uu diddee naahomii wajjin gara biyya israa’el dhufte. Biyyichatti erga galtees aantii naahomii isa ruutiin fuudhuu danda’u, maqaan isaa boo’aaz kan jedhamtutti ishee heerumsiisan.

Ruut abbaa manaa erga argattee ulfooftee mucaa ilmaa in deesse. Maqaa isaas yooheed jedhanii in moggaasan. Hiikni isaa akka haasawaa naannoo efiraataatti “ilmi dhalateera” jechuudha. Yooheed abbaa issey ta’e, issey immoo abbaa daawwit mooticha israa’el isa guddaati.

Ruuti

Ruut durba warra moo’aab turte. Isheen akkoo daawwit mooticha israa’el isa guddaati. Hiikni maqaa ruut afaan ibrootaatti yommuu

hiikamu “michummaa” jechuudha. Dubartoota 5’nan wangeela maatewoos keessaa hidda dhaloota yesuus keessatti argaman keessaa ruut kun ishee tokko. Dubartoonni kunneen:

- Taamaar
- Rahaab
- Baatsheebaa
- Maariyaam

(maatewoos 1:3-16)

Kitaaba Ruuti

Kan barreesse- saamu’eel akka ta’eetti tilmaamama.

Barri isaa 1010 Dh.K.D erga daawwit aangoo qabatee booda barreesse jedhamee yaadama.

Kan inni barreeffameef- saba israa’eliif.

Qabiyyeen giddu galeessaa isaa- ruut intalli warra moo’aab biyya israa’el keessatti bara abbootii murtii keessa amantii guutuu waaqayyotti amanuudhaan fakkeenya gaarii ta’uu ishee.

Kitaabni ruut bara nagaadhaan biyyi israa’elii fi mo’aab walii wajjin jiraachaa turan kan ibsuudha. Kitaaba ruut namni barreesse beekamaa miti. Akka barreeffama yihuudotaatti immoo saamu’eelitu barreesse jedhama. Haa ta’u iyyuu malee saamu’eel ta’uu dhabuu ni danda’a. Ragaa: ibsa waa’ee daawwit Kitaaba ruut 4:17-22 yoo fudhanne, barreessaan Kitaaba kanaa daawwit booda ta’uu akka qabu nu hubachiisa. Akkanumas akkaataan barreeffama Kitaaba kanaa sirna barreeffama abbootii murtii fi monaarkii israa’elootaatiin waan barreeffameef, bara mootonni monaarkiidhaan bulchaa turan keessa namni kan biraan macaficha barreessuu hin oolle. Akka ibsi Kitaaba ruut jedhutti dubartoonni moo’aab warri israa’elitti dabalamanii carraa isaan wajjin jiraachuu argatan nama kam iyyuu caalaa jaalala waaqayyoo calaqqisiisaa turaniiru. Isaan keessaa kan ruut immoo isa ol aanaadha. Jaalalli ruut amaatii ishee argisiiftee ishee wajjin gara biyya israa’el dhufte, lammii israa’el ishee jaallatamtuu akka isheen taatuuf, akkanumas dhaaltuu sanyii mooticha daawwit taatee akka isheen haatuuf ishee gargaareera. Sanyiin daawwit kun immoo sanyii bara baraan teessoo irraa hin dhabamneedha.

Walumaa galatti Kitaabni ruut kun seenaa naahomii guutummaatti kan ibsu ta’a. Kana keessattis naahomiin yeoo tokko maatii ishee

dhabdee, gara abdii dukkanaa'aatti darbuudhaan jireenyi ishee itti hadhaa'ee ture. Booda irratti garuu waaqayyo waaqa irraa ruut fi boo'aaz isa ruutiin fuudhe waan eebbiseef naahomiidhaaf haara'umsi guddaan ta'ee ture. Isheen duwwummaa keessaa gara guutummaatti jijjiiramte. (1:21, 3:17) Macaafichi seenaa haala ibrootaa gaariidhaa fu miidhagaadhaan qindeeffamee barreeffame jedhamaa ture.

Walumaa galatti qabiyyee isaa irratti hundaa'uudhaan Kitaabni ruut bakka 7 tti qoodama. Isaanis:

1. Ittiin lixaa fi naahomiin harka duwwaatti hafuu ishee [1:1-5]
2. Naa'oomiin gara biyya israa'elitti deebi'uu ishee [1:6-22]
 - a. Ruut maatii naahomii ta'uu ishee [1:6-18]
 - b. Ruutii fi naahomiin gara beetaliheem dhufuu isaanii [1:19-22]
3. Ruutii fi boo'aaz maasii midhaanii keessatti wal arguu isaanii [2]
 - a. Ruut qarmii bu'achuu ishee [2:1-7]
 - b. Faara boo'aaz ruutitti argisiise [2:8-16]
 - c. Ruut qarmiidhaa galuu ishee [2:17-23]
4. Naahomiin ruutiin gara boo'aazitti deebiftee erguu ishee [3]
 - a. Qajeelfama naahomiin kennite [3:1-5]
 - b. Ruut miilla boo'aaz jala ciisuu ishee fi deebii moo'aab [3:6-15]
 - c. Ruut gara naahomiitti deebi'uu ishee [3:16-18]
5. Boo'aaz ruutiin fuudhuu isaa [4:1-12]
 - a. Aantii dhiyoo naahomii [4:1-8]
 - b. Boo'aaz dhaala naahomii bitatee ruutiin fuudhuu isaa [4:9-12]
6. Xumuraa fi haara'umsa naahomii [4:13-17]
7. Ruut hidda sanyii daawwit mootichaa ta'uu ishee [4:18-22]

Kitaaba Saamu'eel Isa Duraa(1Samuel)

Kitaabota saamu'eel isa duraa fi isa lammaffaatiif maqaan isaanii kan kennameef erga mootummaan monaarkii israa'el hundeeffamee akka ta'e seenaan ni dubbata. Kitaabonni kun lamaan jalqabatti walumatti Kitaaba tokko turan jedhama. Kan inni bakka lamatti addaan qoqqoodames bara Kitaabonni kakuu moofaa afaan ibrootaa irraa gara afaan giriikiitti hiikamaa turanitti warri afaan hiikan [giriikoonni] kiristaanota warra jalqabaa kan turan bakka lamatti macaaficha qoodan. Warri Kitaaba qulqulluu yeroo jalqabaatiif afaan ibrootaa irraa gara afaan giriikiitti hiikaa turan kunneen “*Septuagint*” jedhamu. Hiikni isaas [**The Pre Christian Greek Translation Of Old**

Testament] jechuudha. Afaan oromootti immoo ‘kiristaanota giriikota ta’an warra jalqabaa, warra Kitaabota kakuu mooffaa gara afaan giriikiitti hiikan’ jechuudha. Kitaabni kun akka amma jirutti bakkawwan lamatti kan qoodame bara 400 Dh.K.Dtti yoo ta’u, dhaabbata hiika afaanii **‘jerome’** afaan laatiniitiin immoo **‘Vulgate’** jedhamutu qoode jechuudha.

Kitaabni saamu’eel yeroodhaa gara yerootti maqaawwan adda addaatiin waamamaa daddarbee dhufe. Isaan keessaa:

a. Fisrt and second books of kingdoms

Kitaabota moototaa isa duraa fi isa lammaffaa jechuudha. Kun maqaa girikoonni warri Kitaaba qulqulluu afaan giriikiitti hiikan (septuagint) kennaniif ture.

b. First and second kings

Mootota isa duraa fi isa lammaffa jechuudha. Beektota laatiniitu (vulgate) maqaa kanaan waama.

c. First and second samuel

Saamu’eel isa duraa fi isa lammaffaa jechuudha. Maqaa kana immoo ibrootatu macaafpta kanaaf kenneef. Hiikni ammayyaa hundinuus maqaa Kitaabichaa isa afaan ibrootaa kanatti amanee fudhachuudhaan itti fayyadamaa jira.

Barreessaa Kitaaba Saamu’eel

Nama barreessee fi yeroo Kitaabni kun itti barreeffame ilaalchisee yaadota hedduutu ka’aa ture. Macaafichi waa’ee barreessaa isaatii waan hin dubbanneef nama barreessee beekuun ulfaataadha. Garuu nama bara saamu’eel jiraate, bara daawwitii fi saa’ol keessa jiraachaa turee fi ta’iiwwan macaaficha keessatti barreeffaman nama sirriitti beeku ta’uun isaa kan mamsiisu miti. Barreessaan Kitaaba kanaa madda Kitaaba saamu’eel 1 qofa caqase. Innis yaashaar. 2sam 1:18

Haa ta’u iyyuu malee barreessaan Kitaaba seenaa baraa maddoota afur maqaa dha’ee ture. Isaanis:

1. The book of annals of king david

Kitaaba seenaa mooticha daawwit. 1seenaa 27:24

2. The records of samuel seer

Caaffata saamu’eel ilaaltichaa. 1seenaa 29:29

3. The records of nathan the prophet

Caaffata naattaan raajichaa. 1seenaa 29:29

4. The records of gad the seer.

Caaffata gaad ilaaltichaa. 1seenaa 29:29

Ibsamni maddoota kana arfanii barreessaan Kitaaba saamu'eel namoota kitaabota kana barreessan keessaa tokko ta'uu isaa tilmaamuu ni dandeenya. Kitaabni saamu'eel guutummaa jireenya saamu'eel ni ibsa. Akkuma warra ibrootaa biratti fudhatamaa ta'es saamu'eel barreessaa Kitaaba kanaa ta'uudhaaf carraa bal'aa qaba. Kanaaf mee seenaa saamu'eel haa ilaallu.

Saamu'eel

Namni maqaan isaa elqaanaa jedhamu, sanyii yihuudaa tokko ture. Inni nama mandara efraataati. Garuu biyya gaaraa isa kan efireem jiraata. Namichi kun haadha manaa lama qaba. Maqaan isaanii haannaa fi phiniinaa jedhamu. Haannaan dhabduu turte. Phiniinaan garuu ijoollee dhiiraa fi durbaa qabdi. [1:4]. Haannaan waa'ee mucaa argachuutiif baay'iftee kadhachaa turte. Kanaaf waaqayyo kadhata haannaa dhaga'ee mucaa isheedhaaf laate. Isheen mucaa ilmaa deessee maqaa isaas saamu'eel jettee moggaafte. Innis abbaa Kitaaba saamu'eel.

Maqaan saamu'eel jechoota afaan ibrootaa 2 irraa dhufe.

Isaanis:

Saam-- kachachuu

El--waaqayyo

Kanaafuu akka haannaan moggaaftetti, Saamu'eel jechuun ***ani waaqayyoon kadhacheen argadhe*** jechuudha. Barri isaa naannoo bara 1105 Dh.K.D ture. Haannaan saamu'eeliin yommuu harma guuftetti fudhattee sagaduudhaaf shiiloo bakka manni qulqullummaa jiru deemte. Sagada ishees erga raawwattee booda mucicha saamu'eeliin galchii gootee waaqayyoof kennite. Mucichi akka kaknatti dhuunfaa waaqayyoo ta'ee iddoo aarsaa keessa hojjecha mucummaa isaatii eegalee fula waaqayyoo duratti guddachuu danda'e jechuudha.

Waaqayyos bara itti deddeebi'ee namatti hin dubbanne sanatti saamu'eelitti mul'atee waa'ee cubbuu mana eelii fi ijoollee isaatii isatti himuudhaan dubbii garaa gara hin cinneen mucicha quunnamaa ture. Akkasitti mucichi ayyaanaa fi qaamaan guddachaa adeemee guutummaa biyya israa'el keessatti, daanii hamma beersheebaatti raajii waaqayyoo isa beekamaa ta'e. Waanti inni dubbatus lafa hin bu'u ture. Saamu'eel ittuma fufee hojii lubummaa isa itti guddate sana hojjechaa, geggeessaa fi abbaa murtii, akkanumas ilaalticha guddaa ta'uudhaan saba israa'el geggeessaa ture. Kana malees hojii adda

addaatti namoota dibee muudaa akka inni ture Kitaabni qulqulluun ni dubbata.

Fakkeenyaaf:

- Ijoolleen isaa hojii lubummaa hojjechaa turan. Maqaan ijoollee saamu'eel inni angafni yoo'eel, inni quxisuun immoo abiiyaa jedhama. *Isaamu'eel 8*
- Mootota mootummaadhaaf dibaa tureera.

Fakkeenyaaf:

Saa'ol mooticha. *Isaamu'eel 10*

Daawwit mooticha. *Isaamu'eel 16*

Shiiloo

Shiiloon magaalaa biyya efireemii keessaati. Beetel fi sheekem gidduutti argamti (abbootii murtii 21:19). Bara iyyaasuun israa'eliin lafa qabachiisaa turetti iyyaasuu fi israa'eloonni dunkaana itti wal ga'an, isa musee fi waaqayyo keessatti walitti haasa'aa turanii fi isa israa'eloonni duratti jilbeenfatani waaqayyoof sagadan shiiloo dhaabani. Kanaaf sabni biyya sanaa iyyuu sodaatanii daddafanii israa'elitti bulaa buran (iyyaasuu 18:1). Magaalaan kun akkasitti magaalaa giddu galeettii, bakka itti guutummaa biyya israa'el keessaa namoonni, keessumaa dhiironni waggaatti yeroo sadiif aarsaa waaqayyoof dhiyeessanii isaaf sagaduudhaaf itti walitti qabaman turte. Gabateen kakuu waaqayyoos shiiloo kana taa'a ture (1saam 4:3). Kanaaf eeliin lubichi maatii isaa wajjin shiiloo taa'ee hojii lubummaa hojjechaa, israa'elootaaf immoo akka rakkoo rakkoo isaaniitti murtii isaaniif kennaa ture (1saamu'eel 1:3).

Walumaa Galatti Kitaabni Saamu'eel:

Kan barreesse- hin beekamu. Garuu akka barreeffama ibrootaatti saamu'eel jedhama.

Bara- 930Dh.K.D tti barreeffame jedhamee yaadama. Yeroon kun yeroo itti biyyi israa'el geggeessaa abbootii murtiitii gara mootii moosifachuutti darbaa turteedha.

Kan inni barreeffameef- saba israa'el

Qabiyyee isaa- sabni israa'el sirna ittiin bulmaataa isa duraan ittiin wal bulchaa turan, 'abbootii murtii' dhiisanii mootii moosifachuu isaanii.

Qoqqoodama Kitaaba Saamu'eel Isa Duraa

Kitaabni kun bakka gurguddaa 9tti qoodama.

Isaanis:

1. Dhaloota saamu'eelii fi mana waaqayyootiif kennamuu isaa [1:1-4:1]
 - a. Dhaloota saamu'eel fi faarfannaa haannaa [1:1-2:11]
 - b. Saamu'eel cubboo ijoollee eelii irratti murtii raajuu isaa [2:12-26]
 - c. Raajummaatti guddachuu saamu'eel [3]
2. Sabni israa'el geggeessaa gaarii dhabuu isaanii fi kufaatii mana eelii [4:1-7:1]
 - a. Bidiruun kakuu booji'amuu isaa [4:1-22]
 - b. Humna waaqayyoo isa bidiruu kakuu wajjin ture [5]
 - c. Deebi'ee galuu bidiruu kakuu [6]
3. Saamu'eel saba israa'el lubummaa fi abbaa murtii ta'uudhaan geggeessuu isaa [7:2-17]
4. Mootiin israa'el keessaa ka'uu isaa [8:1-12:25]
 - a. Sabni israa'el mootii moosifachuudhaaf gaaffii kaasuu isaanii [8]
 - b. Saamu'eel saa'oliin dibuu isaa [9:1-10:8]
 - c. Israa'eloonni saa'oliin mootummaadhaaf filachuu isaanii [10:9-27]
 - d. Mootii ta'uun saa'ol mirkanaa'uu isaa [11]
 - e. Saamu'eel geggeessaa saba israa'el mootii isaaniitti kennuu isaa [12]
5. Mootummaa saa'ol [13-14]
6. Mootummaan israa'el saa'ol harkaa fuudhamee daawwitiif kennamuu isaa [15:1--- 2saam 5:5]
 - a. Waaqayyo mootummaa irratti saa'oliin tuffachuu isaa [15]
 - b. Saa'ol kufee daawwit immoo ka'uu isaa [16-2saam 1]
 - I. Dibamuu daawwit [16:1-13]
 - II. Daawwit saa'oliif hojjechuu isaa [16:14-17:58]
 - III. Saa'ol daawwititti hinaafuu isaa [18-20]
 - IV. Daawwit saa'ol jalaa baqachuu isaa [21-22]
 - V. Yeroo dhokannaa daawwit [23-26]
 - VI. Daawwit gara biyya filisxeemotaatti baqachuu isaa fi du'a saa'ol [27-31]
 - VII. Daawwit saa'oliif boo'uu isaa [2saam 1]

- c. Daawwit yihuudaa irratti mootii ta'uu isaa [2:1-3:5]
- d. Daawwi guutummaa israa'el irratti mootii ta'uu isaa [3:6-5:5]
- 7. Mootummaa daawwit [5:6-8:18]
 - a. Daawwit yerusaleemiin qabachuu isaa [5:6-16]
 - b. Daawwit filisxeemota mo'uu isaa [5:17-25]
 - c. Gabatee kakuu fiduu daawwit [6]
 - d. Waaqayyo daawwitiif kakuu galuu isaa [7]
 - e. Daawwit mootota baay'ee mo'uu isaa [8]
- 8. Akkaataa bulchiinsa daawwit [9:20]
 - a. Gaarummaa mana saa'olitti argisiifame [9]
 - b. Daawwit amoonota loluu isaa [10:1-19 fi 12:26-31]
 - c. Daawwit baatsheebaa wajjin ejjuu isaa [11:1-12:25]
 - d. Abiishaalom daawwit irratti ka'uu isaa [13-20]
- 9. Hojiiwwan dabalataa daawwit [21-24]
 - a. Abaarsa saa'oliif jedhee israa'elitti dhufe [21:1-14]
 - b. Lola filisxeemotaa [21:15-22]
 - c. Faarfannaa moo'ichaa, kan daawwit [22]
 - d. Daawwit waa'ee ofii isaa fi mana isaatii waaqayyotti dubbachuu isaa [23:1-7]
 - e. Loltoota daawwit warra jajjaboo [23:8-39]
 - f. Balleessaa daawwitiif jecha waaqayyo saba israa'el rukutuu isaa [24]

Kitaaba Saamu'eel Isa Lammaffaa(2Samuel)

Kitaabni saamu'eel isa lammaffaa Kitaaba saamu'eel isa duraa wajjin tokko akka ture ilaallee jirra. Kanaaf qayyabannaa Kitaabichaa keessatti yaadni lamaanuu Kitaabota kanaa waan wal qabatuuf walii wajjin qoqqoonnee darbineerra. Kanaaf ibsa yookaan qoqqooddaa dabalataa kan 2saamu'eel jalatti barreessuu dandeenyu hin qabnu. Garuu qabxii muraasa gadii kana haa daballu. Kitaabni saamu'eel isa lammaffaa jalqabaa hamma dhumaatti seenaa jireenya daawwit kan dubbatuudha. Jalqabni isaa daawwit fakkeenya baay'ee dinqisiisaa ta'een gara mootummaa dhufuu isaa yoo ta'u, bu'aa ba'ii jireenyaa keessatti immoo daawwit dubartii miidhagduu arguudhaan ejjatti kufee akka inni adaba cubbuu isaatiin dhiphataa ture argina. Kana malees daawwit saba israa'el lakkoofsisuu yommuu yaale waaqayyoon waan hin gaafatiniif adaba saba sanatti fidee ture. Haa ta'u iyyuu

malee daawwit nama hundumaa keessaa nama akka garaa waaqayyoo jedhamaa ture. Sababni isaas cubbuu isaa himachuudhaan nama boo'ee qalbii diddiirratu waan tureef gooftaan guddaa itti gammada. Bakka inni kufuus isa kaasaa ture.

Boqonnaawwanii fi lakkoofsota Kitaaba saamu'eel isa lammaffaa Macaafichi boqonnaa 24 qaba. Tokkoo tokkoon boqonnaawwan kanaa lakkoofsota isaanii wajjin gabatee gadii keessatti dhiyaatanii jiru. Ilaalaa.

Kitaaba Moototaa Isa Duraa(Kings)

Kitaabni moototaa akkuma Kitaabota saamu'eel lamaanii fi Kitaabota seenaa baraa duraan walitti tokko ture. Hiika afaan ibrootaa isa jalqaba Kitaabni kakuu moofaa ittiin barreeffameetti “mootota” jedhamee waamama. Warri Kitaaba qulqulluu yeroo jalqabaatiif afaan ibrootaa irraa gara afaan girikiitti hiikaa turan kunneen “**Septuagint**” jedhamu. Hiikni isaas [**The Pre Christian Greek Translation Of Old Testament**] jechuudha. Afaan oromootti immoo ‘kiristaanota girikoota ta’an warra jalqabaa, warra Kitaabota kakuu moofaa gara afaan girikiitti hiikan’ jechuudha. Isaan kun macaaficha gara afaan girikiitti yommuu hiikan akkuma jirutti kaa’an malee addaan hin qoodne. Hiikni lammataan hiikaa afaan laatinii ture. Barri isaa 400 dh.k.b tti yoo ta’u, dhaabbata hiika afaanii ‘**Jerome**’ afaan laatiniiitiin immoo ‘**Vulgate**’ jedhamutu macaaficha yeroo lammaffaadhaaf gara afaan laatiniiitti jijjiire jechuudha. Hiikni inni itti aanu immoo hiikaa isa ammayyaawaa ta’eedha. Innis maxxansa lammaffaa afaan ibrootaatiin ta’eedha. Barri isaa 1448 dh.k.b ture. Maxxansa isa haaraa kana irratti macaafichi bakka lamatti qoodamee maxxanfame. Warri Kitaaba qulqulluu hiikan kanneen afaan girikii fi laatinii haala wal fakkaatuun Kitaabota saamu'eel fi moototaa wal qabsiisanii akka Kitaaba tokkootti hiikan. Mee hiika isaanii haa ilaallu: Afaan girikii [**Septuagint**]: Akka dhaabbata hiikaa kanaatti Kitaabonni saamu'eelii fi Kitaabonni moototaa akka armaan gadii kanatti wal qabatanii dhiyaatu.

➤ **First, second, third and fourth books of kingdoms.**

✚ Kitaabota mootummootaa isa duraa, isa lammaffaa, isa sadaffaa fi isa arfaaffaa

Afaan laatiniiitti,

➤ **First, second, third and fourth books of kings.**

✚ Kitaabota moototaa isa duraa, isa lammaffaa, isa sadaffaa fi isa arfaaffaa

Kitaabonni kun arfan guutummaatti qabiyyee Kitaabota saamu'eel lamaanii fi Kitaaba moototaa lamaan kan qabataniidha. Guutummaan Kitaabota kanaas seenaa mootota guutummaa biyya israa'el isa bara saamu'eel hundaa'ee hamma warri baabiloon barbadeessanitti ture hundumaa kanneen ibsaniidha. Xumurri mootummaa israa'el kana fakkaata: [mataaniyaa inni zedeeqiyaa jedhamu, wasiila yehooyakiin ture. Mootummaan isaa mootummaa yihuudaa fi israa'el isa xumuraati. Barri mootummaa isaa 516-505 Dh.K.D ture. Innis waggaa 11 mo'e. Mootummaan isaas harka mootii baabiloon jalatti ture. Xumura bara mootii kanaatti yeruusaalem ni gubatte. Manni qulqullummaas ni gubate. Zedeeqiyaa immoo ija isaa keessaa baasanii mana hidhaa biyya baabiloonitti geessan. Hamma waggaa 37 tti biyyichi akkuma barbadaa'etti hafe. Barbadaa'uu fi xumurri mootummaa yihuudaas kana fakkaata. Kitaabni moototaa bakka lamatti kan qoodame erga ahaab mootiin israa'el gara kaabaa du'ee booda akka ta'e amansiisaadha. [ahaab ilma oomirii (854-832) ture. Waggaa 22 mo'e. 1mootota 22:37]. Akkanumas qoqqoodama Kitaaba kanaa dura barri mootii israa'el gara kibbaa mootummaa yooshaafaax darbeera. [yooshaafaax ilma aasaa (860-835) ture. Waggaa 25 mo'e. 1mootota 22:50]. Qoqqoodama Kitaabota kanaatiif sababa gaarii kan ta'e waan lama qabna.

Isaanis:

- a. Jalqaba mootummaa ahaaziyaa ilma ahaab fi xumurri mootummaa isaatii xumura kutaa jalqabaa [1mootota] fi ittiin lixa kutaa lammaffaa Kitaaba moototaa [2mootota] ta'uu danda'uu isaa.
- b. Tajaajilli eliyaas raajichaa garri caalu gara xumura kutaa jalqabaa [1mootota] ta'uu isaa fi tajaajila isaa elsaayii bakka buusuu fi ol butamuun isaa immoo kutaa lammaffaa Kitaabichaa [2mootota] ta'uu isaati.

Barreessaa Kitaabota Moototaa

Akka ragaa barreeffama afaan ibrootaatti Kitaaba moototaa kan barreesse ermiyaas raajicha jedhama. Haa ta'u iyyuu malee akka tilmaamaa fi ilaalcha ammayyaatti barreessaan kun raajota kakuu moofaa keessaa tokko, akkasumas nama Kitaaba seera keessa deebii

beeku ta'uu hin oolu. Sababni isaas barreessaan kun yommuu macaaficha barreesse maddoota hedduu akka fayyadame ni argisiisa. Maddoota kanneen keessaa 3 kunooti.

1. **The book of annals of solomon**[1mot 11:41]

Kitaaba seenaa mootummaa solomoon

2. **The book of annals of kings of israel** [1mot 14:19]

Kitaaba seenaa mootummoota israa'el

3. **The book of annals of kings of judah**[1mot 14:29]

Kitaaba Seenaa Mootummoota Yihuudaa

Kitaabonni madda Kitaaba moototaa kunneen magaalaa yeruusaalemii fi samaariyaa keessatti mana mootummaa keessaa afaan ibrootaan kan barreeffaman dhiyeenyatti argamanii akka turan iskoolaaronni Kitaaba qulqulluu ni dubbatu. Garuu argamuu Kitaabota kanaatiif ragaan caqasame hin jiru. Haa ta'u iyyuu malee kitaabonni seenaa kanneen olitti ibsaman hundumtuu barreessaa Kitaabota kanaa isa shakkii malee raajota keessaa tokko ta'eef madda gaarii turuun isaa amansiisaa dha. Barreeffamaa fi Kitaabota raajonni israa'el barreessanii darban kanaaf Kitaabni seenaa baraa madda guddaa ture. Fakkeenyaaf:

1. Kitaaba saamu'eel ilaaltichaa

2. Kitaaba naattaan raajichaa fi 1seenaa baraa 29:29

3. Kitaaba gaad ilaaltichaa

4. Kitaaba ahiyyaa raajichaa nama shiiloon

5. Kitaaba mul'ata iddoo ilaaltichaa 2seenaa baraa 9:29

6. Caaffata shiime'aa raajichaa 2seenaa baraa 12:15

7. Caaffata iddoo ilaaltichaa isa inni waa'ee hidda dhalootaa caafe. 2seenaa baraa 12:15

8. Kitaaba yehuu ilma haanaanii waa'ee mootummoota israa'el 2seenaa baraa 20:34

9. Kitaaba moototaa 2seenaa baraa 24:27

10. Seenaa uuziyaa isa isaayyaas raajichi caafe 2seenaa baraa 26:22 Kan biroonis hedduu isaaniitu jiru.

Iskoolaaronni garri tokko barreeffamu fi qiqindachuun Kitaaba moototaa lamaan bara kufaatii mootummaa yehooyaaqim [562 Dh.K.D 2moot 25:27-30] eegalee hamma xumura bara mootummaa baabiloonitti [538] akka ta'e ni dubbatu. Beekumsa barreessaan Kitaabichaa qabu irraa kaanee yommuu ilaallu garuu namichi Kitaaba kana barreesse nama yihuudaa, bara yihuudonni mana daawwit irratti ka'aa turan

nama jiraataa ture ta'uun isaa hubatamaadha. Kanaafuu afaan isa jalqabaa [afaan ibrootaatiin] Kitaabni moototaa bara 550 Dh.K.D akka barreeffame ni amanama.

Walumaa Galatti, Kitaabonni Moototaa:

Bara- 550 Dh.K.D tti barreeffame jedhamee tilmaamama.

Nama barreesse- ermiyaas raajicha ta'a jedhama.

Kan barreeffameef- saba israa'el

Qabiyyee walii galaa- mootummaa solomoon booda biyyi israa'el mootummaa kaabaa fi kibbaatti addaan hiramuu ishee.

Ergaa isaa- Isaamu'el hanga 2moototaatti seenaa mootota guutummaa israa'el, hundeeffama isaatii eegalee hamma mootummaan yihuudaa mootii baabilooniin barbadooftutti ibsa.

Qoqqoodama Kitaabota Moototaa

Kitaabonni moototaa lamaan akka Kitaaba tokkootti akka armaan gadii kanatti bakkeewwan gurguddaa 6tti qoodama.

Isaanis:

1. Mootummaa solomoon [1:1-12:24]
 - a. Solomoon mootii ta'uu isaa [1:1-2:12]
 - b. Teessoon solomoon dhaabbachuu isaa [2:13-46]
 - c. Ogummaa solomoon [3]
 - d. Mootummaan solomoon jabaachuu isaa [4]
 - e. Ijaarsawwan solomoon [5:1-9:9]
 - I. Mana qulqullummaa ijaaruudhaaf qophaa'uu isaa [5]
 - II. Mana qulqullummaa ijaaruu isaa [6]
 - III. Mana mootummaa ijaarsifachuu isaa [7:1-12]
 - IV. Mi'a manni qulqullummaa irraa ijaaramu [7:13-51]
 - V. Saanduqa kakuu [8]
 - VI. Waaqayyo solomoonitti mul'achuu isaa [9:1-9]
 - f. Solomoon mootota kanneen biraa wajjin hariiroo uumuu isaa [9:10-10:29]
 - g. Solomoon kufuu isaa [11:1-13]
 - h. Diinni solomoonitti ka'uu isaa [11:14-43]
 - i. Rehoobiyaam ilmi solomoon mootummaa abbaa isaatti darbuu isaa [12:1-24]
2. Mootummoota israa'elii fi yihuudaa (yeroobiyaamii- ahaab/aasaa) [12:25-16:34]
 - a. Yeroobiyaam mootii israa'el [12:25-14:20]
 - b. Rehoobiyaam mootii yihuudaa [14:21-31]

- c. Abiiyyaa mootii yihuudaa [15:1-8]
 - d. Aasaa mootii yihuudaa [15:9-24]
 - e. Naadaab mootii israa'el[15:25-32]
 - f. Baa'ishaa mootii israa'el[15:33-16:7]
 - g. Elaa mootii israa'el[16:8-14]
 - h. Zimrii mootii israa'el[16:15-20]
 - i. Omirii mootii israa'el[16:21-28]
 - j. Ahaab mootii israa'el[16:29-34]
3. Tajaajila eliyaas raajichaa fi raajota kanneen biro [17-22]
- a. Eliyaas raajichaa fi raajota kanneen biro bara ahaab keessaa (17:1-22:40)
 - ii. Eliyaasii fi gogii [17]
 - iii. Eliyaas tulluu qarmeeliwoos irratti argamuu isaa [18]
 - iv. Eliyaas gara tulluu siinaatti baqachuu isaa [19]
 - v. Of eeggachiisa ahaabiif kenname [20]
 - vi. Iddoo dhaabaa wayinii naabot [21]
 - vii. Raamot giliyaad [22:1-40]
 - b. Yooshaafaax mootii yihuudaa [22:41-50]
 - c. Ahaaziyaa mootii israa'el[22:51-53]
4. Eliyaasii fi elsaay bara mootota ahaaziyaa fi yooraa [2moot 1:1-8:15]
5. Mootummaa israa'elii fi yihuudaa yooraa/rehoobiyaam irraa eegalee hanga barbadaa'uu mootummaa isaaniitti [8:16-17:41]
6. Mootummaa yihuudaa bara mooticha zakkaariyaasii hamma bittaa baabiloonitti [18-25]

Kitaaba Seenaa Baraa Isa Duraa(1Chronicles)

Jechoonni afaan ibrootaa irraa fudhataman lamaan: **Dibre** fi **Hayyamim** jedhaman maqaa Kitaaba seenaa baraa moggaasuuf gargaarsa guddaa laataniiru. Jechoonni kunneen afaan ingiliziitti yommuu jijjiiraman, hibrew tittle jedhama. Hiikni isaas Kitaabota seenaa of keessaa qabu jechuuf dhaabbata. Karaa biraa immoo kuusaa seenaawwan ta'ii guyyaa guyyaatti ta'uu, akkasumas ta'iiwwan barootaa kan kuusee jiru jechuudha.

Kanaaf maqaan afaan ingiliziitti '**Chronicles**' jedhu kennameeraaf. Maqaawwan kanatti barreessitoonnii fi warri Kitaaba qulqulluu bakka adda addaatti afaan adda addaatti hiikaa turan itti waliif galaniiru. Yeroo kanatti macaafichi bakka lamatti seenaa baraa isa duraa fi isa lammaffaa jedhamuudhaan qoqqoodame. Isaan keessaa muraasni:

- Jerome [347- 420] dh.k.b
- Vulgate = warra afaan laatiniitti hiikan
- Septuagint = warra afaan girikiitti hiikan
- Marthin luther = luba biyya jarman isa pirotestaantii hundeesse
- Kanneen biroonis.

Barreessaa Kitaaba seenaa baraa

Akka barreeffamni seenaa Kitaaba qulqulluu inni kan warra ibrootaa jedhutti Kitaaba seenaa baraa, Kitaaba izraafi nahimiiyaa kan barreesse izraadha.

Raga ta'uu kanneen danda'an:

1. Macaafichi gara xumura jaarraa 1ffaa Dh.K.D tti barreeffamuu isaati. Yeroon bara jireenya izraa ture.
2. Waa'ee lubaa ilaalchisee macaafichi homaa kan hin dubbanne ta'uu isaa, nama kan biraa utuu ta'ee waa'een lubaa itti dabalamuu ni danda'a ture.

Kanaafuu barreessaan Kitaaba kanaa izraa ta'a.

Maddoota Kitaaba Seenaa Baraa

Kitaabni seenaa baraa maddoota adda addaa irraa kan fudhatame yoo ta'u, harka caalu immoo Kitaabota saamu'eel fi Kitaaba moototaa irraa fudhate. Qabiyyeen Kitaaba seenaa Kitaaba qulqulluu keessaa Kitaabota hedduu keessatti ni argama.

Fakkeenyaaf:

- Abbootii murtii
- Ruut

- Faarfannaa
- Isaayyaas
- Ermiyaas
- Faaruu
- Zakkaariyaas

Akkasumas hedduun isaa barreeffama seenaa ibrootaa keessaa madde jedhama.

Akka Kitaabni qulqulluun jedhutti kanneen gadii kunis maddoota Kitaaba seenaa baraati.

1. Kitaaba seenaa mootota israa'el 1seenaa baraa 9:1, 2seenaa 20:34, 33:18
2. Kitaaba seenaa mooticha daawwit 1seenaa 27:24
3. Kitaaba seenaa mootota israa'elfi yihuudaa 2seenaa 16:11, 25:26, 27:7, 28:26, 32:32, 35:27, 36:8
4. Kitaaba ibsa Kitaabota moototaa 1seenaa 24:27
5. Kitaaba saamu'eel ilaaltichaa
6. Kitaaba saamu'eel ilaaltichaa
7. Kitaaba naattaan raajichaa fi 1seenaa baraa 29:29
8. Kitaaba gaad ilaaltichaa
9. Kitaaba ahiyyaa raajichaa nama shiiloon
10. Kitaaba mul'ata iddoo ilaaltichaa 2seenaa baraa 9:29
11. Caaffata shiime'aa raajichaa 2seenaa baraa 12:15
12. Caaffata iddoo ilaaltichaa isa inni waa'ee hidda dhalootaa caafe. 2seenaa baraa 12:15
13. Kitaaba yehuu ilma haanaanii waa'ee mootummoota israa'el 2seenaa baraa 20:34
14. Kitaaba moototaa 2seenaa baraa 24:27
15. Seenaa uuziyaa isa isaayyaas raajichi caafe 2seenaa baraa 26:22

Bara Kitaabni seenaa baraa itti barreeffame

Kitaabni seenaa baraa gara xumura dikeedii 1ffaa keessa Dh.K.D barreeffamuun isaa seenaa barreessaa Kitaabichaa irraa kan hubatamuu danda'uudha. Barri kun naannoo bara ~~450-~~ 400Dh.K.D ta'a. Utuu Kitaabni kun hin barreeffamin duraan mootummaan israa'elii fi yihuudaa barbadееffamee, yeruusaalemii fi manni qulqullummaa gubatanii turan. Manni daawwitis jigeera. Kanaaf macaafichi waa'ee kufaatii kanaa fi ka'umsa kufaatii boodaa irratti xiyyeeffata.

Qabiyyee Giddu Galeessa Kitaaba Seenaa Baraa

Barreessaan Kitaaba seenaa kallattiidhaan kan inni irratti xiyyeeffate gaaffiiwwan tokko tokko deebisuuf ture. Gaffiileen kunneenis dheerina baraa keessa ilaalcha dhaloota haaraa warra karaa waaqayyoo irraa kaatanii adaba gurguddaadhaan adabaman keessatti uumame irraa kanneen maddaniidha.

Isaanis:

1. *Is god still interested in us?*

Hamma ammaatti waaqayyo jireenya keenya keessatti ni barbaachisaa?

2. *Are his covenant still in force?*

Kakuuwwan waaqayyo saba israa'eliifgalee ture kunneen hamma ammaatti human qabuu?

3. *Now we have no davidic king. We are subject to persia. Do god promises to david still have meaning for us?*

Amma nuti mootummaa hidda daawit irraa madde jala hin jirru. Warra peershiyaatu nu bulchaa jira. Egaa kakuuwwan waaqayyo daawwitiif galee ture hamma ammaatti iyyuu hiika qabeessa ta'anii hojjechaa jiru jechuudhaa?

4. *After great judgement:*

The dethroning of house of david)

Destruction of nations

Destruction of jerusalem and temple

Exile to babylon what is our relationship to israel of old?

Murtiisa guddaa booddee:

Erga dunkaanni daawwit jigee

Sabni yihuudaa fi israa'elerga barbadeeffamanii

Yeruusaalemii fi manni qulqullummaa ishee erga diigamanii

Gara baabiloonitti erga geeffamnee kanaan booddee hariiroon nuti waaqayyo isa kan israa'elii wajjin qabnu maali?

Kanaa fi kanneen kana fakkaatan hundumaaf deebii ta'uudhaaf Kitaabni seenaa kun barreeffame. Deebiin gaaffiiwwan kanaas macaaficha keessaa argama.

Qoqqoodama Kitaaba Seenaa Baraa

Kitaabni seenaa baraa lamaan akka tokkichaatti yommuu qoqqoodamee qayyabatamu bakka gurguddaa 4 tti hirama.

Isaanis:

1. Seenaa hundeeffama israa'elii hamma boojuudhaa galuu isaaniitti [1-9]
 - a. Hidda dhalootaa [1]
 - b. Ijoollee yaaqoob 12'n [2:1-2]
 - c. Maatii yihuudaa [2:3-4:23]
 - d. Ilmaan shimi'oon [4:24-43]
 - e. Ruuben, gaadii fi walakkaa gosa minaasee [5]
 - f. Leewwii fi maatii isaa [6]
 - g. Yisaakoor, beeniyaamiin, niftaalem, minaasee, efireemii fi aasheer [7-9]
2. Mootummaa daawwit [10:29]
 - a. Du'a saa'ol mootichaa [10]
 - b. Daawwit mootummaa qabachuu isaa [11-12]
 - c. Gabateen kakuu deebi'ee galuu isaa fi mootummaan daawwit ijaaramuu isaa [13-16]
 - d. Kakuu mana daawwitiif galame [17]
 - e. Moo'icha daawwit [18-20]
 - f. Lakkoofsa sabaa [21]
 - g. Qophii ijaarsa mana qulqullummaa [22]
 - h. Ijaarsa hojii mana qulqullummaa qoqqooddachuu isaanii [23-26]
 - i. Ajajjoota sadarkaa adda addaa [27]
3. Mootummaa solomoon [2seenaa 1-9]
 - a. Kennaa ogummaa [1]
 - b. Manni qulqullummaa ijaaramuu isaa [2-5:1]
 - c. Manni qulqullummaa miidhekfamuu isaa [5:2-7:22]
 - d. Hojiiwwan solomoon kanneen biro [8]
 - e. Ogummaa mooticha solomoon [9]
4. Seenaa mootota yihuudaa [2seenaa 10-36]
 - a. Rehoobiyaam [10-12]
 - b. Abiiyyaa [13]
 - c. Aasaa [14-16]
 - d. Yooshaafaax [17-21:3]
 - e. Yehooraam [21:4-22:9]
 - f. Yoo'aash [22:10-24:27]

- g. Amaasiyaa [25]
- h. Uuziyaa [26]
- i. Yootaam [27]
- j. Ahaaz [28]
- k. Hisqiyaas [29-32]
- l. Minaasee [33:1-20]
- m. Aamoon [33:21-25]
- n. Yoosiyaas [34-35]
- o. Yehoo'ahaaz [36:1-14]
- p. Kufaatii yeruusaalem [36:15-23]

Kitaabni seenaa akkuma Kitaaba qulqulluu keessaa bakka lamatti qoqqoodamee jirutti, kutaan lamaanuu boqonnaawwan hedduu of keessaa qaba.

Kitaaba Seenaa Baraa Isa Lammaffaa(2Chronicles)

Kitaabni seenaa baraa inni lammaffaa akkuma jalqaba ibsa irratti ilaallee darbine kutaa lammaffaa Kitaaba seenaati. Kanaafuu kallattiidhumaan boqonnaawwanii fi lakkoofsota boqonnaawwan keessa jiran ilaallee darbina jechuudha.

Kitaaba Izraa(Ezra)

Kitaabni izraafi nahimiyaa jalqabaa jalqabee Kitaabota adda addaa akka turan raga guutuu qabna. Haa ta'u iyyuu malee baroota hedduu booda Kitaabonni kunneen lamaan akka Kitaaba tokkichaatti fudhatamanii turaniiru. Kunis hamma bara dhiyootti itti fufee ture. Gara xumuraatti garuu Kitaabonni kunneen akka isaanii duraatti Kitaabota adda addaa ta'anii addaan ba'anii barreeffaman.

Kitaabni nahimiyaa fi izraaakka Kitaaba tokkootti fudhatamaa yemmuu turan Kitaaba izraaqofatu beekamaadha. Innis Kitaabota lamaan kan walitti qabatu ture. Booda garuu deebi'aa Kitaabni nahimiyaa kun akka duriitti addaan ba'uun isaa beekamaadha. Kitaabonni lameen akka Kitaaba tokkootti dhaabbatoota fi seenaa Kitaaba qulqulluu hedduu biratti fudhatamaa turan.

Kanneen keessaa:

1. Ragaa barreeffamaa seenaa Kitaaba ququlluu ta'e josephus (c. A.d. 37-100).
2. Jewish Talmud - barreeffama seenaa Kitaaba qulqulluu afaan ibrootaa

3. Septuagint- amantoota lammii girikii warra jalqabaa warra yeroo jalqabaatiif Kitaaba qulqulluu kakuu moofaa afaan ibrootaa irraa gara afaan Giriikiitti hiike.

Dhaloota kiristoos booda Kitaabonni lamaan gara Kitaabota adda addaa ta'uutti deebi'an.

Ragaawwan:

1. Origen [c. A.d 185-253] barreeffama jalqabaa adda addummaa Kitaabota lamaan gidduu jiru ibseedha.
Barreeffamni kun Kitaaba izraatiin “Kitaaba izraa isa duraa” jedhe, Kitaaba nahimiiyaatiin immoo “Kitaaba izraa isa lammaffaa” jedhee ture.
2. Latin vulgate= Kitaaba qulqulluu hiika afaan laatinii isa jalqabaa (c. A.d 390-405).
Hiikni kun immoo Kitaaba nahimiiyaatiin “Kitaaba esdrae (izraa) isa lammaffaadha” jedha.
3. Wycliffe (1382) fi coverdale (1535) = hiikaa Kitaaba qulqulluu afaan ingiliffaa isa jalqabaa.
Hiikni jalqabaa afaan ingiliffaa kun Kitaabota kana lamaanuu “Iesdrae fi iiesdrae” jedhee ture. Hiikni isaas lizraafi 2izraajechuudha.

Bara 1448 dh.k.b tti Kitaaba qulqulluu afaan ibrootaa biratti adda addummaan Kitaabota kana lamaanii beekamee fudhatame.

Madda Kitaaba Izraa

Kitaabota seenaa baraa isa tokkoffaa fi isa lammaffaa keessatti Kitaabni seenaa baraa kun maddoota mataa isaatii akka qabu ni argina.

Fakkeenyaaf:

- Waa'ee mana qulqullummaa: izraa1:9-11
- Biyyatti deebi'uu yihiudotaa: izraa2 fi nahimiiyaa 7:6-73
- Hidda dhalootaa izraan barreesse: izraa7:1-5
- Abbootii qomoo: izraa8:1-14
- Wal makuu fuudhaaf heerumaa: izraa10:18-43
- Warra ijaarsa dallaa fi mana qulqullummaa irratti gargaarsa gochaa turan: naah3
- Namoota kakuu haareessanii itti waliif galan: nahimiiyaa 10:1-27
- Namoota mandara yeruusaalem keessa jiraatan: nahimiiyaa 11:3-36
- Lewwootaa fi luboota: nahimiiyaa 12:1-26

Akkanumas dokumentiin gurguddaan 7 Kitaaba izraakeessatti ibsameera. Isaan kana keessaa hiika afaan sooriyaa isa jalqabaa (aramitic) keessatti dokumentii 6 tu ibsamee jira. Dokumentiiwwan kunneen:

- a. Labsii Qiirroos Mootichaa: Izraa1:2-4
- b. Iyyata Mooticha Aartaashaastaa Dhaaf Barreeffame: Izraa4:11-16
- c. Deebii Mootichi Aartaashaastaa: Izraa4:17-22
- d. Gabaasa Teenaay Bulchaa Kutaa Biyya Efiraaxiis: Izraa5:7-17
- e. Kitaaba Abboommiiwwan Qiirroos Mootichaa: Izraa6:2-5
- f. Deebii Daariyoos Teenaayiif Kenne: Izraa6:6-12
- g. Caaffata Mootichi Aarshaastaa Izraaf Kenne: Izraa7:12-26

Dokumentiiwwan kunneen dokumentii Kitaaba warra peershiyaa wajjin wal dhugoomsa. Dokumentiiwwan Kitaaba izraakeessaa garri tokko kallattiidhumaan kan nama waan sana beekun barreeffame. Inni kun isa nama jalqabaa jedhamuudha (first person).

Fakkeenyaaf:

- Izraa7:27-28
- Izraa8:1-34
- Izraa9

Dokumentiiwwan nama sadaffaadhaan barreeffaman (akka abalu jedhetti) ni jiru.

Fakkeenyaaf:

- Izraa7:1-26
- Izraa10

Akkaataa barreeffama isaanii irraa ka'uudhaan Kitaabota seenaa lamaan, Kitaaba izraafi nahimiiyaan barreessaan tokko akka barreesse dhugaa qabatamaadha.

Ragaawwan:

- Xumurri Kitaaba seenaa fi jalqabni Kitaaba izraakan wl qabatuu fi itti fufiinsa walii kan ta'eedha.
- Qabiyyeewwan Kitaabota kanaa yommuu ilaallutti, Kitaabonni kun hundumtuu yaada wal fakkaatu yoo qabaatan iyyuu yaada tokko irra hin deddeebi'an. Inni Kitaaba tokko keessa jiru isa kaan keessa hin jiru.
- Ibsi Kitaabota kanaa:
 - Waa'ee hundee amantii isaanii fi abbootii qomoo ni ibsa.
 - Kakuu leewwotaa fi mana qulqullummaa

- Faarfattoota
- Warra karra ittiin ol seenan eegan
- Hojjetoota mana qulqullummaa

Kan jedhan hundumtuu qabiyyeewwan Kitaabota kanaa warra barreessaa isaanii nama tokko taasisani dhugoomsaniidha.

Bara Barreeffamaa

Akka ibsa caqasa (NIV) izraa7:28 irraa arginutti Kitaabni izraa440 Dh.K.D kan barreeffame yoo ta'u, Nahimiiyaan immoo 430 Dh.K.D tti barreeffame. Raaan isaa kuusaa seenaa Kitaaba qulqulluuti. Izraan gara maaalaa yeruusaalemitti deebi'uun isaa mootichi artaashaastan mo'ee wagaa 7^{ffaa} tti ture. Barri isaa 458 Dh.K.D (izraa7:8). Nahimiiyaan immoo mootichi mo'ee waggaa 20^{ffaa} keessa izraaduukaa bu'uudhaan gara yeruusaalem dhufe. Barri isaas 444 Dh.K.D (nahimiiyaa 2:1 fi 11).

Dhufaatii izraafi nahimiiyaa kana ilaalchisee barreeffamni kan biraan immoo akka jedhutti, barri itti nahimiiyaan gara yeruusaalem dhufe 444 Dh.K.D wagaa 7^{ffaa} mooticha artaashaastaa yoo ta'u, izraan immoo waggaa 7^{ffaa} mooticha artaashaastaa ii tti ture jedhama. Barri kunis 398 Dh.K.D ta'a. Yaadni dhufaatii izraa nahimiiyaa booda taasissee fudhatu kun nahimiiyaa booda waggaa 27^{ffaa} yookaan 37^{ffaa} booda akka izraan dhufe dubbata. Yaadonni kunneen bara sanaa eegalee hamma har'aatti akkuma wal falmetti jira. Yaadonni dhufaatii nahimiiyaa fi izraaduraa duuba buusuudhaan wal falman akkuma jiranitti haa ta'an iyyuu malee namoonni kunneen lamaanuu walii wajjin hojjechaa akka turan Kitaabni qulqulluun ni dubbata. Fakkeenyaaf:

- Yommuu Kitaaba seeraa saba yihuudaaf dubbisaa turanitti. Nahimiiyaa 8:9
- Yeroo waa'ee lubootaa fi leewwotaa ibsan. Nahimiiyaa 12

Afaan Barreeffamaa

Yeroo jalqabaatiif Kitaabni izraafi nahimiiyaa afaan ibrootaatiin barreeffaman. Haa ta'u iyyuu malee izraa4:8-6:18 tti, akkasumas 7:12-26 tti afaan aramaayik yookaan afaan sooriyaatiin barreeffame. Afaanni sooriyaa kun guutummaa bara mootummaa peershiyaatti afaan hojii kan walii gala guutummaa biyya lafaa ture.

Kanaaf caqasawwan 67 tu afaan sooriyaa kanaan barreeffame jechuudha. 67'n kana keessaa 52 kan ta'an xalayoota kanaan dura barreeffaman irraa kan fudhatamaniidha. Xalayoota sana izraatu afaan

sooriyaatiin barreeffamanii akka jiranitti argatee koppii godhe. Afaan ibrootaatti utuu hin jijjiirinis kallattiidhumaan Kitaaba isaa keessatti barreesse.

Qabiyyee Walii Gala Kitaaba Izraa

Kitaabni izraafi nahimiiyaa walumaa galatti akkamitti sabni iisraa'el biyya boojuu baabiloonii gara biyya kakuu isaaniitti kukuu waaqayyootiin deebi'an kan ibsaniidha. Ibsawwan walii gala kanneen ta'an:

1. Sabni yihuudaa biyya itti booji'amanii turanii deebi'anii galuun isaanii hojii yaada waaqayyoo ta'uu isaa
2. Kakuun deebi'anii galuu isaanii fiixaan ba'uu isaa
3. Saba isaa adabuudhaaf waaqayyo mootummoota biyya lafaatti fayyadamuu isaa
4. Sabni israa'el waaqayyo irratti waan ka'aniif booji'amuu isaanii yaadatan
5. Namoonni boojuudhaa galan namoota harka warra isaan booji'eetti miidhamanii turan ta'uu isaanii

Qoqqoodama Kitaaba Izraa

Kitaabni izraakutaawwan gurguddaa lamatti kan qoqqoodamu yoo ta'u, qoqqoodama kanneen lamaan jalatti dameewwan hedduu qayyabanna. Isaanis:

1. Yihuudonni biyya isaaniitti deebi'uu isaanii fi yeruusaalemii fi mana qulqullummaa deebisanii ijaaruu isaanii [1-6]
 - a. Warra jalqaba biyya boojutii galan [1]
 - b. Maqaa warra boojuudhaa deebi'anii galanii [2]
 - c. Haareffamuu iddoo aarsaa [3]
 - d. Mormii ijaarsa mana qulqullummaa [4:1-23]
 - e. Ijaarsi mana qulqullummaa xumuramuu isaa [4:24-6:22]
2. Izraan yeruusaalemitti deebi'uu isaa fi haara'umsa abboommii fi kakuuwwanii [7-10]
 - a. Izraan yeruusaalemitti deebi'uu isaa [7-8]
 - I. Ittiin lixa [7:1-10]
 - II. Izraan aboo argachuu isaa [7:11-26]
 - III. Galata izraa [7:27-28]
 - IV. Namoota izraawajjin deebi'anii yeruusaalemiin dhufan [8:1-14]
 - V. Lewwoota [8:15-20]
 - VI. Kadhataa fi aarsaa [8:21-23]

- VII. Izraafi hojjetoota [8:24-30]
- VIII. Adeemsa karaa yeruusaalem [8:31-36]
- b. Haareffamuu sabaa [9-10]
 - I. Wal makuu fuudhaa fi heerumaa [9:1-5]
 - II. Kadhataa fi qalbii diddiirrannaa izraa[9:6-15]
 - III. Deebii saba israa'el[10:1-4]
 - IV. Wal ga'ii guddicha [10:5-17]
 - V. Warra fuudhaaf heerumaan wal make [10:18-43]
 - VI. Fuudhaa fi heeruma wal make ture garaa gara hiikuu isaanii [10:44]

Kitaaba Nahimiyaa(Nehemiah)

Akkuma olitti ilaallee turre Kitaabni nahimiyaa akka kutaa lammaffaa Kitaaba izraatti ilaalamaa waan tureef qobaatti ibsa kan mataa isaatii hin qabu jechuudha.

Akka kutaa lammaffaa Kitaaba izraatti qoqqoodnee qayyabanna. Ibsi gabaabaan garuu:

Kan barreesse- izraayookaan nahimiyaa

Bara- 430 Dh.K.D jedhamee yaadama.

Kan barreeffameef- saba yihuudaa warra boojuu biyya baabiloonii deebi'anii

Yeruusaalemitti galaniif.

Qabiyyee giddu galeessaa- nahimiiyaan biyya suunaan naannoo elaam

Jedhamtuu ka'ee gara yeruusaalem dhufuu isaa,
kaayyoon dhufaatii isaatiis warra mana
qulqullummaa deebisanii ijaaran hojjechiisee
wajjin hojjechuuf

Qoqqoodama Kitaaba Nahimiyaa

Kitaaba nahimiyaa bakka gurguddaa lamatti qoodnee qayyabanna.

Isaanis:

1. Bulchiinsa nahimiyaa isa jalqabaa [1-12]
 - a. Nahimiiyaan haalota yeruusaalem keessa jiran hundumaaf deebii kennuu isaa [1]
 - b. Nahimiiyaan gara yeruusaalemitti adeemuu isaa [2:1-10]
 - c. Tarkaanfii nahimiyaa isa jalqabaa [2:11-20]
 - d. Ijaarsawwan ijaaramuuf jiran [3]
 - e. Mormii ijaaramuu yeruusaalem [4]

- f. Rakko hawaasaa fi dinagdee [5]
- g. Utuma mormiin jabaatee jiruu keenyanni ijaaramuu isaa [6]
- h. Eegdota [7:1-73]
- i. Lallaba izraa, Kitaaba seeraa fi qalbii diddiirrannaa [7:73-10:39]
- j. Yihuudaa fi yeruusaalem haareffamuu isaanii [11]
- k. Lubootaa fi ibsa keenyanii [12]
- 2. Bulchiinsa nahimiiyaa isa lammaffaa [13]
 - a. Hojii qaqqajeelchuu nahimiiyaa [13:1-5]
 - b. Deebi'uu nahimiiyaa [13:6-9]
 - c. Ijaarsa haaraa fi haara'umsa [13:10-31]

Kitaaba Asteer(Esther)

Namni barreesse- yihuudii magaalaa suusaan jiraatu, maqaan isaa hin Beekamu

Barri isaa- tilmaamaan naannoo 460 Dh.K.D

Kan barreeffameef- namoota yihuudaatiif

Qabiyyee walii galaa- yihuudonni biyya peershiyaa magaalaa suusaan keessa

Jiran balleessii hedduu jalaa akkamitti akka baraaramanii ollan kan ibsuudha.

Barreessaan Kitaaba ruut fi barri isaa akka seenaa Kitaaba qulqulluu isa ammayyaatti beekamaa miti. Garuu nama yihuudii akka ta'e seenaan itti waliif gala. Ragaa kan nuuf ta'u:

- Akkaataan barreeffama Kitaabichaa kan yihuudotaa fakkaata.
- Seenichi seenaa yihuudotaa ta'uu isaa.

Barreessaan Kitaaba kanaa seenaa peershiyaa fi magaalaa guddoo biyyattii, magaalaa suusaan nama sirriitti beekuudha. Akkanumas jiraataa magaalaa suusaan ta'a. Raga kan nuuf ta'us, barreessaan kun madda Kitaaba kana barreessuuf fayyadame tokko iyyuu hin dubbanne. Akkanumas waa'ee biyya yihuudaa waan dubbate hin qabu.

Bara Barreeffamaa

Bara barreeffamaa ilaalchisee 460 Dh.K.D dura macaafichi barreeffamee dhumuun isaa beekamaadha. Barri kun utuu izraan gara yeruusaalem hin dhufin dura ture.

Kitaabni jalqabaa inni afaan ibrootaa fi hiikni afaan girikii inni jalqabaa akka jedhutti Kitaabni asteer bara 330 Dh.K.D barreeffame.

Garuu akka seenaa Kitaaba kana keessa jiruutti bara isaa yommuu wal bira qabnu 331 dura kan barreeffame ta'uu qaba. Kunis utuu mootummaan peershiyaa kuftee girikiin biyya lafaa hin fudhatin dura jechuudha. mootummaa peershiyaa jechuun mootummaa baabiloon jechuudha. Innis mootummaa ba'a biiftuu ture.

Qabiyyee

Barreessaan Kitaaba kanaa seenaa yihuudotaa isa isaan bara mooticha ahaashweeroos keessa magaalaa suusaan keessatti dabarsan yihuudotaaf barreessee dhaloota itti aanuuf dabarse. Seenaan kun seenaa yommuu yihuudonni harka warra baabiloon jala turan biyyo garbummaatti raawwatameedha. Yihuudonni biyya sanatti cunqurfamaa fi garbummaa hadhaa'aa dabarsanii turan.

Erga bara musee biyya gibxii ba'anii kaasanii sabni israa'elqomoowwan biyya lafaa hedduu wajjin wal lolaa turaniiru. Isaan keessaa tokko amaaleqoota. Kitaaba kana keessatti lola amaaleqootaa wajjin taasisan kana ni argina. Fakkeenyaaf: Asteer 2:5, 3:1-6, 9:5-10 Lolli amaaleqootaa kun bara muse eegale. Ba'uu 17:8-16, keessa daabii 25:17-19 Saba israa'elgarbummaatti deebisuuf warri amaaleq jabeessanii yaalii gochaa turan. Lakkoofsa 24:20, Isaamu'eel 15:2-3, 28:18 Lolli warra amaaleq kun israa'elootagarboomfachuuf ture. Isa kana hundumaa irra kan hammaatu immoo Kitaaba asteer keessaa argina. Innis isa hamaan namni jedhamu yihuudota lafa irraa balleessuuf qophii taasiseedha. Sabni israa'elimmo diinota isaanii hundumaa loluu irraa yommuu boqotanitti amaaleqoota bantii waaqaa jalaa haxaa'anii akka balleessan abboomamanii turan [keessa deebii 25:19]

Hamaan

Hamaan diina yihuudotaa isa kakuu saba sanaa karaatti hambisuudhaan seenaa yihuudotaa lafa irraa balleessuuf yaalee tureedha. Lammummaa isaatiif yaada lamatu jira. Isaanis;

1. Hamaan nama peershiyaa, magaalaa sana jiraatuu fi mana mootummaa keessa hojjetu, ministeerota mootummaa keessaa tokko akka ta'eedha.
2. Inni nama amaaleq, magaalaa suusaan jiraatuu fi mana mootummaa keessa hojjetu, ministeerota mootummaa keessaa tokko akka ta'eedha.

Hojii fi ilaalchi hamaan qabu hundumtu amaaleq ta'uu isaa mirkaneessa. Inni warra bara baraan israa'elitti diina ta'an ture [asteer

3]. Sanyiin isaa sanyii mootii amaaleq isa agaag jedhamuu, isa saa'ol mootichi booji'ee tureeti. Sababa mardookaay isaaf sagaduu dideef hamaan mardookaayiin qofa ajjeesuu tuffatee yihuudota hundumaa barbadeessuuf ture. Labsiin hamaan waan galagaleef yihuudonni guyyoota itti barbadaa'uuf turanitti diinota isaanii hundumaa barbadeessanii boqonnaa guddaa isa waaqayyo gooftaan keessa deebii 25:19 irratti isaaniif kakateef dhaalan. Ibsi Kitaaba asteer isa kana irratti xiyyeeffata jechuudha.

Qabiyyeewwan Walii Galaa Kitaaba Asteer

1. Nyaachisa

Nyaachisa gosa 3 tu Kitaaba kana keessa jira.

Isaanis:

- a. Nyaachisa duraa = nyachisa mootiinqopheesse
- b. Nyaachisa isa gidduu = nyaachisa waashittii
- c. Nyaachisa xumuraa = nyaachisa asteer

Kitaaba kana keessatti nyaachisni [afeerraa] yeroo 10 godhameera.

Isaanis:

- a. Asteer 1:3-4
- b. Asteer 1:5-8
- c. Asteer 1:9
- d. Asteer 2:18
- e. Asteer 3:15
- f. Asteer 5:5
- g. Asteer 7:1-10
- h. Asteer 8:17
- i. Asteer 9:17
- j. Asteer 9:18

2. Cimdii [lama] Kitaaba asteer keessaa

a. Hojjetoota mootii

Hojjetoota mootii garee lamatu Kitaaba asteer keessa jiru.

Isaanis:

- i. Asteer 1:10 fi
- ii. Asteer 1:14

b. Mardookaayiif abboomamuu asteer

- Asteer 2:10
- Asteer 2:20

c. Dubartoonni yeroo lama walitti qabaman.

- Asteer 2:8

- Asteer 2:19
- d. Soomii**
- Asteer 4:3
- Asteer 4:16
- e. **Hamaan** maatii isaa wajjin waa'ee mardookaay yeroo 2 mariyate.
- Asteer 5:14
- Asteer 6:13
- f. **Utuuhin** saganteeffamin asteer yeroo 2 mootii duratti dhiyaatte.
- Asteer 5:2
- Asteer 8:3
- g. **Mardookaayyeroo 2** ulfina mootii gonfate.
- Asteer 6:10-11
- Asteer 8:15
- h. **Hamaanfulla** isaa yeroo 2 golgate.
- Asteer 6:12
- Asteer 7:8
- i. **Caaffanni** waa'ee yihuudotaatiif mallattoo mootiitiin yeroo 2 barreeffamee labsame.
- Asteer 3:12-15
- Asteer 8:1-14
- j. **Aarii** mootii isa urguddaa 2 tu jira.
- Asteer 2:1
- Asteer 7:10
- k. **Akka** seera meedoonii fi faares isa hin galagalleetti yeroo lama labsiin barreeffamee ba'e.
- Asteer 1:19
- Asteer 8:8
- l. **Guyyaaayyaanaa** yihuudotaa lamaan
- Asteer 9:5-12
- Asteer 9:13-15
- m. **Caaffatagammachuu** yihuudotaa lamaan
- Asteer 9:20-28
- Asteer 9:29-32

Qoqqoodama Kitaaba Asteer

Kitaaba asteer bakka 3 tti qoodnee qayyabanna. Qoqqodamni kunneen nyaachisawwan macaaficha keessaa irratti kanneen hundaa'aniidha.

Isaanis:

1. Nyaachisa ahaashweeros mootichaa [1:1-2:18]
 - a. Waashittiin mootii diduu ishee [1]
 - b. Asteer mootuu ta'uu ishee [2:1-18]
2. Nyaachisa asteer qopheessite [2:19-7:10]
 - a. Mardookaay haamaaniif sagaduu diduu isaa [2:19-23]
 - b. Akeeka hamaan [3]
 - c. Dhaamsa mardookay gara asteeritti erge [4]
 - d. Afeerraa asteer mootiif goote isa jalqabaa [5:1-8]
 - e. Halkan mootiin itti hirriba dhabe [5;9-6:14]
 - f. Afeerraa asteer isa lammaffaa fi fannifamuu hamaan [7]
3. Ayyaana yihuudotaa
 - a. Ahaashweeros mootichi yihuudotatti faara toluu isaa [8]
 - b. Ija ba'umsa yihuudotaa [9]
 - c. Mardookaay beekamtii guddaa argachuu isaa [10]

Kitaabota Ciigoo(Poetic)

Kitaabota kakuu moofaa keessatti Kitaabota ciigoo kan jedhaman shanitu argamu.

Isaanis:

1. Kitaaba Iyyoob(Job)
2. Kitaaba Faarfannaa(Psalms)
3. Kitaaba Fakkeenya(Proverbs)
4. Kitaaba Lallabaa(Ecclesiastes)
5. Kitaaba Weedduu Weedduu Caaluu(Song of Songs)

Kitaabota kanneen tokko tokkoon yemmuu ilaallu akka armaan gadii ta'a jechuudha.

Kitaaba Iyyoob(Job)

Barreessaa Kitaabichaa

Kitaabni iyyoob dubbii afaan iyyoob fi firoota isaatii kan dubbatu haa ta'u iyyuu malee kan barreesse iyyoob miti. Barreessaa Kitaabichaa kallattiidhaan beekuu hin dandeenyu. Ta'us nama israa'elakki inni ta'e amanamaadha. Kun immoo kan jedhamuu danda'e barreessichi maqaa waaqayyoo isa **“Yaahiwwee”** jedhamu fayyadama. **Yaahiwwee** maqaa jedhu kana akka hiika Kitaaba qulqulluu nivviti **“The Lord”** yookaan **“Gooftaa”** jechuudha. Ittiin lixa Kitaabichaa [1-2], qaama Kitaabichaa [38:1-42:6] fi gudunfaa isaa [42:7-17] keessa yoo ilaalle maqaan **“Gooftaa”** yookaan **“Yaahiwwee”** jedhu yeroo 25 barreeffamee argina.

Boqonnaa 3-37 keessatti immoo bakka 1 qofatti argina. Innis 12:9 irraa argama. Barreessaan Kitaaba iyyoob waa'ee nama qajeelaa, nama rakkinaa fi gidiraa guddaa keessa darbee barreessa. Namni gidiraa keessa darbe kun rakkina sana hundumaa keessaa waaqayyoon hin gaddisiifne ture [yaaqoob 5:11]. Waaqayyo isa hundumaa danda'uttis dugda hin ganne [hisqeel 14:14, 20]. Namni qorama guddaa kana keessa darbe kun iyyoob jedhama. Barreessaan Kitaabichaa akkaataa barreeffamaa kan mataa isaatii fayyadamee barreesse. Barreessichi nama israa'el haa ta'u iyyuu malee Kitaaba kana keessatti waa'ee seenaa israa'elhomaa hin barreessine. Akka 1:1 irraa arginutti barreessichi akka barreeffama israa'elootaatti hin barreessine. Barri jireenya barreessaa kanaa jaarraa 2^{ffaa} Dh.K.D biyya lafaa irra jiraatee nama darbeedha. [2000-1000 Dh.K.D] kanas kan dubbatu barreeffama seenaa afaan ibrootaati.

Bara Kitaabni Iyyoob Itti Barreeffame

Bara Kitaabni iyyoob itti barreeffame ilaalchisee yaada 2tu jira.

Isaanis:

1. Bara iyyoob keessaa barreeffame yaada jedhu
2. Bara mooticha solomoonii fi baabiloonitti booji'amuu yihuudaa gidduutti kan jedhan turan.

Barri jireenya iyyoob waggaa 100 ol akka ta'e Kitaabni warra ibrootaa inni seenaa Kitaaba qulqulluu ibsu ni dubbata [42:16]

Iyyoob

Iyyoob nama biyya ba'a biiftuu bakka uuz jedhamu jiraatuudha. Inni nama qabeenya guddaa qabu, nama hir'ina hin qabne, waaqayyoon kan sodaatu, nama yaada qajeelaa, hamaa irraas kan gore ture. Akka lubaatti maatii isaa tajaajilaa ture [1:5]

Qabeenya iyyoob

Gabateek armaan gadii kun qabeenya iyyoob hamma Kitaaba qulqulluu keessatti ibsame of keessaa qaba.

Gabatee 18: qabeenya iyyoob

<i>Lak.</i>	<i>Qabeenya</i>	<i>Baay'ina</i>
1.	Ijoollee dhiiraa	7
2.	Ijoollee durbaa	3
3.	Hoolota	7000
4.	Gaalota	3000
5.	Qotiyyoo	1000
6.	Harroota dhaltuu	500

7.	Hojjetoota	Sonaan baay'ee
----	------------	----------------

Qoramsa Iyyoob Lamaan

Iyyoob akka Kitaaba kana keessaa arginutti qoramsa gurguddaa 2'n qorameera. Isaanis:

1. Wanti inni qabu hundinuu guyyaa tokkotti barbadeeffame [iyyoob 1:13-19]. Qabeenya gabatee 18 keessaa arginu keessa waanti jiru hundinuu isa duraa haxaa'ame.
2. Foon dhagna isaatii iita madaa'uun rukutamuu isaa [1:7]

Warra Iyyoobiin Saaman

1. Warra itoophiyaa (saabaa) [1:15]- isaan kunneen qotiyyoo fi harroota iyyoob saaman.
2. Kaliidota [1:17]- warra gaalota ooffatee adeeme. Isaan kunneen araboota gara dhihaati.

Warri saamtotaa kun biyya lafaa irratti daldaaltota sooreyyii fi beekamoo warra meetii fi warqee oomishanii daldalan kan turan jaarraa 2^{ffaa}Dh.K.D ture. Kunis jaarraa iyyoob keessa jiraachaa ture nuuf mirkaneessa [uum 33:19, iyyob 42:11, iyyaasuu 24:32]. Kun hundumtuu akkuma jirutti ta'ee kallattiidhaan bara barreeffama Kitaaba kanaa tilmaama armaan olii keessa seensisuu dandeenya malee beekuu hin dandeenyu yookaan raga bara qabatamaa nutty himu hin qabnu.

Firoota Iyyoob Sadan

Gurguddoota ba'a biiftuu warra firoota iyyoob turan keessaa 3 dhiphina isaa dhaga'anii warri gara iyyoon dhufan isaan kana turan. Isaan umuriidhaan iyyoobiin ni caalu. Qabeenyaan immoo iyyoobtu caala. Inni arfaffaa immoo nama ijoollummaa qabu, yeroo dheeraadhaaf deebii angafoonni isaa iyyoobiif kennaa turan dhaggeeffate malee ariifatee nama dubbii hhin dubbanne ture.

- 1. Elifaaz Teemmanicha.** Inni kun nama qomoo edoom [eesa'uu] ture. Teemaan ilma eesa'uu obboleessa yaaqoob ture. Innis ilma angafa. Kanaaf qomoowwan eesawuu irraa argaman keessaa qomoo tokkoof abbaa ta'e. Elifaaz firri iyyoob kun kanaaf 'teemaanicha' jedhame. Maqaan mandara isaatiif teemaan ture. Naannoo qomoon teemaa jiraatan jechuudha. Biyya see'iir isa gaaraa jiraata ture. Biyyi kun galaana soogiddaa irraa gara kibbaatti argama [uumama 36, erm 49:7, faar 94:12, fak 3:11-12, 1qor 11:32, ibr 12:5-11].

2. Beldaad Shuwaayicha

Beldaan immoo qomoon isaa shuwaa waan tureef ‘shuwaayicha’ jedhame. Shuwaan kun ilma abirahaam qexuuraa irraa godhateedha [uum 25:]

3. Zoofaar Naa’imaaticha

Zoofaar hiddi isaa nama biyya kana’aan, naannoo mandara adulaam ture. Yihuudaan ilmi yaaqoob sanyii namicha kanaa keessaa fuudhe [uum 38]

4. Elihuu Ilma Baaraakel Buzichzaa, isa qomoo raam.

Elihuu jechuun ‘inni waaqayyoo kooti’ jechuudha. Inni nama biyya buuz. Buuz biyya ba’a biiftuu isa lafa onaa keessaati [gammoojjii]. Sanyiin isaa orma warra mataa aaddachuudhaan beekamaniidha.

Kitaabni iyyoob jechoota u’ulfaatoo waan of keessaa qabuu fi akkanumas akkaataa barreeffama isaatii adda ta’uu isaa irraa kan ka’e gara afaan kan biraatti hiikuun isaa rakkisaadha. Kanaaf warri afaan hiikan barreessitoonni ammayyaa tokko irraa gara isa kaaniitti adda adda utuu ta’anii ni argamu. Hiikni Kitaaba qulqulluu inni jalqabaa kan kakuu moofaa afaan ibrootaa irraa gara afaan girikiitti jijjiiramaa ture. Kitaaba iyyoon kana irratti warri gara afaan girikiitti hiikan (septuagint) illee jechoota Kitaaba kana keessa jiru hiikuudhaaf rakkachaa turan. Macaafichas toora 400 irratti hiikanii xumuran jedhama. Yeroo kana macaafichi hikaa afaan girikiitti ni xiqqaate jechuudha. Kunis warri macaaficha hiikaa turan jechoota hubachuun isaa isaan rakkise akkuma jirutti utuu hin hubatin barreessanii akka darban kan nu hubachiisuudha. Hiikni Kitaaba kanaa garee warra Kitaaba qulqulluu afaan adda addaatti hiikanii hedduu isaanii dhibeera.

Isaan keessaa:

- ***The early syriac (peshita)***- warra gara afaan sooriyaatti hiikan
- ***Aramaic (targum)***- afaan warra arabaa isa bara mootummaa girikiitti beekamaa ture.
- ***Latin (vulgate)***- hiika afaan laatinii

Ergaa Kitaabichaa

Ergaan Kitaaba kanaa inni guddaan fi olaanaan waa’ee qoramsaati. Jireenyi iyyoob qoramsa akkamii keessa akka darbee fi fakkeenya akkamii akka inni ta’uu danda’u, namoota qoramsa keessa jiraniifis

maalummaa qoramsaa fi akkaataa ittiin obsaan danda'an, waan qoramsa booda jirus kan ibsu Kitaaba qabiyyee tiwooloojikaalawaa kan dabarsuudha. Barreessaan macafichaas namni kam iyyuu qoramsa kam dandamachuun akka isa irraa eegamu caalchisee ibseera. Qormaanni iyyoob sun hundumtuu hubannaa akka isaaf kenne, ogummaas akka isa barsiise ni dubbata. Namni qajeelaan [waaqayyoon kan sodaatuu fi hamaa kan jibbu, iyyoob 1:1] yommuu qoramu hafuurri nama sanaa inni gooftaa sodaachuutti qabamee ture hubachuu dadhabuudhaan ni dhiphata. Akka seenaan jedhutti baroota hedduudhaaf warri gooftaa sodaatan maaliif akka namni qajeelaan qoramu hubachuudhaaf gaaffii kaasaa turaniiru.

Gaaffiiwwan kunneenis:

Kun attamitti ta'uu danda'a? Waaqayyo gooftaan keenya hundumaa kan danda'u erga ta'ee, biyyi lafaa fi waanti biyya lafaa keessa jiru hundumtuu harka isaa keessa erga jiraatee, dhugumaan inni waaqa gaarii erga ta'ee, inni attamitti qoramsa human namaatiin olii kana nama isa sodaatutti gadi dhiisa? Kan jedhan turan.

Gaaffiiwwan kunneen rakkoo hadhaa'aa keessa seenuu qulqullootaa irraa kanneen maddan yaadota armaan gadii israa'elootadurii keessaa burqisiisaa ture.

- a. Waaqayyo danda'aadha, garuu waan hundumaa hin danda'u.
- b. Haqni waaqayyoon bira hin jiru, nama qajeelaa rakkinatti erga laatee inni waaqa haqaa miti. Keessa isaatii amala hamaa isa gar malee utuu namaaf hin oo'in waraanee nama madeessu qaba.
- c. Namni tarii qajeelaadha ta'a.

Haa ta'u iyyuu malee dhugaa isaa bara durii durii kaasee amansiisaa fi beekamaa akka ture: Waaqayyo guutummaan guutuutti waaqa haqaa fi qulqulluudha, namni hundinuu immoo fuula isaa duratti cubbamoodha. Ilaachi kunneen hundinuu iyyoobii fi michoota isaa warra isa jajjabeessuu dhufan biratti beekamaa ture.

Qajeelonni warri gooftaa sodaatan, garaa guutuu warri isa duukaa bu'an, jireenya isaanii qulqullinatti warri eeggatan qoramsatti utuu kufanii Kitaaba qulqulluu keenya keessaa bakka adda addaatti ni argina. Fakkeenyaaf: iyyoob 1, faarfannaa 73, kkf. Qormaanni iyyoob kallattiidhumaan yommuu ilaalamu seexanni inni "hammeessituu" jedhamu waan isa hammeesseef, akka iyyoob qoramuufis waan

kadhateef itti dhufe. Haa ta’u iyyuu malee akka iyyoob seexanaan qoramu inni godhe gooftaan iyyoobiif eebba dacha lamaan gatii baaseeraaf. Seexanni kaayyoon isaa yeroo hundumaa gargar ba’umsa uumuudha. Ofii isaatii ulfina sanattii waan gargar ba’eef, namatti hadhaa’ee, utuu namni hundinuu gooftaa irraa addaan ba’ee baay’ee hawwa. Yaaliiwwan seexanni hadheessaa fi gowwomsaadhaan gochaa ture keessaa muraasni kunooti.

1. Uumama 3= hewaaniin gowwomsuu isaa
2. Zakkaariyaas 3= iyyaasuu gadheessuu isaa
3. Maatewoos 4= yesuusiin qoruu yaaluu isaa
4. Mul’ata 12= hadheessa qulqullootaa geggeessuu isaa

Akkaataa Barreeffamaa

Kitaabni iyyoob haala baay’ee qindateen ittiin lixa, qaamaa fi xumura midhagaatti qiqindatee jira. Macaafichi haasawaa adda addaa kanneen bifa adda addaatiin taasifaman of keessaa qaba.

Fakkeenyaaf:

1. Walaloo

Kitaaba iyyoob 3 keessatti dubbii iyyoob bifa walalootiin dubbatu argina. Walaloon isaa kunis akkaataa itti hin baraminiin kan walalameedha. Akka Kitaabni qulqulluun jedhutti walaloon iyyoob 3 fakkaatu faarfannaa 88 qofadha.

Boqonnaa 28 irraa immoo walaloo ogummaa argina.

2. Gaaffii fi deebii

Iyyoobii fi hiriyoonna isaa gaaffii iyyoobiif deebii kennuuf yommuu yaalaa turanitti bifa gaaffii fi deebiitiin haasawaa taasisaniiru.

3. Wal falmii

Boqonnaa 27 irratti immoo iyyoob balleessaa kan hin qabne ta’uu isaa falmata.

4. Dubbii waliinii

Boqonnaa 3-27 keessatti iyyoob namoota sadii: eliifaaz, beldaadi fi zoofaar wajjin haasawaa taasiseera.

5. Dubbii kophaa

Kitaaba kana keessaa dubbii kophaa dubbatamu 3 argina.

Isaanis:

1. Iyyoob [29-31]
2. Elihuu [32-37]
3. Waaqayyo [38:1-42:6]

Qoqqoodama Kitaaba Iyyoob

Macaaficha bakka gurguddaa 5 tti qoodnee qayyabanna.

Isaanis:

1. Ittiin lixa [1-2]
 - a. Jireenya iyyoob isa jalqabaa [1:1-5]
 - b. Qorumsa iyyoob [1:6-2:13]
 - I. Hadheessaa seexanaa isa jalqabaa [1:6-12]
 - II. Iyyoob qoramsa isaa isa jalqabaa injifachuu isaa [1:13-22]
 - III. Hadheessaa seexanaa isa lammaffaa [2:1-6]
 - IV. Amantii iyyoob isa cimaa [2:7-10]
 - V. Dhufaatii firoota isaa sadanii [2:11-13]
2. Dubbii waliinii [3-27]
 - a. Iyyoob dubbii jalqabuu isaa (walaloo) [3]
 - b. Dubbii namootaa isa jalqabaa [4-14]
 - I. Eliifaaz [4-5]
 - II. Deebii iyyoob [6-7]
 - III. Biildaad [8]
 - IV. Deebii iyyoob [9-10]
 - V. Zoofaar [11]
 - VI. Deebii iyyoob [12-14]
 - c. Haasawaa marsaa lammaffaa [15-21]
 - I. Eliifaaz [15]
 - II. Deebii iyyoob [16-17]
 - III. Bildaad [18]
 - IV. Deebii iyyoob [19]
 - V. Zoofaar [20]
 - VI. Deebii iyyoob [21]
 - d. Haasawaa marsaa sadaffaa [22-26]
 - I. Elifaaz [22]
 - II. Deebii iyyoob [23-24]
 - III. Bildaad [25]
 - IV. Deebii iyyoob [26]
 - e. Iyyoob falmii sana cufuu isaa (walaloodhaan) [27]
3. Walaloo ogummaa [28]
4. Dubbii dhuunfaa [29:1-42:6]
 - a. Xumura dubbii iyyoob [29-31]
 - b. Haasawaa elihuu [32-37]
 1. Ittiin lixa [32:1-5]
 2. Qaama dubbii [32:6-37:42]

- I. Dubbii jalqabaa [32:6-33:33]
- II. Dubbii lammaffaa [34]
- III. Dubbii sadaffaa [35]
- IV. Dubbii arfaaffaa [36-37]
- c. Deebii waaqayyoo isa guddaa fi ulfaataa [38:1-42:6]
 - I. Dubbii waaqayyoo isa jalqabaa [38:1-40:2]
 - II. Deebii iyyoob [40:3-5]
 - III. Dubbii waaqayyoo isa lammaffaa [40:6-41:34]
 - IV. Qalbii diddiirrannaa iyyoob [42:1-6]
- 5. Gudunfaa [42:7-17]
 - a. Aarsaa firoota iyyoob [42:7-9]
 - b. Jireenya iyyoob isa haaraa [42:11-17]

A) Gaaffiiwwan Marii

1. Nama mudaa hin qabne waaqayyoon kan jaallatu akka inni qormaataamuuf waaqayyoo maaliif eeyyama seexanaaf laata?
2. Amana tokkoof qormaataamuun faayidaa qaba moo miidhaa qaba?
3. Kitaaba iyyoob 38:7 irratti jechi *“yeroo sanatti urjoonni gara barii in faarfatan,warri waaqa irraa ilmaan waaqayyoo jedhamanis guddisanii sagalee gammachuu in dhageessisan”* jedhu maal ibsa?
4. Kitaaba iyyoob 2:1 irratti *“ammas gaaf tokko warri waaqa irraa ilmaan waaqayyoo jedhaman fuula waaqayyoo duratti argamuudhaaf in dhufan,seexannis fuula waaqayyoo duratti argamuudhaaf in dhufe”* jedha.dubbisa kanarraa ka’uudhaan:
 - A. Waaqa irraa ilmaan waaqayyoo warri jedhaman kun eenyu fa’a?
 - B. Seexanni aboo fuula waaqayyoo dura deemuu ni qabaa?

Kitaaba Faarfannaa(Psalms)

Jechi afaan ingiliziitti **“Psalms”** fi **“Psalter”** jedhan kallattiidhaan afaan girikii irraa fudhataman. Warra jalqaba Kitaabota kakuu moofaa afaan ibrootaa irraa gara afaan girikiitti jijjiiretu jechoota kana fayyadame. Jechoota kanas meeshaalee faarfannaa shiboo yookaan istiringii irraa hojjetamanii sagalee kennan bakka buusuudhaaf fayyadaman. Meeshaaleen faarfannaa isaan itti fakkeessan kunneen:

- **Harp**-kiraara
- **Lyre**-boca u kan qabu, kirnii gitaaraatiin kan hojjetameedha
- **Lute**-gitaara [gitaara aadaa]

Hiikni jecha kanaa Kitaaba afaan oromoo keessatti **“Kitaaba Faarfannaa”** jechuudha. Afaan ibrootaatti Kitaabni kun **Tehillim**

jedhama. Hikni isaas **“Praises”** jechuudha. Afaan oromootti **“Galata”** jechuudha. Kitaabni afaan ibrootaa faarfannaawwan kadhataa Kitaaba kana keessa jiran **Tephillot** jedhee waama. Hiikni isaas kadhata jechuudha. Kanaaf Kitaabni faarfannaa dhaloota kiristoos dura **“Kitaaba Kadhannaa”** jedhamaa ture. Jalqabatti yommuu Kitaabni kun qindataa turetti faarfannaawwan daawwit qofti waan walitti qabamanii barreeffamaniif “faarfannaa daawwit ilma issey” jedhame. Booda irratti garuu faarfannaan namoota kanneen biro hedduun waan itti dabalameef **“Kitaaba Faarfannaa”** jedhame.

Qindoomuu fi Barreeffamuu Kitaaba Faarfannaa

Kitaabni faarfannaa afaan ibrootaatti yommuu barreeffame faarfannoota kutaa adda addaatti walitti qabamanii turan fudhatee akka Kitaaba tokkootti barreeffame. Kanaaf **Collection Of Collection** jedhamaa ture. Hiikni isaas walitti qabama Wantoota walitti qabamanii turanii jechuudha. Barri isaa jaarraa 4^{ffaa} Dh.K.D keessa ture. Jaarraa kana keessa Kitaabni faarfannaa akka Kitaabaatti qiqindatee xumurame. Bakki inni itti barreeffame biyya ibrootaa keessa, tarii magaalota galiilaa fi yihuudaa keessaa tokkotti yoo ta’u, mana qulqullummaa posteksilikii **“Postexilic Temple”** jedhamutti barreeffame. Mana qulqullummaa sana keessattis Kitaaba qulqulluu ta’ee fudhatamuudhaan tajaajiluu eegale. Manni qulqullummaa sun “mana qulqullummaa heroodisii fi zarubaabel” jedhama. Macaafichi yeroo barreeffamee xumurametti Kitaaba kadhataa **[Book Of Prayer]** jedhama ture. Haa ta’u malee kadhata namni dhuunfaa tokko kadhatu irra harka baay’ee caala.

Qabiyyeen Kitaabichaa fi akkaataan inni itti qindatee dhiyaate adeemsa amantii keessatti kitaaba qajeelfamaa fi seera waaqayyoo nama argisiisu, Kitaaba raajii of keessaa qabu, seenaa hedduus kan of keessaa qabu, Kitaaba ogummaa, qabiyyee Kitaaba qulqullun qabu hundumaa akka inni of keessaa qabu ni beekame. Kanaafuu akkaataa itti seera waaqayyootiin geggeeffaman kan namatti argisiisu kitaaba baay’ee cimaa fi aangoo guutuu qabuudha. Jaarraa 1^{ffaa} dh.k.b **“Book of Psalms”** jedhame. Hiikni isaas **“Kitaaba Faarfannaa”** jechuudha. Luqaas 20:42, hojii ergamootaa 1:20. Yeroo sana keessa Kitaabota ibrootaa gurguddaa fi bebbeekamoo keessaa isa 3^{ffaa} ta’ee beekama. Kitaabonni kunneen **“Caaffata Ibrootaa”** jedhamu [writing]. Luqaas 24:44. Kitaabni faarfannaa qiqindatee barreeffamuu kan eegale bara

mooticha daawwit keessa. Yommuu solomoon mana qulqullummaa ijaarsisaa turetti, boci mana qulqullummaa yommuu bocame keessas Kitaabni faarfannaa itti fufee qiqindatee akka Kitaabaatti barreeffamaa tureera. Kanaaf jalqabaa hamma dhuma barreeffama Kitaaba kanaatti barri inni itti fudhate waggaa 1000olita'a. Kunis mootummaa daawwit (naannoo bara 1000 Dh.K.D) eegalee hamma jaarraa 1 dh.k.b ture. Warri jaarraa jalqabaa keessa Kitaaba faarfannaa afaanota adda addaatti hiikaa turan maddoota Kitaaba faarfannaa ibsaniiru. Isaan Kitaaba faarfannaa daawwitiin **“Prayers of David”** jedhan.

Walumaa galatti maddoonni Kitaaba faarfannaa kanneen ibsamanii turan:

1. Kitaaba kadhataa daawwit
2. Kitaaba faarfannaa ilmaan qoraahi [42-49, 84-85, 87-88]
3. Kitaaba faarfannaa aasaaf [50, 73-83]
4. Kitaaba weedduu ittiin ol ba'anii [120-134]

Ibsi Kitaabichaa kan biraan immoo macaaficha bakka 5 tti gooda.

Isaanis:

a. Kitaaba 1

Kutaan kun faarfannaa 1-41 qabata. Kutaa kana keessatti maqaan waaqayyoo *yaahiwweeisa* jedhuudha. Hiikni isaa *goofta* jedhamee waamamaa ture (akka hiika isa jalqabaatti)

b. Kitaaba 2

Kitaabni inni lammaffaan immoo faarfannaa 42-72 qabata. Kutaa kana keessatti immoo baay'inaan maqaan waaqayyo ittiin waamame *iloohiimisa* jedhuudha. Hiikni isaa *waaqayyo* jechuudha. Namoonni maqaa waaqayyoo jechoota adda addaatiin yommuu waaman rakkoo qabaatee yookaan maqaa inni tokko ittiin faarfate mormuu utuu hin taane maqaadhuma beekanitti fayyadamaa turan.

c. Kitaaba 3

Kitaabni kun faarfannaa 73-89 qabata. Innis faarfannaa aasaaf jedhama. Kutaan kun Kitaabota 17 qaba. Bakka 3 tti goodama. Isaanis:

1. Faarfannaa 73-78= faarfannaawwan 6
2. Faarfannaa 79-83= faarfannaa 5
3. Faarfannaa 84-89= faarfannaa 6

d. Kitaaba 4

Kitaabni 4^{ffaa}’n faarfannaa 90-106 tti kan jiruudha. Kitaabni kun “kadhata musee nama waaqayyoo” jedhama.

e. Mafaaca 5

Faarfannaa 107-150 tti kan jiru Kitaaba faarfannaa isa 5^{ffaa} jedhama.

Faarfannaa 90-150 kan jiru [Kitaaba faarfannaa 4^{ffaa} fi 5^{ffaa}] bakka 6 tti qoodama.

Isaanis:

1. Faarfannaa 90-100

Faarfannaawwan kun 11 ta’u. Innis waaqayyo dhalootaa hamma dhalootaatti kattaa kooluu ta’uu isaa fi gaarummaa fi amanamummaa waaqayyoo isa kan bara baraa ta’e dubbata.

2. Faarfannaa 101-110

Walitti qabama faarfannaawwan adda addaati. Akkuma kana ergaan isaas waan hedduu dubbata.

3. Faarfannaa 111-119

Kitaabonni kunneen “*Egyptian Hallel*” jedhamu.

4. Faarfannaa 120-137

Kutaan kun waan 2 qaba. Isaanis faarfannaa ittiin ol ba’anii fi faarfannaa xumuraati.

5. Faarfannaa 138-145

Faarfannoondi kunneen immoo faarfannaa kadhataa fi jajannaa daawwit jedhamu.

6. Faarfannaa 146-150

Isaan kunneen ‘faarfannaa haalleeluyyaa’ jedhamu. Xumura Kitaaba faarfannaatis.

Qoqqoodama Kan Biroo

Kitaabni faarfannaa akkaataa adda addaatiin qoqqoodama. Isaan keessaa fakkeenya kan nuuf ta’an:

- Faarfannaa 93-100- faarfannaa warra dursa walitti qabaman jedhamu. Kitaabonni kunneen waa’ee mooummaa fi ol aantummaa gooftaa kan ibsaniidha. 93:1, 96:10, 97:1, 99:1
- Faarfannaa 111-118- faarfannaawwan haalleeluyyaa jedhamu. Halkan gooftaan itti qabametti faarfannaa kana bartoota isaa fi gooftaan yesuus faarfatanii turan. *Maarqos 14:26*

- Faarfannaa 138-145- faarfannaawwan kun hundumtuu kan daawwit.
- Faarfannaa 146-150- faarfannaa jajannaa waaqayyoo jedhamu.

Qoqqoodama Kitaaba Faarfannaa Hiikka Afaan Giriikii

Kitaabni kun akka jalqaba afaan giriikiitti jijjiirametti boqonnaawwan Kitaaba kanaa ni jijjiira. Isaanis:

Kanneen armaan gadii akka faarfannaa 1 tti kaa'e.

- Faarfannaa 9-10
- Faarfannaa 114-115
- Gara xumura Kitaaba kanaatti boqonnaawwan muraasa walitti dabaleera.

Kanneen gadii immoo faarfannaa (boqonnaa) lama lamatti qooda.

Isaanis:

- Faarfannaa 116
- Faarfannaa 147

Hiikni jalqabaa inni afaan ibrootaa immoo faarfannaa 42 fi 43 akka Kitaaba 1 tti kaa'eera.

Faarfannaawwan Barreessaan Isaanii Hin Ibsamin (Superscription lack)

Faarfannaa 150 Kitaaba faarfannaa keessa jiran keessaa 34 kan ta'an abbaan barreesse hin beekamne. Isaan keessaa 17 hiika afaan giriikii isa jalqabaa (septuagint) keessatti barreeffamee kan jiru yoo ta'u, isaanis faarfannaa isa sadaffaa fi araffaa keessatti argamu. Akkanumas Kitaaba faarfannaawwan kadhataa keessaa isaan arganna. Faarfannaawwan kunneen:

- Faarfannaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} keessaa:
1, 2, 10, 33, 43, 71.
Haa ta'u malee faarfannaawwan 10 fi 43 faarfannaawwan kanneen isaan duraatti kan fufaniidha.
- Faarfannaa 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} keessaa:
91, 93, 94, 95, 96, 97, 99, 104, 105, 106, 107, 111, 112, 113, 114, 115, 116, 117, 118, 119, 135, 136, 137, 146, 147, 148, 149, 150

Qabiiyyeewwan isaan kanaa adda addadha. Kanneen gadii kanaan wal irraa adda ta'u.

- a. Barreessaa
- b. Maqaa faarfannichaa
- c. Gosa faarfannichaa

- d. Zeemaa
- e. Akkaataa barreeffamaa
- f. Qabiyyee yookaan ergaa isaanii.

Akkaataan Kitaabni faarfannaatti mata dureen godhamee fi ibsi maqaa fi eenyummaa barreessaa baroota hedduu dura kan hojjetameedha. Akkanumas hiikni afaan girikii fi Kitaabni qulqulluun inni jalqaba afaan ibrootaatiin barreeffame kan irratti waliif galu, Kitaabni faarfannaa bakka 6tti qoqqoodamuu akka qabuudha. Yeroo kana egaa faarfannaawwan abbaan barreesse hin ibsamin kun akka gaariitti ifa ta'uu ni danda'u ture. Faarfannaawwan kun Kitaaba saamu'eel laman keessaa akka fudhatamanitti yaadni kennamaa tureera (beektota Kitaaba qulqulluutiin). Karaa biraa immoo mata-duree isaanii wajjin bakka took tokkotti wal hin fakkaatan kan jedhus yaadni maddee ture.

Barreessitoota Kitaaba Faarfannaa

Kanneen armaan gadii barreessitoota Kitaaba faarfannaati [faarfattoota]

A. Daawwit

Daawwit nama sanyii yihuudaati. Maqaan abbaa isaatii issey jedhama. Issey nama hoolota horsiisuudhaan jiraatu yoo ta'u, maqaan mandara isaatii beetaliehem jedhamti. Magaalaa yeruusaalem irraa gara kibbaatti 5km fagaatti.

Daawwit mana abbaa isaa keessatti ilmaan 8 keessaa mucaa isa dhumaati. Jireenya ijoollummaa isaatii hoolaa abbaa isaa issey tiksudhaan dabarse. Yeroo hoolaa tiksaa ture sanatti faarfannaa faarfachuu eegale. Bakka tikaa sanatti yommuu hoolaa duukaa adeemutti waan lama of harkaa qaba. Isaanis furuunsaa isa ittiin dhagaa darbatanii fi kiraara ittiin faarfannaa faarfatuudha. Bakki inni hoolaa tiksu caakkaa yihuudaa isa leenconni yihuudaa warri baay'ee gurguddaa fi sodaachisoon jiraatan keessadha. Caakkaan sun tulluu magaalaa yeruusaalem marsanii turan uwwisee ture. Kanaaf leenconni caakkaa sana keessaa yommuu aadan sagaleen aadnaa isaanii 40km irratti dhaga'ama. Gosa leencaa isa baay'ee cimaa jechuudha. Kan biraan immoo amaaketatu caakkaa sana keessa jiraata. Amaaketni bineensa addunyaa guutuu irra jiran keessaa 'bineensa hamaa' jedhamee kan beekamuudha [leopard]. Innis gosa qeerransaa ta'ee qaamaan baay'ee guddata, hamma leencaa garuu hin ga'u. Jagnummaa fi gara jabinni amaaketaa baay'ee hadhaa'aadha. Isaan kana gidduu yommuu hoolaa tiksu daawwit bineensonni kunneen yoo hoolaa

qabatan illee furuursaa isaatiin rukutee afaanii buusaa ture. Qaaruu bineensota kanaa qabee akka babbaqaqsaa tures dubbateera. Bakka akkanaatii waamamee mootummaadhaaf dibame. Bu'aa ba'ii hundumaa booddee saa'olitti aansuudhaan mootummaa israa'elisa lammaffaa waggaa 40'f bulchee lafa kana irraa nama darbe, nama akka garaa waaqayyoo, mootii qajeelummaa fi dhugaadhaan saba bulchu, qalbii diddiirrannaan kan irraa adda hin bane ture. Adeemsi jireenya isaatii akka armaan gadii kana ta'a:

- *Dhaloota daawwit= 1040*
- *Daawwit saa'oliin bakka bu'uudhaaf dibame=1025*
- *Du'a saa'oli fi jalqaba mootummaa daawwit isa jalqabaa isa kebiroon [1saam 31:4-6, 2saam 2:1-4:11] =1010*
- *Jalqabuu mootummaa daawwit isa lammaffaa magaalaa yeruusaalem (guutummaa israa'elirratti) [2saam 5] =1003*
- *Lola daawwit lolaa ture [2saam 8:1-14]= 997-992*

Faarfannaawwan Kitaaba faarfannaa hedduun isaanii kan daawwit. Ofii faarfachuu irra iyyuu darbee faarfattoota sanyii leewwii miindaadhaan faarfannaa irratti qacaraa ture. Gartuu sadii daawwit hundeessee ture [1seenaa baraa 6]. Isaanis:

1. Gartuu Ilmaan Qoraahi
2. Gartuu Aasaaf
3. Gartuu Meraarii Turan.

B. Solomoon

Solomoon ilma daawwit mootichaa isa haadha manaa **Uuriyaa** heetichaa irraa bara 991 Dh.K.D tti daawwitiif dhalateedha. Innis mootii ta'ee teessoo abbaa isaa irras taa'ee ogummaa dinqisiisaadhaan biyya israa'elgeggeessaa, biyya lafaa guutummaatti ajaa'ibsiifatamaa ture. Solomoon bara mootummaa isaatii keessa mana qulqullummaa fi mana mootummaa ijaaree darbe. Barri mootummaa solomoon 970-930 Dh.K.D yoo ta'u, bara 968-961 Dh.K.D tti mana qulqullummaa yeruusaalem ijaaree xumure.

C. Ilmaan Qoraahi

1seenaa baraa 6

Qoraahi- qoraahi nama sanyii leewwiiti. Innis geggeessaa gartuu faarfattootaa ture. Qoraahi booddee ijoolleen isaa, ijoolleen ijoollee isaas qomoodhaan ittuma fufanii faarfannaadhaan tajaajilu. Utuu manni qulqullummaa hin ijaaramin balbala dunkaana itti wal ga'anii

dhaabbatanii faarfatu turan. Erga manni qulqullummaa ijaaramee immoo mana qulqullummaa keessatti yeroo hundumaa faarfatu. Hojiin isaanii faarfannaa faarfachuu qofa. Tajaajila faarfannaa irra kan isaan dhaabe daawwit ture. Bara daawwit keessa geggeessaan gartuu isaanii heemaan jedhama. Innis gartuu (quire) ilmaan qoraahi geggeessa. Faarfannaawwan ilmaan qoraahi: faarfannaa 42-49, 84, 85, 87 fi 88

D. Hemaan

Hemaan sanyii ijoolle qoraahi sanyii leewwii yoo ta’u, bara daawwit keessa geggeessaa gartuu ‘ilmaan qoraahi’ ta’ee hojjetaa ture. Gartuun qoraahi warri hamaan geggeessu gidduu dhaabbatanii faarfatu. Bitaa fi mirgaa isaaniitiin immoo gartuu kan biraatu jiru.

Toora Sanyii Hemaan

Hemaan yoo’eel saamu’eel elqaanaa yeroo ham elii’eel to’aa zuuf elqaanaa mahaat amaasaayi elqaanaa yoo’eel azaariyaa sefaaniyaa tahaat asiir abiyaasaaf qoraahi yizhaar qehaat leewwii yaaqoob isaaq abirahaam turan.

E. Aasaaf

Iseenaa baraa 6

Aasaaf akkuma hemaan sanyii leewwiiti. Kanaaf obboleessa hemaan jedhama. Innii fi gartuun isaas gara mirga gartuu qoraahi dhaabbatanii faarfataa turan. Aasaaf gartuu geershoon irratti geggeessaadha.

Toora Dhaloota Aasaaf:

Aasaaf bereekiyaa shime’aa mikaa’el ba’aseyaa malkiiyaa etnii zeraa adaayaa eyitaan ziimaa shime’ii yaahaat geershom leewwii yaaqoob isaaq abirahaam turan. Aasaaf sanyii ilma leewwii isa geershoon jedhamuu waan tureef ‘aasaaf geershoonicha’ jedhamee beekama ture.

F. Eetaan

Gartuun eetaan karaa harka bitaa gartuu qoraahi dhaabbatanii faarfataa turan. Maqaan isaa inni kan biraan yeduutuun jedhama. Innis gartuuwwan sadan daawwit ijaaree geggeessaa itti godhe keessaa tokko geggeessaa ture. Gartuun isaas gartuu meeraarii jedhama. Meeraariinis maqaa qomoo ilma leewwiiti. Heemaanii fi yeduutuun geggeessitoota gartuu faarfattootaa warra meeshaalee faarfannaa kanneen akka fiingee fi sibiila walitti rurrukutamee sagalee dhageessisu qabu.

Toora Dhaloota Eetaan

Eetaan qiishii abdii maluuk hashaabiyaa amaasiyaa hiilqiyaa amzii baanii shaamer maahilii mushii meraarii leewwii yaaqoob isaaq abirahaam turan.

G. Musee

Museen raajii waaqayyoo isa guddaa saba israa'elbiyya garbummaa gibxii baaseedha. Innis abbaa isaa nama sanyii leewwii maqaan **Amiiraam** jedhamuu fi haadha isaamaqaan ishee **Yookebed** jedhamu irraa naannoo bara 1516 Dh.K.D tti biyya gibxi bakka gooshen jedhamutti dhalate. *Ba'uu 2 fi 6*

Bakki sun bakka mootiin gibxi inni bara yooseef muudame biyya gibxi bulchaa ture israa'elootaqubachiise, bakka guutummaa biyya gibxii keessaa cooma qabuu fi horii qe'eefis mijataa tureedha. *Uum 46:28-27:1-12* Nama waggaa 40 yeroo ta'etti, naannoo bara 1486 Dh.K.D tti museen biyya gibxii ba'ee gara biyya miidiyaan dhufe. Biyya kanas waggaa 40 erga turee booddee bara 1446 Dh.K.D tti gooftaan ibidda boba'aa keessaan isatti mul'ate. Itti dubbatees humna guddaadhaan gara biyya gibxitti isa ergee karaa hojjetaa isaa kanaa saba isaa biyya garbummaatii baase. *Ba'uu 2 kaasii ilaali.*

Yeroo sana museen geggeessituu saba israa'elture. Waggaa 40'f lafa onaa keessa geggeessaa hafuura waaqayyoo fi saagalee isaatiin saba sana tiksee yeroo nama waggaa 120 ta'etti, bara 1406 dh.k.b tti du'e. Bakki museen itti du'e tulluu phiisgaa jedhamu irra yoo ta'u, tulluun sun galaana yordaanos gama fuullee biyya kakuu saba israa'elture. *Kees 34* Bara musee irraa kaasee sabni biyya lafaa hundumtuu waa'ee saba israa'elgurrumaan dhaga'uu qofaan illee duratti hollatu turan.

Egaa museen kun raajii waaqayyo fuula fuulaan beekke wajjin haasa'u, nama guutummaa biyya lafaa irra jiraate keessaas nama gara laafessa ture. Seera lakkoofsaa 12. Museen faarfannaa akka inni israa'elootabarsiisuuf waaqayyo isaaf kenne qaba. Keessa deebii 32

H. Barreessitoota Hin Beekamne

Barreessitoonni maqaan isaanii hin beekamne faarfannaawwan muraasa barreessaniiru. Faarfannaan isaan kanaas Kitaaba faarfannaa keessatti barreeffameera. Faarfannaawwan kunneen olitti ibsamaniiru.

Bara Barreeffamaa

Kitaabonni farfannaa yeroo adda addaatti barreeffama. Fakkeenyaaf faarfannaan musee bara israa'eloonnibiyya gibxii ba'an barreeffame, kan daawwit immoo bara jireenya daawwit keessa ture. Akkanuma kanneen biroonis yeroo mataa mataa isaaniitti barreeffaman. Kanaafuu yeroo dheeraa fudhateera.

Walumaa galatti bara musee (1440 Dh.K.D) eegalee hamma baabiloon yihuudaa kuffifteetti (538 Dh.K.D) tti barreeffamaa ture.

Gosoota Faarfannaa

Akka Kitaabni faarfannaa inni jalqabaa afaan ibrootaa gosa gosaan qoqqoodutti faarfannaa gosoota armaan gadiitu Kitaaba faarfannaa keessa jira.

1. *Mizmor--psalm*
2. *Shir--[song]*
3. *Tephilla--[prayer]*
4. *Lehazkir-- [for being remembered]*
5. *Letodah--[for praising]*
6. *Lelammed--[for teaching]*
7. *Shir yedidot--[song of love]*

Qayyabachuuf akka ta'utti yommuu qoqqoodamutti macaafichi akka gadii kanatti gargar hirama.

- a. ***Kadhata dhuunfaa*** (prayers of individual). Fakkeenyaaf, faarfannaa 3-7
- b. ***Gargaarsa isaatiif dhuunfaa ofiitti waaqayyoon jajachuu*** (praise from individual for god's help and saving). Fakkeenyaaf, faarfannaa 30 fi 34
- c. ***Kadhata tokkummaa kan sabaa*** (prayers of community). Fakkeenyaaf, faar. 12, 44, 79.
- d. ***Gargaarsa isaatiif jajannaa sabni guutummaatti waaqayoof dhiyeessu*** (praise from community for god's saving help). Fakkeenyaaf, faar. 66, 75
- e. ***Faarfannaa qalbii diddiirrannaa*** (confessions of confidence in the lord). Fakkeenyaaf, faar 11, 16, 52
- f. ***Eenyummaa isaatiif waaqayyoon jajachuu*** (hymns in praise of god's majesty). Fakkeenyaaf, faar 8, 19, 29, 65.
- g. ***Aangoo waaqayyoo jajachuu*** (hymns celebrating god's universal reign). Fakkeenyaaf, faar 47, 93-99
- h. ***Faarfannaa tsiyoon magaalaa qulqulluu***(songs of zion). Fakkeenyaaf, faar 46, 48, 76, 84, 122, 126, 129, 137.

- i. *Faarfannaa mootummaa nama waaqayyo dibee* (royal psalms). Fakkeenyaaf, faar 2, 18, 20, 45, 72, 89, 110
- j. *Faarfannaa ittiin gara iddoo qulqullaa'aatti adeeman* (pilgrimage songs). Fakkeenyaaf, faar 120-134
- k. *Faarfannaa mana qulqullummaa keessaa warra dhaabbatoo ta'an* (inturgical songs). Fakkeenyaaf, faar 15, 24, 68
- l. *Faarfannaa gorsaa fi dhuga ba'umsaa* (didactic songs). Fakkeenyaaf, faar 1, 34, 37, 73, 112, 119, 128, 133

Faarfannaawwan qoqqodama kana keessatti qoodaman bakka tokko tokkotti yeroo itti walirra bubu'an jira. Fakkeenyaaf, faarfannaan kadhataa kan nama dhuunfaa fi kan mootii, faarfannaa namni dhuunfaa dursee erga faarfatee booda saba barsisee waliin faarfatu, kan biroonis jiraachuu ni danda'u. Kanaaf hubannaa kanaan nama qayyabatu hin rakkisu.

Amaloota Walii Galaa Kitaaba Faarfannaa

Faarfannaawwan Kitaaba kana keessaa amaloota wal fakkaataa armaan gadii qabu. Isaanis:

1. Bifa walalootiin barreeffaman.
2. Ergaawwan adda addaa dabarsu, lakkoofsaa lakkoofsatti illee yeroo ergaan isaa adda adda ta'u ni mul'ata.
3. Waanta dubbatan sana sammuu namaa keessatti uumuudhaaf dandeettii guutuu qabu.
4. Kadhataa fi galata [jajannaa] tti caalu.
5. Jaarraawwan hedduudhaaf walitti qabamanii kan qindataniidha.

Qindoomina Kitaaba Faarfannaa

Kitaabni faarfannaa waggoota dheeraadhaaf kan walitti qabamaa ture ta'uun isaa amanamaadha. Erga qindatee raawwatee booda maraa Kitaabaatti galee barreeffamee kaa'amee ture. Yeroo sana Kitaabni qulqulluun 'caaffata qulqullaa'oo' jedhama ture. Afaan ibrootaa fi yihuudotaatiin barreeffamee ture. Gooftaan yesuus iyyuu mana qulqullummaa fi mana sagadaa keessatti yommuu barsiisaa ture maraa Kitaabaa sana irraa dubbisee barsiisaa ture.

Kitaabni faarfannaa yeroo jalqabaatiif kan qinqindatee akka Kitaabaatti hojii irra oole mana sagadaa appoosteliksiitti ture [apostexilic temple]. Yeroon isaa jaarraa 4^{ffaa} Dh.K.Dkeessadha. Yeroo sana Kitaabni kun **"Kitaaba Kadhataa Mana Qulqullummaa fi Mana Sagadaa"** jedhamee waamama. Kitaabni faarfannaa faarfannaawwan 150 of keessaa qaba.

Kitaaba Fakkeenya(Proverbs)

- *Bara mootummaa solomon keessa bareeffame (970-930 Dh.K.D) jedhamee yaadama.*
- *Kan inni barreefameef saba israa'eliif*
- *Kan barreesse mooticha solomoonii fi ogeessota kan biroo.*
- *Qabiyyeen isaa barbaachisummaa ogummaa fi sodaa waaqayyootiin jiraachuu barsiisuuf.*

Barreessitoota Kitaaba Fakkeenya

Kitaabni fakkeenya Kitaaba ogeessota hedduudhaan barreeffameedha.

Isaanis:

1. Mooticha Solomoon Gara Caalu Kan Barreesse Isadha.

Solomoon ilma daawwit mootichaa isa haadha manaa **uuriyaa** heetichaa irraa bara 991 Dh.K.D tti daawwitiif dhalateedha. Innis mootii ta'ee teessoo abbaa isaa irras taa'ee ogummaa dinqisiisaadhaan biyya israa'elgeggeessaa, biyya lafaa guutummaatti ajaa'ibsiifatamaa ture. Solomoon bara mootummaa isaatii keessa mana qulqullummaa fi mana mootummaa ijaaree darbe. Barri mootummaa solomoon 970-930 Dh.K.D yoo ta'u, bara 968-961 Dh.K.D tti mana qulqullummaa yeruusaalem ijaaree xumure.

2. Nama ogeessa maqaan isaa hin beekamne[22:17, 24:23]

Ogeessi kun nama biyya gibxi. Innis ogummaa yihuudotaa nama barateedha. Ogummaan inni dubbatu ogummaa biyya gibxi. Innis barbaachisummaa ogummaa fi beekumsaa irratti barsiisa kenna. Akkaataan dubbii fi barsiisa isaatii kan ibrootaa wajjin wal fakkaata.

3. Aguur ilma yaaqee[30]

Aguur nama ogeessa israa'elkan hin taaneedha. Inni nama biyya ba'a biiftuu, biyya iyyoob ture. Snyiin isaa ismaa'el. Biyyi nama kanaa maasaa [oracle] jedhama. Hiikni maqaa kanaa afaan ibrootaatti 'lift up, carry up' jechuudha. Innis ol kaasuu, ol fuudhuu jechuudha. Kanaaf biyyi kun biyya raajotaati, raajonnis biyya sanaa yommuu raajii dubbatan akka namni dhaga'uu danda'utti sagalee isaanii ol fuudhanii dubbatu turan.

Aguur barsiisaa ogummaati. Barattoota isaa keessaa 3 maqaa dha'amaniiru. Isaanis:

- a. Itii'eel
- b. Itii'eelii

c. Ukaa

4. Mooticha leemu'eel[31:1-9]

Leemu'eel mootii biyya maasaati. Warri maasaa ismaa'eloota. Kanaaf mootiin kunis sanyii ismaa'el ta'a. Innis mootummaa isaa haadha isaatti aansuudhaan qabate. Haati isaa isa dura mootii waan turteef gorsa bu'uuraa isaaf kennite. Gorsawwan ishee keessaa gorsi lama isa isheen cimsitee gorsiteedha. Isaanis Wantoota mootiin irraa of eeggachuu qabuudha:

a. Dhugaatii nama macheessu

b. Dubartii

Jechoonni leemu'eel itti fayyadamee dubbatu hundumtuu jechoota afaan aramayic [syria] irraa kan fudhatameedha. Akkaataan dubbii isaa fi jechoonni isaa hundumtuu kan ibrootaa irraa adda.

Fakkeeniyotas ta'e dubbiin ogummaa hedduun kan solomoon ta'uun isaanii mata duree boqonnaa sanaatiin ibsameera. Fakkeenyaaf, 10:1, 25:1. Fakkeeniyota boqonnaa 25 irra jiran hojjetoota mootii yihuudaa hisqiyaastu caaffata solomoon irraa galagalfatee itti fayyadamaa ture. Akka kanatti Kitaaba kanatti dabalammu danda'e. Kana jechuun jarri fakkeeniyota sana gulaalaniiru jechuudha. Akkasumas ogeessonni dubbiiwwan ogummaa boqonnaa 25-29 jiru itti dabalaniiru.

Solomoon mootihi dandeettii fakkeeniyotaa fi jechoota ogummaa adda addaa dubbachuu kan baay'ee cimaa ta'e qaba. Kunis 1mootota 4:32 irratti ibsameera. Mootichi fakkeeniyota 3000 qaba. Ogummaan isaas baay'ee guddaadha. Kutaa Kitaaba qulqulluu keessaa bakka hedduutti guddummaa ogummaa isaatii ni arganna. Fakkeenyaaf: 1mootota 4:29-34, 10:1-13, 23-24

Dubbiin ogummaa solomoon ibsa jalqabaa kan mataa isaatii qaba. 1:1-7 tti ibsa kana ni arganna. Akkasumas ibsa xumuraa qaba. 31:10-31 tti ni arganna.

Bara Barreeffamaa

Fakkeenyonni solomoon jaarraa 10^{ffaa} Dh.K.D barreeffaman. Barri sun yommuu israa'eloonnimoottummaa 2 tti ba'anii turan keessa ta'a jedhamee tilmaamama. Fakkeenyonni kaanis baruma jireenya mootichaa fi bara mootummaa isaa keessa akka maddan itti waliif galama.

Kitaaba fakkeenya keessaa 22:17-24:22 tti fakkeenya 30 arganna. Isaan kunneen , keessumaa warri duraa kurnan jechoota ogummaa gibxi 30'n isa "wisdom of amenemope" jedhamuu wajjin wal fakkaata. Warri gibxi seera nagaan isaanii ittiin kabajan qabu turan. Bara mooticha solomoonitti Kitaabni ogummaa isaanii kun akka naga eegduutti isaan tajaajilaa ture.

Boqonnaa 1-9 tti fakkeenya fi jechoonni ogummaa barreeffamanii jiran jechoota ogummaa mesoopotaamiyaa fi gibxi isa jaarraa 2^{ffaa} Dh.K.D wajjin wal fakkaata.

Bara 715-686 Dh.K.D keessa Kitaabni fakkeenya fi ogummaan solomoon gulaalamaa ture. Akka itti fayyadamuuf isaaniif ta'utti kan hojjechiise hisqiyaas mootii yihuudaati [25:1]. Yeroon sun bara haara'umsi hafuura yihuudaa keessatti mootichaan taasifamaa tureedha. Mootichi akkasumas faarfannaawwan daawwit mootichaa fi aasaaf hundumaas baay'ee jaallata [2seenaa 29:30]. Jechoonni ogeessotaa maqaan isaanii armaan olitti ibsame hundumtuus itti dabalameera. Kanaaf facaafni fakkeenya hamma bara xumura mooticha yisqiyaasitti qiqindatee hin dhumu ture jechuudha.

Uumamaa fi Amala Kitaaba Fakkeenya

Kitaabni fakkeenya akka Kitaaba raajotaa waanta gara fuula duraatti ta'u irratti hin xiyyeeffatu, dhugaa hawaasa keessaa mul'atu dubbata.

Fakkeenyaaf:

10:3=== waaqayyo warri qajeelonni akka beela'an hin godhu.
Kajeellaa

Warra jal'ootaa garuu lafatti in dabala.

10:27=== waaqayyoon sodaachuun bara jireenya in dheeressa,
barri

Warra jal'ootaa garuu in gabaabbata.

13:25=== namni qajeelaan hamma quufutti in nyaata, namni
jal'aan

Garuu in beela'a.

Akka afaan ibrootaatti Kitaabni fakkeenya maqaawwan armaan gadiitiin waamama:

- **Oracle.**(yaada gad-fagoo)
- **Taunt.**
- **Parable.** (hibboo)

Kanaafuu hiikni maqaa Kitaaba kanaa akka afaan oromoo fi afaan ingiliffaatti hiika dhaabbataa kan qabu utuu hin taane, maqaa bal'aa fi

akkaataa adda addaatiin hiikamuu danda’u kan qabuudha jechuudha. Jechuma tokko illee akkaataa adda addaatti hiika afaan ibrootaa fayyadamuudhaan utuu fayyadamuu ni argina.

Fakkeenyaaf:

30:33 irraa jechoonni afaan ibrootaa **churning** [jabeessanii furrii baafachuu], **twisting** [aannan raasuu] fi **string** [tuttuqanii nama aarsuu] jedhaman fudhatamaniiru.

Fakkeenyonni Kitaaba fakkeenya keessa jiran gaggabaaboo fi ergaa mataa isaanii kan dabarsaniidha.

Boqonnaa 10:1- 22:16 tti kanneen jiran fakkeeniyota toora lama lama dhedheerataniidha. Isaan keessaa 10-15 kan jiran garuu fakkeeniyota addaati.

Ergaa fi Kaayyoo Kitaaba Fakkeenya

Kaayyoowwan Kitaaba fakkeenya fi barsiisni isaa boqonnaa 1:1-7 irratti barreeffamee jira. Akkana jedha: *Fakkeenyonni solomoon ilma daawwit mootichaa kanatti aananii jiru; isaanis Namoonni ittiin ogummaa fi barsiisa akka argataniif, dubbii beekumsa of keessaa qabus akka hubataniif in gargaaru. Akkasumas qalbifachuudhaan, qajeelummaa fi waanta seeraan eegame, waanta dhugaa ta’es akka argataniif, wallaalonni mala, ijoollonnis beekumsaa fi dubbii gargar baasuu akka qabaataniif kennaman. Namni ogeessi in dhaggeeffata, barumsas in dabalata, namni dubbii gargar baasuu beekus mala in argata. Dubbii fakkeenyaan dubbatamu, haasaa sookaa, waanta ogeeyyiin dubbatanii fi hibboo in hubata. Waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaati. Gowwoonni garuu ogummaa fi barsiisa in tuffatu.*

Caqasa kana keessatti Wantoota gurguddaa 5 argina. Isaanis:

a. Faayidaa fakkeeniyota kanaa

- ❖ Namoonni ittiin ogummaa fi barsiisa akka argataniif,
- ❖ Dubbii beekumsa of keessaa qabus akka hubataniif in gargaaru.

b. Sababa kennamuu fakkeeniyota solomoon

- ❖ Akkasumas qalbifachuudhaan,
- ❖ Qajeelummaa fi
- ❖ Waanta seeraan eegame,
- ❖ Waanta dhugaa ta’es akka argataniif,
- ❖ Wallaalonni mala,
- ❖ Ijoollonnis beekumsaa fi
- ❖ Dubbii gargar baasuu akka qabaataniif kennaman.

c. Nama ogeessa

- ❖ Namni ogeessi in dhaggeeffata,
- ❖ Barumsas in dabalata,

d. Nama dubbii gargar baasuu beeku

- ❖ Namni dubbii gargar baasuu beekus mala in argata.
- ❖ Dubbii fakkeenyaan dubbatamu,
- ❖ Haasaa sookaa,
- ❖ Waanta ogeeyyiin dubbatanii fi
- ❖ Hibboo in hubata.

e. Jalqaba ogummaa

- ❖ Waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaati. Gowwoonni garuu ogummaa fi barsiisa in tuffatu.

Kitaabni kun mafaaca waan dubbatu hundumaa hojiitti hiiku [practical book] fi waa'ee jireenyaa gadi fageenyaan ibsuudha. Gowwummaa irraa nama deebisuudhaan jireenya ogummaan kuulee miidhegse jiraachuuf kan nama gargaaruudha.

Caqasawwan adda addaa irratti namni dargaggeessi ogummaa akka filatu jabeessee gorsa. Fakkeenyaaf, 1:8-9:18 ilaalaa.

Nama Gowwaa

Kitaabni kun waa'ee jireenya nama gowwaa ni dubbata. Amaloota gowwaa keessaa lama irratti gadi fageenyaan utuu xiyyeeffatuu in argina. Isaanis:

- a. Amanamummaa fi jaalalaan jiraachuu tuffatee hojii isaatti dhibaa'uudhaan biyya lafaa duukaa bu'a.
- b. Ejja.

Qoramsi ejjaa nama gowwaatti akkaataa lamaan dhufa. Isaanis:

1. Qoramsa yeroo dargaggummaa. 1:10-19
2. Qoramsa dubartii ejjituu irraa dhufu boqonnaa 5 fi 7, akkasumas 6:20-35.

Caasaa Kitaaba Fakkeenya

Boqonnaa 1-9 keessatti walii galatti ogummaa fi gowwummaa, ija hojii fi bu'aawwan isaanii hundumaa dubbata.

Boqonnaa 10-22 tti immoo fakkeeniyota ogeessichaa, fakkeeniyota solomoon argina. Tokkoo tokkoon fakkeeniyota isaatii ergaa mataa

mataa isaanii dabarsu. Ta'us garuu fakkeenyonni tokkoo ol ta'anii ergaa tokkicha utuu dabarsanii darbee darbee ni mul'atu. Fakkeenyaaf, 11:24-25 fi 16:12-15, 19:4-7 yoo ilaalle akka waan nama tokkotti xiyyeeffataniitti dubbatu. Boqonnaa 25-29 tti kuusaa fakkeeniyota solomoon isa lammaffaa argina. Kana booda kallattiidhumaan gara jechootaa fi fakkeeniyota ogeessotaatti darbina. Boqonnaa 30 irraa jechoota ogummaa ogeessotaa arganna. 31:1-9 tti gorsa mootiidhaaf kenname, 31:10-31 tti waa'ee haadha manaa gaarii dubbata.

Jireenya Nama Ogeessaa

Akkuma olitti ilaalle Kitaabni fakkeenya xiyyeeffannaa guddaadhaan waa'ee ogummaa barsiisa. Barsiisa isaa kana keessaa waa'ee nama ogeessaa akka armaan gadii kanatti waan murteessoo ta'an haa ilaallu:

1. Amala ogeessaa

a. Barsiisuu kan danda'uu fi namatti dhiyeenya kan qabu.

- Gorsa ni jaallata, ni fudhatas. 18:15, 19:20
- Ogummaadhaan guddata. 1:5, 9:9, 10:14

b. Nama qajeelaadha.

- Waaqayyoom ni sodaata. 1:7, 14:16
- Soba jibba. 13:5
- Jal'ina dhabamsiisuuf kan yaaluudha. 2:20
- Dhugaa dubbata. 22:21

c. Gadi of deebisa. 15:33

d. Nama of qabuudha.

- Nama furmaataati.
 - Hafuura of qabuutiin geggeeffama. 29:11
 - Hafuurri isaa dammaqaadha. 17:27
 - Dafee hin aaru. 29:8, 29:11

Akkaataa gochaa isaa:

- Dubbii isaa eeggannaadhaan dubbata. 19:2
- Utuu hin hojjetin dursee itti yaada. 13:16, 14:8
- Utuu hin dubbatin itti yaada. 12:23, 15:2

e. Dhiifama namaaf godha.

- Ni obsa. 19:11
- Waa'ee waan gaarii yaada. 14:9
- Waan isatti badu hundumaaf dhiifama godha. 10:12, 17:9
- Nam miidhuu kan hin barbaanneedha. 20:22, 24:29

2. Hariiroo ogeessaa

a. Hariiroo ogeessi waaqayyoo wajjin qabu shanan:

1. Waaqayyoon ni sodaata. 9:10, 14:16, 15:33
2. Waaqayyotti amana. 3:5, 16:3, 16:20
3. Yeroo hundumaa waa'ee waaqayyoo yaada. 3:6
4. Karaa waaqayyoo fo'ata. 8:10-11, 17:24
5. Waaqayyoof abboomama. 1:2-3, 3:11

3. Cubbuu isaa ni himata. 28:13

- ✚ Maatii isaa waliin
- ✚ Maatii isaa ni kabaja. 17:6 fi 30:17 (faallaa)
- ✚ Isaaniif ni dhaga'a. 23:22
- ✚ Isaan gammachiisuudhaaf jabaatee hojjeta.
 - Ogummaadhaan. 10:1, 15:20, 29:3
 - Qajeelummaadhaan. 23:24
 - Ciminaan hojjechuudhaan. 10:5

Haadha manaa isaa

- a. Ni kabaja.
 - Akka kennaa waaqayyootti. 18:22, 19:14
 - Akka gonfoo ulfinaatti ilaallata. 12:4, 31:10-31
- b. Ishee jajata. 31:28
- c. Ishee amanata. 31:11
- d. Ni amanamaaf. 5:15-20

Ijoollee isaa

- a. Ijoollee isaa ni jaallata. 3:12, 13:24
- b. Ni yaadaaf. 1:8-9:18
- c. Isaan barsiisa. 22:6

Sababa inni isaan leenjisuuf:

- Qalbii isaanii nagaa fi gammachuudhaan guutuuf. 29:17
- Ulfina qabeeyyii fi jireenya gaarii kan jiraatan akka ta'aniif. 1:8-9, 4:9, 19:18, 23:13-14
- Barsiisuu fi qajeelchuudhaaf. 1:10, 5-7, 28:7,
- Adabaan isaan guddisa.
 - Gorsaan. 13:1
 - Adaba qaamaa. 13:24, 23:13-14

- d. Waan isaan barbaachisu [kan foonii 21:20] fi hafuura ni qopheessaaf. 14:26, 20:7

Namoota naannoo isaa wajjin

a. Hiriyoota isaa

- Akka isaan bu'aa argatan godha. 27:10
- Ni dhaabbataaf. 17:17, 18:24

b. Ollaa isaa

- Dirqama isaa ni ba'aaf. 3:27-28
- Nagaadhaaf dhama'a. 3:29-30
- Keessummaa kan simatuudha. 25:17
- Geggeessummaa irratti cimina argisiisa. 16:29, 26:18-19

3. Dubbii isaa

a. Humna dubbii isaatii

- Dubbiin isaa humna ajjeesuu fi jiraachisu qaba. 12:6, 13:14, 15:4, 18:21
- Dubbiin isaa humna madaa fayyisu qaba. 11:9-11, 12:18, 15:30, 16:24
- Dubbii nama gargaaru qofa dubbata. 14:23
- Dhugaa hin ukkaamsu. 26:23-26
- Deebii gara aariitti nama geessu namaaf hin deebisu. 29:19

b. Akkaataa dubbii isaa

- Dhugaa fi amanamaa dubbata. 12:22, 16:23
- Dubbii hin baay'isu. 10:19
- Dubbii isaa keessa of tuulmaan hin jiru. 27:2
- Falmii hin jaallatu. 17:14
- Dubbii namoota garaa gara hin baafne dubbata. 29:9
- Oduu waa'ee nama dhuunfaa hin odeessu.
Dhoksaa namaa bakkeetti hin baasa. 11:13, 20:19
Hin hamatu. 10:18, 26:20-22
- Suuta jedhee dubbata.

c. Madda dubbii isaa

- ✚ Yaada garaa isaatii. 4:23, maat 33-35
- ✚ Qajeelummaa isaa. 10:11, 13:14
- ✚ Kan ol of hin qabne ta'uu isaa. 13:10
- ✚ Garraamummaa fi jaalala qabeessa ta'uu isaa. 26:24-28
- ✚ Hiriyoota isaa. 13:20, 27:17
- ✚ Akkaataa jireenya isaa. 15:28

Qoqqoodama Kitaaba Fakkeenya

Kitaabni fakkeenya bakka gurguddaa 9tti qoqqoodama.

Isaanis:

1. Ittiin lixa: kaayyoo fi qabiyyee isaa [1:1-7]
2. Karaan ogummaa ol aanaa ta'uu isaa [1:8-9:18]
 - a. Of eeggachiisa dargaggeessaaf kenname [1:8-33]
 - b. Ibsa ogummaa [2-4]
 - c. Gowwummaa [5-7]
 - d. Akeekkachiisa dargaggeessaa [8-9]
3. Fakkeenyota solomoon [10:1-22:16]
4. Jechoota ogummaa 30'n[22:17-24:22]
5. Jechoota ogummaa kanneen biro [24:23-34]
6. Fakkeenyota solomoon warra zakkaariyaas walitti qabe [25-29]
7. Jecha aguur ilma yaaqee [30]
8. Jecha leemu'eel mootichaa [31:1-9]
9. Xumuraa fi haadha manaa gaarii [31:10-31]

Kitaaba Lallabaa(Ecclesiaster)

Kan barreesse- mooticha solomoon

Kan barreeffameef- saba israa'el

Bara barreeffamaa- jaarraa 10^{ffaa}Dh.K.D.

*(bara mootummaa solomoon [970-930 Dh.K.D]
keessadha jedhamee yaadama)*

Qabiyyeegiddu galeessaa- namni jireenya isaa waaqayyo irratti hin

*Hundeeffaanne biyya lafaa irra jireenya
akkasumaani jiraatee kan du'u ta'uu isaa
barsiisaan ogummaa saba israa'elbarsiisa.*

Barreessaa fi Bara Barreeffamaa

Kitaabni lallabaa dubbii mootii yeruusaalem isa guddichaa, kan ilma daawwit ogeessichaa, kan solomooni. Kitaaba kana keessatti maqaan solomoon hin waamamne yoo ta'e iyyuu 'ilma daawwit mooticha yeruusaalem' inni jedhu solomoon ta'uu isaa rakkina malee namaaf ifa taasisa. [1:1, 12, 16, 2:4-9, 7:26-29, 12:9, 1mootota 2:9, 3:12, 4:29-34, 5:12, 10:1-8] Jalqaba Kitaaba kanaa irratti "kan lallabichaa" jedha. Afaan ingiliffaa immoo "teacher" (barsiisichaa) jedha. Teacher inni jedhu kun jecha afaan girikii *qopheleth* jedhu irraa dhufe. Hiikni isaa assembly [wal ga'ii] jechuudha. Kanaaf hiikni walii gala maqichaa

‘barsiisaa wal ga’ii gurguddaa irratti barsiisu’ jechuudha. Waanti solomoon isaan barsiisaa ture ogummaa waan ta’eef ‘barsiisaa ogummaa’ jedhamee waamama. Hiikaa afaan oromoo irraa ‘lallabaa’ inni jedhu ‘nama waa’ee ogummaa wal ga’ii guddaa dura dhaabbatee barsiisu’ jechuu isaati. Akkasumas jechi ‘lallabaa’ [ecclesiastes] jedhu gara afaan girikiitti yommuu jijjiiramu jecha afaan ibrootaa isa ‘*qoheleth*’ jedhuu wajjin tokko. Kanaaf hiikni walii gala isaa afaan oromoo fi afaan ingiliffaatiif ‘lallabaa’ (nama Kitaaba barsiisu ykn lallabu) jedhamee hiikame.

Kaayyoo fi Ergaa Kitaaba Lallabaa

Lallabichi humna ogummaa isaatii sirriitti mul’isee lallaba. Fakkeenya qabatamoo raga quubsaa ta’uu danda’an, Wantoota aduu jalatti ta’an fudhachuudhaan ergaa isaatti humna gochaa adeema. Lallabni isaa jireenya namaa guutummaatti dhalootaa- hamma du’aatti ibsa. Wanti aduu jalatti hojjetamu hundumtuu kan bu’aa hin qabne akka ta’e lallabichi cimsee dubbata. Kanaaf ‘bu’aa hin qabu- bu’aa hin qabu- dhuguma bu’aa hin qabu’ jedha. Kanatti dabaluun immoo Wantoota hundumaa caalaa jireenya namaatiif barbaachisoodha jedhu dubbata. Isaani waan 2. Isaanis:

a. Uumaakee yaadadhu [12:1]

b. Waaqayyoon sodaadhu, abboommii isaas eegi [12:13]

Beekumsi barreessaa kanaa waan baay’isee bilchaateef adeemsa karaa jireenyaa guutummaatti ni ibsa. Gosa namaa adda addaas ibseera. Isaanis: ogeessa, hubataa, nama dubbii gargar baasuu beeku, qalbi-qabeessa, beekaa, sooreessa, nama dhimmee hojjetu, kan tattaafatu, wallaalaa, gowwaa, hiyyeessa, dhibaa’aa fi kan kana fakkaatan ni ibsa. Ibsa isaan kanaa yommuu gudunfus hundumti isaa bu’aa akka hin qabne dubbata. Akka ilaalcha walii galaa lallabichi qabaachuu danda’eetti waanti hundinuu bu’aa hin qabu, waanti haaraanis hin jiru. Erga akkas ta’ee jedhe lallabichi, ogummaan Wantoota kanaa gadii kana nama barsiisa.

Barsiisa Ogummaa

a. Namni dhamaatee mataa isaatiin waan argatu tokko iyyuu hin qabu, waan haaraa waan lafa irratti fidus hin qabu [1:1-11]. Akkasumas jijjiiramni namni ofii isaatiin fiduu danda’u hin jiru [1:12-15]. Aduu jalattis akkasumaan of dadhabsiisu. Waanti isaan hojjetanii fi itti dadhaban hundumtuus akka nama qilleensa ari’uuti.

- b. Ogummaan gowwummaa irra caala [2:13-14, 7:1-6, 11-12, 19, 8:1, 5, 9:17-18, 10:1-3, 12-15, 12:11]. Ogummaa kana waaqayyotu warra isaaf abboomamaniif kenna. Kanaafuu ogummaan kennaadha [2:26]. Garuu ogummaa akkanaa kanaanis waan haaraan argadha jedhanii yaaduun gatii hin qabu. Bu'aan isaa rakkoo furuuf qofaaf nama gargaara. Kana malee immoo miidhaa mataa isaatii qabaata. Ba'aa namatti dabalus ni qaba [1:16-18]. Utuma ta'uu garuu ogummaan caalmaa qaba [2:12-17, 4:13-16, 9:13-16].
 - c. Beekumsa horachuun akkaataa jireenyaa haaraa kanneen kanaan dura ogummaan nama hin barsiisin hubachuuf nama gargaara. Akkaataan jireenya nama beekumsa argatees haaraa ta'aa, kan duraanii irraas addaan ba'aa adeema. Kun hundumtuu utuu ta'uu garuu dhumni isaa dhuma bineensaa wajjin wal fakkaata. Akkuma bineensaa du'ee seenaan isaas irraanfata [2:15, 3:18-19, 7:15, 8:14, 9:1-3, 10:5-7]
 - d. Waaqayyo nama yommuu uume guutuu fi kan of danda'e godhee isa uume, namoonni garuu karoora adda addaa baafatanii yaada isaanii Wantoota hedduu hojjetachuuf karoorsu, bu'aa walii walii isaanii argachuufis yaalii godhu [7:29, faar 10:2, 36:4, 140:2]. Kanaaf namni dadhabbi akkasumaaniitti dabarfamee kennameera.
 - e. Waanta bara booddeetti dhufuuf jiru namni beekuu danda'u hin jiru. Kanaaf aduu jalatti akkasumaan waanta waliin isaa hin beekamneef dadhaba [2:18, 6:12, 7:14, 9:2]
 - f. Waaqayyo bakkaa fi haala jireenyaa isaf kenne keessatti nama eega [3:18-22]
 - g. Waan hundumaa waaqayyotu toora qabsiise [3:1-15, 5:19, 6:1-6, 9:1]. Kanaafuu namni yaada waaqayyoo jijjiiruu danda'u hin jiru [3:1, 7, 11:1-6]. Biyyi lafaa garuu ni jijjiirama, haalonni dhufanii darban waan hundumaa jijjiiranii darbu. Waanti hundumtuu immoo yeroo ofii isaa qaba [3].
- Egaa kun hundumtuu barsiisa ogummaati. Kanaaf ogummaan barsiisa isaa kana irraa ka'uudhaan nama gorsa. Gorsichis kunooti:

Gorsa Ogummaa

1. Waanti hundumtuu waaqayyoon akka qindeeffame amanii fudhadhu, jireenya akka ati jiraattuuf siif kennames itti

gammadii jiraadhu. Inni siif kennaa waaqayyo biraa siif kennameedha.

2. Waanta humnakee oliitiin of hin dhiphisin- dandeettiikee beekii itti hojjedhu. Waanta ati godhuu dandeessu qofatu sirraa eegama.
3. Karaakee hundumaatti qajeelummaa fi of eeggannaadhaan hojjedhu- ogummaan si haa geggeessu.
4. Waaqayyoon sodaadhu, abboommota isaas eegi. Utuu yeroo qabduu waaqayyoof abboomamuudhaan waan inni sirraa barbaadu hondumaa isaaf hojjedhu [12:1]. Ogummaan kana si gorsa.

Gudunfaa

Walumaa galatti Kitaabni lallabaa qajeelfamoota armaan gadii ilmaan namootaaf kenna:

- Jireenya hiika qabu attamitti akka jiraatan
 - Gammachuu fi karooraan jiraachuu
 - Geggeessaa ofii waaqayyoon godhachuu
- Boqonnaawwanii fi lakkoofsota Kitaaba lallabaa

Qoqqoodama Kitaaba Lallabaa

Kitaaba lallabaa bakka gurguddaa 7 tti qoodnee qayyabanna. Isaanis:

1. Barreessaa Kitaabichaa 1:1]
2. Kaayyoo fi qabiyyee Kitaabichaa [:2]
3. Ittiin lixa [1:3-11]
4. Qaama Kitaabichaa:

Kutaa 1

Jireenya kennaa waaqayyoo ta'uu isaa [1:12-11:6]

- a. Jireenya aduu jalaa kan akkasumaanii fi bu'aa kan hin qabne erga ta'ee namni bara jireenya isaatti jireenya isaa kennaa waaqayyoo akka ta'e amanee fudhachuudhaan itti gammadee jirachuu qabaachuu isaa [1:12-6:9]
 - b. Namni waanta har'a booddee dhufu beekuu hin danda'u erga ta'ee jireenya isaa kan guyyaa har'aa kanatti kennaa waaqayyoo ta'uu isaa amanuudhaanitti gammadee jiraachuu kan qabu ta'uu isaa [6:10-11:6]
5. Qaama Kitaabichaa:

Kutaa 2

Dullumniif i du'i kan dafee namatti dhufu erga ta'ee namni bara dargaggummaa isaatti gammachuun jiraachuu kan qabu ta'uu

isaa, akka waaqayyo waan hundumaatiif murtiikennu beekuudhaan [11:7-12:7]

- a. Erga du'anii booddee jireenyi namaa inni yeroo biyya lafaa irra turanii waa'ee kan hin baafneef waan ta'eef bara jireenya isaatti namni lafa irratti gammadee jiraachuu kan qabu ta'uu isaa [11:7-8]
 - b. Namni bara dargaggummaa isaatti gammaduu qaba, waan hojjetu hundumaatti garuu akka waaqayyo isa gaafachuuf jiru yaadaachuu qaba [11:9-10]
 - c. Namni uumaa isaa fi kennaa uumaan isaa kenneef hundumaa yaadachuu qaba, kunis bara dargaggummaatti kan ta'uu qabu ta'uu isaa [12:1-7]
6. Keessa deebii qabiyyee giddu galeessaa [12:8]
 7. Gudunfaa: abboomamuu fi amanamuu [12:9-14]

Kitaaba Weedduu Weedduu Caaluu (Song of Solomon)

Kitaabni weedduu weedduu keessaa weedduu isa caalu waan ta'eef 'weedduu weedduu caalu' jedhameera. Hiika afaan ibrootaa isa jalqabaatti Kitaabni kun 'weedduu solomoon isa weedduu caalu' jedhamee waamama ture. Kanaaf weedduun jaalalaa kun kan solomoon mootichaati.

Barreessaa fi Bara Barreeffamaa

Weedduun kun kan solomoon mootichaati. Kan barreessee akka Kitaabaatti qindeesses mootichuma [1:1]. Kitaaba kana keessaa bakka adda addaatti immoo solomooniin bakka buusuudhaaf "mooticha" jedheera. Kunis qooddataan walaloo kanaa tokko mooticha akka ta'e ibsa [1:1, 1:5, 3:7, 9, 11, 8:11-12].

Barri barreeffamaa Kitaabichaa bara mootummaa solomoon 970-930 Dh.K.D jedhama. Haa ta'u malee 6:4 irratti dargaggeessichi hiriyyee isaa yommuu jajatutti "yaa hiriyeeko! Ati akka tiirzaa miidhagduudha, akka mandara yeruusaalem nama mararta" jedheera. Tiirzaan maqaa magaalatti. Magaalaa guddoo mootummaa kaaba israa'el. Duraan magaalaa kana'aanotaa turte. Giddu galeessa biyya israa'elitti argamti. Mootichi yeroobiyaam yommuu mootummaa israa'elmootummaa ilma solomoon irraa cabsee qabatetti galma mootummaa israa'elgara kaabaa magaalattii kanatti hundeesse. Barri isaa 930-909 Dh.K.D ture. Tiirzaa jechuun 'kan nama gammachiiftu' ykn 'miidhagduu' jechuudha. Kanaaf magaalattiin baay'ee miidhagduudha. Hamma bareedina durbaatti

fakkeeffamtutti magaalaa bareedduudha. Egaa caqasa kana irraa ka'uudhaan bara barreeffama Kitaaba weedduu gara bara mooticha yeroobiyaamitti as bunnee tilmaamuu ni dandeenya. Sababni isaa magaalattiin miidhegfamtee kan ijaaramte bara solomoon booda waan tureef. Ta'us waanti itti waliif galame hin jiru. Tilmaamni amansiisaan immoo hamma bara omirii mootichaatti 885-874 Dh.K.D magaalattiin guddataa, miidhagaa deemaa turte. Garuu afaanni yommuu hiikamaa turetti bareedina ishee durbaa ibsuuf magaalaan kun tuqameera ta'a jedhama. Weedduun kun guutummaan kan nama tokkichaa akka ta'e beekamaadha. Kanas kan mirkaneessu kanneen gadii ta'u:

- ✚ Afaan Weedduu [Language]
- ✚ Akkaataa Qophii Isaa [Style]
- ✚ Sagaleeisaa [Tone]
- ✚ Xiyyeeffannaa Weedduu [Perpective]
- ✚ Qabiyyee Isaa Irra Deddeebi'a

Qabiyyee isaa

Kitaabni weedduu ergaawwan armaan gadii qaba:

- Raajiidha.
- Kitaaba ogummaa fi caaffata qulqullaa'aa
- Faarfannaa jaalalaa kan biyya gibxii fi baabiloon
- Faarfannaa gaa'elaa kan aadaa warra seem
- Faarfannaa aadaa meesooppotaamiyaa isa warri amantii mesooppotaamiyaa fudhatan faarfatan.

Kitaabni weedduu bakka baay'eetti Kitaaba fakkeenyaaw wajjin qabiyyeen isaa wal tuqa. Fakkeenyaaf: fakkeenya 5:15-20, 6:24-29, 7:6-23. Akkasumas ibsi jaalalaa 8:6-7 irra jiru fakkeenya 1-9 fi iyyoob 28 keessa jira. Kanaafuu akkuma ogummaa jaalallis kennaa waaqayyo namaaf kennu akka ta'e bakka kanaa ni hubanna.

Hiikka Kitaabichaa

Akkaataa itti fakkeessuudhaan hiikamuun (allegory) hiikni Kitaaba kanaa jaalala dargaggeessaa fi dargaggeettiitti fakkeessee ergaa mataa isaa dabarsa. Guutummaan ergaa isaatii waa'ee jaalalaa yoo ta'u, jaalalli kunis:

- a. Jaalala waaqayyoo fi saba israa'elgidduu
- b. Jaalala kiristoosii fi waldaa Kiristiyaanaa gidduu
- c. Jaalala kiristoosii fi lubbuu amantootaa gidduu

Jaalala solomoonii fi jaalallee isaa gidduu, bifa asoosamaatiin qindateedha jedhu.

Qabiyyee Giddu Galeessaa

Kitaabni kun jaalala irratti xiyyeeffata. Akka aadaa israa'elootaa bara sanaatti namoonni waan adda ta'e tokko ibsuudhaaf yeroo hundumaa ergaa isaanii bifa faarfannaa fi walalootiin dabarsu turan. Isaan keessaa muraasni kunooti:

Wantoota bifa walalootiin ibsaman

- Weedduu/ Faarfannaa [Song]
- Jaalala [Love]
- Jajuu [Reverence]
- Galata [Gratitude]
- Aarii [Anger]
- Dhiphina [Sorrow]
- Qoramsa [Suffering]
- Michummaa [Friendship]
- Waadaa [Commitment]
- Abdii [Hope]
- Ogummaa [Widom]
- Qalbii Diddiirrannaa [Repentance]
- Kan Kana Fakkaatan

Miira durbaa fi dubartootaa mo'uun kan danda'amu ogummaa fi jaalalaani. Isaan kun lamaan haala miidhagaadhaan, bifa walalootiin yommuu dhiyaatan ol aantummaa dhiiraaf kennu. Kanaaf macaafichi bifa weedduutiin dhiyaate. Kanaaf baay'ee jaallachuu irraa kan ka'e isheen durbaa 2:16 irraa 'jaalalleenkoo kan kooti. Anis kan jaalalleekooti' jetti. Akkasumas 2:7 irratti immoo 'jaalalleekoo hamma inni ofiin ka'utti hin dammaksinaa' jetti. Jaalala ho'aa akkanaa kana walaloo fi ogummaan bakkeetti baasee haa mul'isu iyyuu malee waaqayyo isa nama uumetu keessa namummaa dhiiraa fi durbaa keessa kaa'ee uume.

Barreessaan ogeessi kun hariiroo saalaa dhiiraa fi dubartii gidduu isa kutaa gammachuu jireenya namaa ta'e kana waaqayyo akka kenneef gadi fageessee ibsa, namnis kennaa waaqayyo isaaf kenne qabaa ogeessaatiin qabee itti fayyadamuun qooda isaati.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba weedduu weedduu caalu bakka 8 tti qoqqoodnee qayyabanna. Isaanis:

1. Mata duree [1:1]
2. Wal argee/wal quunnamtii isa jalqabaa [1:2-2:7]
3. Wal argee/wal quunnamtii isa lammaffaa [2:8-3:5]
4. Wal argee/wal quunnamtii isa sadaffaa [3:6-5:1]
5. Wal argee/wal quunnamtii isa arfaaffaa [5:2-6:3]
6. Wal argee/wal quunnamtii isa shanaffaa [6:4-8:4]
7. Ibsa jaalalaa isa gadi fagoo [8:5-7]
8. Gudunfaa [8:8-14]

Kitaabota Raajotaa (Prophetic)

Kitaabni raajotaa Kitaabota kakuu moofaa keessaa heddumminaan kan argannuudha. Isaanis 17 tu jiru. Kitaabni raajotaa duraa fi duuba, toora isaas kan eeggate, ergaa tokko qofa kan dabarsu miti. Utuu dheekkamuu ergaa kakuus ni dubbata. Wantoota gara fuula duraatti ta'an yeroo dubbatuttis yaada gaarummaa utuu dubbatuu gara dheekkamsaatti, gara gorsaatti, komiitti, abdiis kan of keessaa qabutti daddarba. Kanaafuu Kitaaba hubachuun isaa nama rakkisuudha. Kadhataan malee eenyu iyyuu akka seenaatti sammuutti fudhachuu hin danda'u. Kitaabota kana tokko tokkoon haa ilaallu:

Kitaaba Isaayyaas Raajichaa (Isaiah)

Kan barreesse- isaayyaas raajicha jedhamee yaadama

Bara barreeffamaa- tilmaamaan 740-680 Dh.K.D

Kan barreeffameef- saba israa'elii fi yihuudaa

Egaa isaa- sabni yihuudaa harka boojuutti kennamuuf, deebi'ees

Hundeeffamuuf kan jiru ta'uu isaa

Kitaabni raajicha isaayyaas Kitaabota raajota gurguddoo sadan keessaa isa tokko. Isaanis: isaayyaas, ermiyaasii fi hisqeel. Gurguddoo kan jedhamanis Kitaabni isaanii bal'ina waan qabuuf qofadha. Addumaan Kitaaba raajotaa hundumaa keessaa Kitaabni guddaa fi bal'aan Kitaaba raajicha isaayyaasi. Boqonnaa 66 qaba. Kanaaf kakuu moofaa keessatti 'angafa raajotaa' jedhama.

Isaayyaas

Isaayyaas ilma Amos ture. Hiikni maqaa isaatii “The Lord Saves” [gooftaan fayyisaadha!] Jechuudha. Raajichi tajaajila isaa bara 740 Dh.K.D eegale. Yeroon kun yeroo mootichi uuziyaan du’eedha [6:1]. Raajiin kun fuudhee haadha manaa qaba. Ijoollees qaba. Ijoollee isaa keessaa maqaan isaanii kan dha’aman: (1) she’aariyaashuub [7:3]. (2) dafiibooji’i ykn ariifadhuusaami [8:3]. Haati manaa isaas raajii turte. Jireenyi raajichaa magaalaa yerusaleemi. Innis bara mootummaa hisqiyaas mootichaa hundumaatti bakka guddaa nama qabuu fi waanti inni jedhes nama fudhatamu, nama kabajamee jiraatu ture [37:1-2]. Isaayyaas seenaa mmoiticha uuziyaa barreesseera [1seenaa 26:22] Kitaaba raajii isaayyaas guutummaa Kitaabota qulqulluu irraa waanti adda taasisu isaayyaas maqaa gooftaa yommuu waamu ‘isa qulqulluu kan israa’el’ jechuu isaati. Maqaa kanaan yeroo 26 waameera. Kitaaba raajii isaayyaasii alatti kakuu moofaa keessaa yeroo 6 qofa maqaa kanaan utuu waamamuu argina.

Bara Barreeffamaa

Ta’iiwwan Kitaaba kana keessaa garri caalaan boqonnaa 1-39 keessa jiru. Fakkeenyaaf: 6:1, 14:28, 36:1. Ta’iiwwan kunneen hamma bara 701 Dh.K.D tti kan raawwatamaniidha. Yeroo kana humni waraana sooriyaa barbadeeffamee, yihuudaan immoo hin qabamne turte [10:16]. Raajichis yoo xiqqaate hamma 681 Dh.K.D tti jiraatee tajaajilaa ture. Kanaaf raajiin isaa hamma bara kanaatti itti fufee barreeffamaa ture. Kunis raajiin raajichaa 740-680 Dh.K.D tti kan barreeffamaa ture akka ta’e mirkaneessa. Barri jireenya isaayyaas yeroo mootummaan sooriyaa jabaataa, bal’ataa adeemaa tureedha. Yeroo sana israa’elimmo kufaa jirti turte. Barri isaa 745-727 Dh.K.D dha. Haa ta’u malee israa’elmichummaa yihuudaa addaan kuttee sooriyaatti hidhattee turte. Kanaaf bara 733 tti israa’elii fi sooriyaan waliin ta’anii yihuudaa irratti lola labsanii turan [7:1]. Garuu hin danda’amneef. Kanaaf sooriyaa fi israa’elgidduudhaa michummaan bade sooriyaan bara 722-721 Dh.K.D keessa mootummaa kaaba israa’elbarbadeessitee biyya qabatte. Kanuma irratti iyyuu bara 701 Dh.K.D tti mootiin sooriyaa seenaheerib yerusaleemitti marse. Mootiin yihuudaa bara sanaa immoo kadhataa fi mala isaayyaasiin gaafachuudhaan moo’icha guddaa argateera [36-37].

Gargaarsi hammanaa utuma yihuudaadhaaf godhamuu iyyuu cubbuun ishee guddaa waan ta'ee akka yihuudaan harka warra baabiloonitti kufuuf jirtu [39], baroota hedduu booda immoo boojuudhaa akka galan[40] isaayyaas raajichi raajii dubbateera. Booji'amuun yihuudaa kunis bara 586 Dh.K.D irratti raawwate.

Qabiyyee Kitaaba Raajii Isaayyaas

Kitaabni kun Kitaaba akkaataa ifaa ta'een waa'ee murtiifi fayyisuu waaqayyoo nama barsiisuudha. Waaqayyo isa qulqulluu kan isiraa'e (1:4, 6:1). Inni warra isa irratti ka'an ni adaba (1:2). Booda immoo erga adabee raawwatee gara fayyinaatti waama (41:14 fi 16). Sabni israa'eljaamaa fi duudaa, akkasumas muka wayinii ija dhabetti fakkeeffamaniiru. Kanaaf waaqayyo murtiija ba'umsaa guyyaa isa 'guyyaa waaqayyoo' jedhame irratti isaanitti faradeera (6:9-10, 42:7). Guutummaa Kitaaba kanaa keessatti murtiin waaqayyoo ibiddatti fakkeeffame. Fakkeenyaaf: (1:31, 30:33). Waaqayyo saba isaatiif in yaada. Kanaaf jireenya hafuuraattis ta'e karaa siyaasaa lubummaa akka isaan qabaataniif waaqa irraa gargaarsa guddaa isaaniif erge. Harka garbummaatii ba'uun isaanii kunis isa bara musee abboonni isaa biyya gibxii ba'anii wajjin wal fakkaata [43:2, 16-19, 52:10-12]. Eegumsii fi nagaan waaqayyoo saba israa'eliin jireenya haaraa jalqabsiise (11:6-9). Mootiin qajeelummaa hidda daawwit keessaa dhalatee akka mo'uuf jirus isaanitti dubbatame [9:7, 32:1]. Mootichi lubummaa waan isaaniif kennuuf isaan deebi'anii namoota jal'ootaa fi murtiijal'aadhaan hin cunqurfaman (11:14, 45:14). Magaalaan yeruusaalemis 'magaanaa mootii guddichaa' in jedhamti (60:14). Kitaaba kana keessatti waaqayyo maasihiidhaan 'garbichakoo[hojjetaakoo]' jedheera (42-53). Kanaaf fayyinni guutuun guutummaa biyya lafaatiif dhiphina garbicha isaatii dhufaaf. Qiiroos mootii israa'eliin harka garbummaa baabiloonii baasu[41:2] yoo ta'u, maasihiin garuu qomoo namaa hundumaa hidhaa cubbuu jalaa baasa[52:13-53:12]. Innis qomoo nama hundumaa: warra duraan itti faradamee ture illee waaqayyoo wajjin dhiiga isaatiin walitti araarsa.

Akkaataa Barreeffama Kitaaba Raajii Isaayyaas

Macaafichi akkaataa lamaan barreeffame. Isaanis: bifa seenaa fi raajiiti. Boqonnaa 3-9 fi 36-39 bifa seenaatiin ta'iiwwan ta'aa turan dubbata. Kanneen hafan immoo raajiidha. Macaafichi uumama jiran akka namaatti waan isaan hojjetan dubbata.

Fakkeenyaaf:

- Biiftuu fi ji'i ni qaana'u [24:23]
- Lafti duwwaanii fi lafti gogaan in gammadu [35:1]
- Tulloonnii fi caakkaan haa faarfatan [44:23]
- Caakkaan harka isaanii walitti haa rukutan [55:12]
- Mukti wayinii israa'elitti fakkeeffame [5:7]

Uumama adda addaa nama fakkeessee humna ittiin dubbatu boqonnaa 30:27-33 irratti ni mul'isa. [5:7] irraa immoo humna fakkeeyyota isaa argina. Waan nama gaddisiisu ibsuuf jechoota faallaa ta'an fayyadama [44:9-20].

Raajichi waan darbe akka fakkeenyaatti fudhachuudhaan ittiin qabee dubbii hedduu dudubbachaa ture. Fakkeenyaaf,

- Biyya gibxii ba'uu saba israa'el, galaana diimaa ce'uu isaanii [11:15, 43:2 fi 16-17].
- Kufaatii sodoomii fi gamooraa [1:9]
- Geediyoon warra miidiyaan mo'uu isaa [9:4, 10:26, 28:11].
- Faarfannaa musee nama waaqayyoo [1:2, 30:17, 43:11-13].

Boqonnaawwanii fi lakkoofsota Kitaaba isaayyaas raajichaa

Kitaabni raajichaa kun boqonnaa 66tti qoqqoodamee jira. Boqonnaawwanii fi lakkoofsota isaanii hundumaa gabatee armaan gadii keessaa ni arganna.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Olitti akkuma ibsame amalli Kitaabota raajotaa Kitaabota kanneen biro irraa addadha. Akka olii dhufetti waan dubbataniif duraa-duuba yookaan toora itti yaadamee qiqindate hin qabu. Toora tokkoo gara toora birootti illee yommuu darbutti qabiyyee ergaa isaatii jijjiiruu ni danda'a. Kanaafuu qoqqooduun isaa nama rakkisa. Ta'us hamma danda'ametti qayyabachuudhaaf akka mijatuuf akka argaan gadii kanatti qoqqoodnee ilaalla. Macaafichi kutaa 2tti hirana. Isaanis:

Kutaa 1

- Kitaaba murtii[1-39]

Kutaa 2

- Kitaaba jajjabinaa [40-66]

Kutaawwan kana immoo xixiqqeessinee qayyabachuudhaaf akka gadii kanatti addaan qoqqoodna.

Kutaa 1

Kutaa 1 bakka 7 tti goodna. Isaanis:

1. Ergaa dheekkamsaa fi kakuu [1-6]
 - a. Ittiin lixa: kakuu cabsuu fi dheekkamamuu yihuudaa [1]
 - b. Qajeelfama fuula duraaf yihuudaaf kenname [2-4]
 - c. Murtiifi boojuutti kennamuu [5]
 - d. Isaayyaas eegduu ta'uu isaa [6]
2. Israa'elsaba ormaa wajjin walitti hidhattee yihuudaa irratti ka'uu ishee [7-12]
 - a. Ahaaz israa'elii fi sooriyaa akka hin sodaanne abboomamuu isaa [7]
 - b. Ilma isaayyaasii fi ilma daawwit [8:1-9:7]
 - c. Murtiisraa'el[9:8-10:4]
 - d. Mootummaa sooriyaa fi daawwit [10:5-12:6]
3. Murtiisaba lafarraa eeggatu [13-23]
 - a. Murtiisooriyaa [13:1-47]
 - b. Murtii filisxiyaa [14:28-32]
 - c. Murtii mo'aabiin eeggatu [15-16]
 - d. Murtiisraa'el[17]
 - e. Murtiikuush [18]
 - f. Murtii gibxii fi kuush [19-20]
 - g. Murtii baabiloon [21:1-10]
 - h. Murtii edoom [21:11-12]
 - i. Murtii arabaa [21:13-17]
 - j. Murtii yeruusaalem [22]
 - k. Murtii xiiroos [23]
4. Murtiifi kakuu (mootummaa gooftichaa) [24-27]
 - a. Cubbuu walii gala fi adaba isaa [24]
 - b. Bilisummaa fi eebba [25]
 - c. Eegumsa waaqayyoof galata galchuu [26]
 - d. Diinonni israa'eladabamuu isaanii [27]
5. Ergaa of eeggachiisaa fi akeekkachiisaa [28-33]
 - a. Akeekkachiisa efireemiif (samaariyaa) kenname [28]
 - b. Akeekkachiisa yeruusaalem [29:1-14]
 - c. Akeekkachiisa warra orma abdatanitti kenname [29:15-24]
 - d. Warra qalbii diddiirrachuu dide akeekkachiisuu isaa [30]
 - e. Akeekkachiisa warra gibxiin abdatutti kenname [31-32]
 - f. Akeekkachiisa sooriyaa fi eebba saba waaqayyoo [33]
6. Ergaa murtiifi kakuu [34-35]

- a. Barbadaa'uu mootummoota saba ormaa fi adaba saba waaqayyoo [34]
- b. Eebbaa fi deebitee ijaaramuu tsiyoon [35]
- 7. Seenaa lola sooriyaa fi baabiloon [36-39]
 - a. Yeruusaalem duula sooriyaa ooluu ishee [36-37]
 - b. Hisqiyaas dheekkamamuu isaa [38]
 - c. Boojuu baabiloon [39]

Kutaa 2

Kitaaba jajjabinaa [40-66]

Kutaa lammaffaa Kitaaba kanaa bakka sadiitti qoodnee qayyabanna. Isaanis:

1. Israa'elharka boojuutii ba'uu fi deebitee dhaabamuu ishee [40-48]
2. Tajaajilaa fi deebitee hundeeffamuu israa'el[49-57]
3. Fayyina bara baraa fi badiisa bara baraa [58-66]

Kitaaba Ermiyaas Raajichaa(Jeremiah)

Kan barreesse- ermiyaas raajichajedhamee tilmaamama.

Bara- tilmaamaan 626-586 Dh.K.D

Kan barreeffameef- saba yihuudaa (bara mootota 5'nii keessa)

Qabiyyee isaa- sabni yihuudaa booji'amee gara baabiloon dhaquuf akka

Jiru, booda garuu deebi'anii dhaabamuuf kan jiran ta'uu isaanii irratti xiyyeeffata.

Ermiyaas

Ermiyaas hiilqiya raajii waaqayyoo nama biyya leewwii keessaa ka'eedha. Sanyiin isaa beeniyaam ture. Abbaan isaa hiilqiyaan kutaa biyya beeniyaam dhiisee gara kutaa biyya leewwii magaalaa anaatot deemee bakka sana jiraata ture. Kanaaf sanyiin isaa sanyii lubootaati. Abiyaataar lubichaa wajjin qomoo took ture. Lubni kun sanyii luba eelii ture. Garuu sanyiidhaan murtiin mana eelii isaan irratti waan raawwateef hojii lubummaa irraa ariyatamee ture [1mootota 2:26-27].

Anaatot: jecha afaan ibrootaatti anaatot jechi jedhu jecha anaat jedhu irraa baay'ina argisiisuudhaaf 'anaatot' jedhame. Hiikni isaas 'goddess of war' waaqa tolfamtuu ishee lola dandeessu jechuudha. Magaalattiin qabamtee kan israa'elkan taate bara iyyaasuuti. Utuu iyyaasuun

biyyattii hin qabatin dura tarii waaqoliin tolfamoon kana'aanotaa bakka sana turan jedhama. Kanaaf maqaa waaqoliitiin waamamuu dandeesse. Magaalaan kun duraan kan kana'aan turte. Magaalota 4 sanyii leewwiitiif kennaman: giibe'oon, geebaas, anaatot fi almoon kan sanyii leewwiiti. Garuu ijoollee beeniyaamtuu irra jiraata (iyyaasuu 21:17-19). Sabni israa'elii fi yihuudaa erga booji'amanii yommuu bara garbummaa boojuudhaa galanis biyyuma duraan turan qubatan. Erga bara iyyaasuutii eegalte magaalaan kun biyya lubootaa jedhamuun beekamti. Biyyichi iyyuu kakuu lubummaa qaba. Hamma bara solomoonitti iyyuu biyya lubootaa jedhamaa turte (1mootota 2:26).

Har'a biyya israa'elkeessaa magaalaan anaatot durii 'anaataa' jedhamtee beekamti. Magaalaa yeruusaalem irraa gara kaaba-bahaatti 3 miles ykn $\approx$ 5km irratti argamti. Maqaan ermiyaas jedhu hiika irratti waliif galame hin qabu. Afaan ibrootaatti garuu kanneen armaan gadii kanatti tilmaamama.

- The lord exalts -- hamma malee ol kaasuu
- The lord establishes --ijaaruu
- The lord throws --darbachuu

Hiika isa darbachuu jedhu yommuu ibsan iscoolaaronni Kitaaba qulqulluu waaqayyo hiika maqaa raajichaatti fayyadamee saba israa'eldarbatee harka boojuu ormaa keessa isaan buuse jedhu.

Ermiyaas garaa haadha isaatii keessatti utuu hin uumamin nama raajumaadhaaf addaan ba'eedha [1:5]. Kana jechuun mucaan raajii ta'u akka dhalatuuf waaqayyo murteesse jechuudha. Jireenya ofii isaatiif nama yaadu ture [10:24]. Yeroo raajummaadhaaf waamametti dargaggeessa naannoo waggaa 20 ture. Raajii jechuun bara sanatti nama guddaa, nama umuri dheeraa fi bilchaataa waan tureef umurii sanatti raajii dubbachuudhaaf ermiyaas sodaa keessa seene.

Waaqayyo garuu humna akka isaaf ta'u isatti dubbate [1:8-10, 18]. Raajichi yommuu jireenya isatti hadhaa'u ija jabinaan waaqayyo duratti nama komee gurguddaa dubbachaa tureedha.

Fakkeenyaaf:

Ermiyaas 12:1-4

Ermiyaas 15:15-18

Ermiyaas 18:19-23

Ermiyaas 20:7-18

Akka inni hin fuuneef waaqayyo waan isa abboomeef ermiyaas raajichi haadha manaa hin qabu ture. Sababni waaqayyo fuudha isa dhowweef, dhagoonni yihuudaa inni gara fuula duraa cubbuu abboota isaaniitiin boojuutti, billaatti, beelatti, du'aa fi barbadeeffamuutti waan kennamuuf jiruuf ermiyaas ijoollee dheekkamsa kanaan barbadeeffaman akka hin godhanneef ture [16].

Ermiyaas tajaajila raajummaa bara 626 – 586 Dh.K.D tti tajaajile. Raajichi raajota israa'elhundumaa keessaa nama dibataaf gatii guddaa baase, nama jireenyi itti hadhaa'aa turee fi yeroo yerootti illee hamma du'a kadhatutti nama dhiphinaan tajaajilaa tureedha. Bara 593 Dh.K.D yommuu higeel raajichi biyya baabiloonitti raajii dubbachuu jalqabe iyyuu magaalaa yeruusaalemitti ermiyaas raajii guddaa fi beekamaa ture.

Michoota Ermiyaas Raajichaa

Ermiyaas raajichi raajii maqaa waaqayyo gooftaa macaa isa kan israa'eliin dubbatu hundumaatiif jibbamaa, hidhamaa, ariyatamaa, gidiraa hedduu keessa darbaa akka ture beekamaadha. Rakkinaa fi tajaajila isaa, bu'aa ba'ii jireenya isaa hundumaa keessatti garuu firoota isa gargaaran qaba ture. Isaanis:

a. **Ahiiqaam**[26:24]

b. **Gedaaliyaailma ahiiqaam** [39:14]

c. **Ebeed-melek**nama kuush [38;7-13]

Namni kun nama kuush ture. Innis xumaawiidha (saal-lamee). Mana mootummaa yihuudaa keessa nama ergamuudha.

d. **Baarukilma neeriyaa** [36]

Michoota isaa keessaa barreessaa ermiyaas raajichaa kan ture baaruk nama baay'ee raajichaaf amanamuu fi kan itti maxxanu ture. Waan ermiyaas dubbatu hundumaa isatu barreessaaf. Mootiin yihuudaa yehooyaaqiim Kitaaba raajii ermiyaas qarabaa ittiin irsaasii qaraniin baallee sadi-sadiitti babbaaqasee gube. Yeroo Kitaaba sana gube ganna waan ta'eef hojjetoonni isaa ibidda isaaf ho'ifnaan taa'ee qaammataa ture. Raajiin ermiyaas dubbatu barreeffameera jechuu yommuu dhaga'e bakkuma ibidda qaammatu sanatti akka fidanii isaaf dubbisaniif abboome. Utuu baaruk dubbisee hin fixinis macaaficha gubuuf nama ija jabaateedha.

Ermiyaas garuu ammas ergaa fi raajii haaraa itti dabalee baarukiin ni caafsise. Ermiyaasii wajjin rakkachuu irraa kan ka'e yommuu inni 'wayyoo anaaf' jedhetti ermiyaas raajii itti dubbatee isa jajjabeessaa ture [45]. Yommuu lafa bitates barreeffama walii galtee isaatii ermiyaas baaruk kanatti kennate [32:11-13]. Yommuu ermiyaas humnaan gara biyya gibxitti geeffames isaa wajjin ture [43:6-7]. Boqonnaa 1-51 ti hamma bara 580 Dh.K.D tti kan raawwatame yoo ta'u, boqonnaan 52 immoo gudunfaa (appendix) baaruk itti dabale ta'a jedhama.

Ermiyaas raajichi hambaa namoota yihuudaa warra magaalaa yeruusaalem keessa turanii wajjin ture. Takka turanii namoonni yihuudaa biyya gibxitti gadi bu'uuf mariyatan. Ermiyaas raajichi immoo maree isaanii kanaan mormee akka isaan biyya gibxitti gadi hin buuneef raajii itti dubbachaa, gorsaa ture. Sabni yihuudaa garuu yaada isaanii jijjiiruu hin barbaanne. Biyya gibxi kan dhaqan irratti iyyuu konkolaataa harreedhaan harkifamu [gaarii] isaanii irra ermiyaas raajicha humnaan qabanii hidhanii gaarii sana irra kaa'uudhaan fuudhanii gibxiin dhaqan. Raajichi mul'inatti cubbuu isaanii hundumaa waan dubbatuuf bara jireenya isaa hundumaatti baay'isanii isa jibbu turan [11:18-23]. Kanaaf bakka sana isaanii wajjin yeroo murtaa'aa erga jiraatee booddee dhagaadhaan tumanii ajjeesan [ibroota11;37]

Kallattiidhumaan tajaajila isaatti bakka bu'ee kan darbe raajicha seefaaniyaadha. Ta'us ambaaqoom, yoo'eelii fi obaadiyaanis isatti aansanii raajota ka'aniidha.

Raajii Ermiyaas

Olitti akkuma ibsame ermiyaas raajichi bara 626 Dh.K.D tti raajummaa eegale. Hamma bara 586 Dh.K.D tti tajaajilaa tureera. Yeroo kana keessa mootota mootummaa yihuudaa fi naannoo isheetti wal jijjiiraa turan haa ilaallu:

- a. Mooticha yoosiyas (640-609). Mucaa waggaa 8 tti mootii ta'e.
- b. Yehooahaaz (609)
- c. Yehooyaaqiim (609-598). Mootiin kun isa Kitaaba ermiyaas raajichaa isa jalqaba barreeffame gubeedha.
- d. Yehooyaakiin (598-597)
- e. Zedeeqiyaa (597-586)

Biyyoota yeroo sana gurguddoo fi aango-qabeeyyii turan keessaa: gibxi, aasoor fi baabiloon bebbeekamoodha. Mootiin mootummaa aasoor inni xumuraa ashuurbaanippaal kan jedhamu bara 627 Dh.K.D du'e. Kana booda mootummaa baabiloonu biyya fudhate. Mootiin mootummaa baabiloon hundeesses naabooppoolaa jaar jedhama. Barri isaa 626 Dh.K.D ture. Barri kun bara waamamuu ermiyaas raajichaati. Magaalaan guddoon aasoor niinevee jedhamtu bara 612 Dh.K.D tti warra baabilooniin qabamte. Yeroo kana mootiin gibxi aasooriin baabiloon harkaa baasuuf karaa kaabaa baabiloonitti lola bane. Kanaaf mootiin yihuudaa inni karaa waaqayyoo irra bu'ee ture warra baabiloon gargaaree gibxiin rukutuuf itti duulee bakka megiidoo jedhamutti ajjeefame. Mootiin gibxi isa ajjeese fara'oon isa 'neekoo 2^{ffaa}' jedhamuudha. Barri isaa 609 Dh.K.D dha. Bara jireenya isaa keessa dogoggorri inni hojjete isa kana ture. Kunis dhekkamsa waaqayyoo bara abboota isaatti yihuudaatti aareef mootichatti dhufe [2seenaa 35:20-24]. Ermiyaas raajichi waan ta'e kana duraan yeroo mootichi hojii haara'umsaa hojjechaa turetti raajii dubbatee ture [11:1-8, 17:19-27]. Kana booda yihuudonni boo'icha guddaa mootichaaf in boo'an [2seenaa 35:25]. Kana booda ilma isaa yehoohaaz isa shaalum jedhamutu bakka abbaa isaatii mootii yihuudaa ta'e. Seenaan mootii kanaa ermiyaas 22:10-12 irratti argama. Mootiin kun ji'a 3 mo'e [2seenaa 36:2]. Mootichi ermiyaas raajicha gar-malee miidhaa, hidhaa, gidirsaa ture [20:1-6]. Neekoon mootiin gibxi garuu mootii yihuudaa kana mana hidhaatti galchee obboleessa isaa yehooyaaqiim kan jedhamu yihuudaa irratti moosise. Yehooyaaqiimis ermiyaasiin garmalee jibba ture. Bara 605 Dh.K.D ilmi mootii baabiloon isa naabooppoolaa jaar jedhamuu, ilmi sammuu fi dandeettii cimaa qabu bakka abbaa isaatii mootii ta'ee ture. Barri sun biyya yihuudaatti immoo waggaa 4^{ffaa} mootummaa yehooyaaqiim ilma yoosiyaasi. Bara kanatti neekoon mootiin gibxi baabiloonitti duulee bakka karkemish jedhamutti isa lole. Bakki sun laga efiraaxiisitti dhiyoodha. Neebukaadinaazaar inni lammafaan kun garuu mootii gibxi mo'ee boojuu hedduu argate. Gibxoonni baqatanii biyya isaaniitti galan. Isa booda biyyi baabiloon itti fuftee waggaa 70^f biyya lafaa bulchite [46:2]. Kana qofa utuu hin taane, michummaa yoosiyaasii wajjin qabu turan gananii biyya yihuudaatti duulanii yeruusaalemitti marsanii qabatan. Yihuudota booji'anii gara biyya isaaniitti geessan. Daani'eelii fi hiriyoonna isaas yeroo kana booji'aman [daan 1:1-6]. Yehooyaaqiimiin funyoo sibiilaatiin hidhee baabiloonitti

geese, ilma isaa yehooyaakin kan jedhamu immoo yihuudaa irratti moosise [2seenaa 36] Ermiyaas raajichi immoo yehooyaakiin kana irratti raajii dubbate [22:24-30]. Dubbiin raajii waaqayyoo sunis mooticha irratti raawwatame [29:1-2]. Kanaaf mootichi ji'a 3 qofa biyya yihuudaa bulche. Mootiin baabiloon mooticha gara baabiloonitti isa fichisiise. Wasiila isaa zedeeqiya immoo yihuudaa irratti moosise. Namichi kun duraan maattaaniyaa jedhamee waamama. Barri isaas 597 Dh.K.D ture. Zedeeqiyaan yeroo tokko gorsa ermiyaas fudhachaa ture, raajichattis michummaa argisiiseera. Booda garuu akka namoonni raajicha dararaniif dabarsee kenne. Mootii jal'oo fi hamaa waan tureef ermiyaasiin hiisisaa, diinota isaattis dabarsee kennaa tureera. Bara kufuu ga'etti immoo akka ermiyaas raajii waaqayyoo biraa dhaga'u hundumaa isatti himuuf raajichaa wajjin walii galee ture [38:14-27]. Yeroodhuma kana iyyuu raajichi mana hidhaa keessa ture. Hamaa yeruusaalem qabamtutti (586) manuma hidhaa sana keessatti eegamaa ture [38:38]. Zedeeqiyaan in qabame. Ilmaanii fi loltoonni isaa in ajjeefaman. Zedeeqiya keessaa immoo ija isaa baasanii funyoo sibiilaatiin hidhuudhaan gara baabiloonitti isa geessan. Ermiyaasiin immoo mana hidhaatii baasanii gargaarsa adda addaas kan isaaf taasisan gurguddootaa fi ajajaa waraana baabiloon turan [39:11-14, 40:1-6]. Gedaaliyaa nama jedhamu geggeessituu yihuudaa godhanii warri baabiloon muudanii adeeman. Ermiyaasis isa bira jiraata. Yihuudonni gedaaliyaa jibban isa irratti ka'anii isa ajjeesan [41:1-9]. Garuu mootii baabiloon waan sodaataniif gara biyya gibxitti baqatan [43:4-7]. Ermiyaasiinis dirqamaan fuudhanii adeema. Raajichi yeroo kana nama waggaa 70 olii ture. Raajiin ermiyaas inni xumuraa 44:24-30 irra jira. Waa'ee yihuudotaa fi waa'ee mootii gibxi isa fara'oon hofraa jedhamuuti. Mootiin kun bara 589-70 Dh.K.D tti biyya bulche.

Qabiyyee Kitaaba Raajii Ermiyaas

Kitaaba kana keessatti waaqayyoo ofii isaatii ermiyaasiin raajii godhee akka uume, raajichis raajota hundumaa caalaatti nama rakkinaa fi gidiraa baachaa tajaajile ta'uu isaa argina.

Raajichi raajota sobduudhaan jabeessee morma. Hinaaffaa waaqayyoo fi saba isaatiif qabu irraan kan ka'e ijaaf ijatti itti dubbata ture. Fakkeenyaaf:

- Hanaaniyaa [28]
- Sheemaa'iyaa [29:24-32]

Raajiiwwan ermiyaas garri kaan baruma ermiyaas keessa raawwataman. Fakkeenyaaf: 16, 20, 25, 27, 29, 34, 43, 44, 46 keessa yoo dubbifanne dubbii daddafanii raawwataman argina. Kaan immoo yeroo dheeraa booda raawwatan. Fakkeenyaaf: 23, 30, 31, 33 ilaalaa.

Ermiyaas saba yihuudaa baay'ee jaallata. Kanaaf utuma sabni sun hamma sana isa cunqursuu iyyuu, utuu isaan cubbuu irratti cubbuu dabalani, utuu isaan ijoollee isaanii waaqolii isaaniitiif aarsaa dhiyeessanii, utuma gooftaan iyyuu hin kadhatiniif jedhuu (7:16, 11:14, 14:11) raajichi saba isaatiif cimsee kadhata [14:7, 14:20]. Itti gaafatamummaa saba isaatii fudhachuudhaan hisqeel raajichaa wajjin wal fakkaata. [ermiyaas 31:29-30 fi hiqeel 18:2-4].

Kitaaba qulqulluu keessaa jechoota hedduu kan qabu Kitaaba raajii ermiyaasi. Boqonnaa garuu 52 qofa qaba. Barreeffamni isaa akkaataa walaloo fi seenaatti kan dhiyaateedha.

Toora Ta'iiwwanii fi Raajii Kitaabichaa

Ta'iiwwan Kitaaba kana keessaa duraa duubaan toora galfamanii hin barreeffamne. Duraa duubni isaa akka kana ta'a:

[1:1-7:15], [26], [7:16-20:18], [25], [46-51], [36:1-8], [45], [36:9-32], [35], [21-24], [27-31], [34:1-7], [37:1-10], [34:8-22], [37:11-38:13], [39:15-18], [32-33], [38:14-39:14], [52:1-30], [40-44], [52:31-34].

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba raajii ermiyaas bakka 6 tti qoqqooduudhaan qayyabanna. Isaanis:

- 1) Waamamuu raajichaa [1]
- 2) Of eeggachiisa yihuudaadhaaf kenname [2-35]
- 3) Dhiphinaa fi ariyatama raajicha irra ga'e [36-38]
 - a. Barreeffamni Kitaaba raajii isaatii gubachuu isaa [36]
 - b. Hidhamuu ermiyaas [37-38]
- 4) Kufaatii yeruusaalemii fi ta'iiwwan yeroo sanaa [39-45]
- 5) Murtiisaba adda addaa [46-51]
- 6) Gudunfaa [52]

Faaruu Ermiyaas(Lamentation)

Kan barreesse- ermiyaas raajichata'a jedhamee tilmaamama.

Bara- 586 Dh.K.D (akkuma yeruusaalem kufteen)

Kan barreeffameef- yihuudota booji'amanii baabiloon jiran, warra diigamuu

Yeruusaalemiif boo'aa turaniif.

Ergaa isaa- gaddaa fi boo'icha raajichaa fi yihuudota warra kaanii ibsuuf ture.

Maqaa Kitaabichaa

Maqaan Kitaaba kanaa afaan ibrootaatti **“Ekah”** jedhama. Hiikni isaa **“How ...”** yookaan *akkamitti?* Jechuudha. Qabiyyee Kitaabichaa irraa ka'uudhaan akka 1:1, 2:1, 4:1 irratti arginu, **“Qinot”** jedhama. Innis **“Lamentation”** yookaan *boo'icha* jechuudha. Hiikni afaanota adda addaa jecha kana irraa maqaa Kitaabichaa fudhate. Barreessaan Kitaaba kanaa fi kan boo'icha kana boo'e ermiyaas raajicha ta'uu isaatiif waanti beekamaan hin jiru. Garuu akka barreeffama duriitti, akka Kitaaba qulqulluu hiikan jalqabaatti ermiyaas jedhameera. Raga kan nuuf ta'u immoo yeroo yeruusaalem diigamte, yihuudonni booji'aman ermiyaas raajichi waan ta'aa ture hundumaa ijaan argaa waan tureef macaafichi kan isaa ta'uu mala jedhama. Haa ta'u iyyuu malee akka Kitaabaatti qindeessee eenyu akka barreesse beekamaa miti. Macaafichi bara 586 Dh.K.D tti akka barreeffame beekamaadha. Bara 516 Dh.K.D yeroo yeruusaalem haaroftee ijaaramuudhaaf karoorfametti immoo macaafichi sirriitti qiqindatee ba'e jedhama.

Akkaataa Barreeffama Kitaabichaa

Boo'ichi 1^{ffaa}, 2^{ffaa}, 4^{ffaa} fi 5^{ffaa} n hundumtuu lakkoofsota 22 qabu. Akkaataan barreeffama isaaniif xalayaa akkaataa toora duraa duuba qubee ibrootaatti barreeffameedha.

Boqonnaa 1 fi 2 keessatti lakkoofsonni hundumtuu toora walaloo 3 qabu.

Boqonnaa 4 immoo toora 2 qaba.

Boqonnaan 5 toora walaloo 1 qaba.

Qabiyyee Isaa

Kitaabni boo'ichaa Kitaaba qulqulluu keessaa faaruu ermiyaas qofa miti. Bakka hedduutti arganna. Fakkeenya, Kitaaba faarfannaa keessaa faarfannaawwan hedduun faarfannaa boo'ichaati. Akkasumas

raajicha haagee irraa kan hafe, Kitaaba raajotaa keessaa kan boo'icha dhabe hin jiru. Haa ta'u iyyuu malee Kitaabni faaruu ermiyaas boo'icha kam iyyuu caalaa boo'icha namni dhuunfaan qobaa isaa haala hadhaa'aa keessa taa'ee boo'eedha. Bara 586 Dh.K.D yeroo magaalaan yeruusaalem diigamte boo'icha jabaatu boo'ame. Boo'ichi gurguddaan kan biraan kana fakkaatu saba lafarraa gidduutti ta'aa yoo ture iyyuu boo'ichi yihuudotaa sun baay'ee guddaa fi hadhaa'aa ture. Fakkeenyaaf, boo'icha warra suumer: yommuu magaalaan suumer diigame; yommuu uur diigamte; yommuu magaalaan niipoor diigamtee fi kkf. Waldaa ortodoksii ishee jalqabaa keessatti boo'ichi yeruusaalemiif boo'ame kun bara durii sagalee guddaadhaan karaa cinaacha mana qulqullummaa isa lixa biiftutti galagaluutti walitti qabamuudhaan dubbifama. Boo'ichi kun yeroo 2 kan boo'ameedha. Isaanis:

a) Yeroo manni qulqullummaa inni solomoon ijaare diigame [586 Dh.K.D]

Kan diige- mootii baabiloon

b) Yeroo manni qulqullummaa heroodis diigame [70 dh.k.b].

Kan diige mootummaa roomaati. Mootichi neeroo jedhama

Boo'ichi kun waldoota kaatoolikii roomaa keessatti immoo xumura guyyoota ayyaanaa gara dhumaa sadan keessatti ni dubbifamu.

Barreessichi akka baabiloon ulee adabaa taatetti amana. Sababni isaas ittiin yeruusaalemiif fi guutummaa yihuudaa ittiin adabuudhaaf gooftaan mootummaa baabiloon sanatti fayyadameera [1:12-15, 2:1-8, 17, 22, 4:11]. Kakuu cabsuun, abboomamuu diduu fi gooftaa isaanii irratti ka'uun saba sana adaba kana fakkaatu irra isaan buuse [1:5, 8-9, 4:13, 5:7, 16]. Gara kutaa gidduu Kitaabichaatti gaarummaa waaqayyoo hamma gubbaatti ol kaasee dubbata. Ibsi isaas: waaqa abdii ta'uu isaa [3:21-25], waaqa jaalalaa [3:22], waaqa amanamaa [3:23], kan fayyisuu fi deebisee kan nama dhaabu [3:26]. Akkasumas gaarummaa fi ararri isaa kan bara baraa akka ta'e, ganama ganama kan haareffamu ta'uu isaa, guddina amanamummaa isaatiis cimsee dubbata [3:22-23]. Gara xumura Kitaabichaatti immoo amanamummaan waaqayyoo yeruusaalem keessaa akka mul'atu cimsee dubbata. "yaa gooftaa! mootummaankee kan bara baraati. Teessoonkees dhalootaa hamma dhalootaatti jabaatee in dhaabbata!" Jedha [5:19]

Boqonnaawwanii fi Lakkoofsota Kitaabichaa

Kitaabni boo'ichaa kun boqonnaawwan 5 tti qoqqoodamee jira. Boqonnaawwan kunii fi tokkoo tokkoon isaanii lakkoofsota meeqa meeqa akka qaban gabatee armaan gadii kana keessaa ilaalla:

Qoqqoodama Kitaabichaa

Macaafichi jechootaa fi boqonnaawwan muraasa haa qabaatu iyyuu malee qayyabachuudhaaf bakka gurguddaa 5 tti qoqqoodna.

Isaanis:

1. Gidiraa yeruusaalemii fi gargaarsa dhabuu ishee [1]
2. Waaqayyo saba isaatti aaruu isaa [2]
3. Guungummii fi jajjabina yihuudaa [3]
4. Garaagarummaa tsiyoon durii fi ishee ammaa gidduu jiru [4]
5. Qalbii diddiirrachuu fi deebitee ijaaramuudhaaf yihuudaan fuula gooftaa duratti mul'achuu ishee [5]

Kitaaba Hisqeel Raajichaa(Ezekiel)

Kan barreesse- hisqeel raajicha

Bara- 593-571 Dh.K.D

*Kan barreeffameef- yihuudota warra bara 597 Dh.K.D
booji'amanii gara*

Biyya baabiloonitti geeffamaniif.

*Qabiyyee isaa- hisqeel luba waaqayyoo isa isaan gidduu jiru, akka
Waaqayyo gaaf tokko boojuudhaa deebisee gara
Yeruusaalemitti isaan galchu dhugaa isaa isaan
Amansiisuuf*

Hisqeel

Hisqeel jechuun:

- God is strong = waaqayyo jabaadha [3:14]
- God strength = jabina waaqayyoo [30:25, 34:16]
- God makes hard = waaqayyo ni jabeessa [3:8-9]

Hisqeel raajota waaqayyoo warra bara kakuu moofaatti 'raajota gurguddoota' jedhaman keessaa tokko ture. Barri jireenya isaa bara guutummaa biyya lafaa irra rakkinni guddaan ture keessadha. Tajaajilli isaa 593 Dh.K.D biyya boojuutti eegale.

Mootummaan aasoor yommuu biyya lafaa mo'aa turetti mootummaa kaaba israa'el'samaariyaa' barbadeessee namoota israa'elis booji'ee ture. Barri barbadaa'uu samaariyaa 722-721 Dh.K.D ture. Baroota hedduu booda mootummaan aasoor kufaa adeeme, baabiloon immoo ijaaramaa, jabaachaa adeemti turte.

Bara 612 Dh.K.D tti mootiin baabiloonii fi miidoon wal ta'anii aasooriin rukutuudhaan magaalaa guddoo aasoor niineevaa jedhamtu qabachuu danda'an. Mootummaan aasooris kanumaan kufee, baabiloon immoo kaatee mo'uu jalqabde.

Waggaa 3 booda dhaloota isaatii neekoo jedhamu mootiin gibxi fara'oon, inni maqaan dhaloota isaatii neekoo jedhamu aasooriin gargaaree deebisee hundeessuuf karaa kaabaa baabilonitti rukuttaa banee ture. Sababni isaas jaarsolii gibxi warra sooriyaa fi kana'aan keessa jiraatan bittaa baabiloon jalaa baasuu fi akkasumas ol aantummaa aasooriif deebisuuf ture. Yeroo kana mootichi yihuudaa inni karaa waaqayyoo irra yaada isaa guutuudhaan bu'aa ture baabilooniin gargaaree warra gibxi loluuf ba'ee bakka duulaatti ajjeeffame. 2moot 23:29-30, 2seen 35:20-24

Akkaataa kanaan yihuudaa fi baabiloon michummaa waliin qabaachaa turan. Geggeessaa hafuura waaqayyoo fi abboommii isaatiin biyya bulchuun hafee mootummaan yihuudaa kan raafamuu fi yeroo yerootti jijjiiramuu eegale [qayyabannaa raajii ermiyaas keessatti toora mootummoota sanaa ilaalleerra].

Bara 605 Dh.K.D tti gibxii fi baabiloon bakka karkamiish jedhamutti yommuu wal rukutan, yommuu baabiloon injifatte sanatti mootiin yihuudaa yehooyaaqiim mo'ee waggaa 4^{ffaa} isaatti mootii baabiloon irratti ka'ee gibxiin gargaare, gibira mootii baabilooniif ba'us ni dhowwate. Kanaaf nebukaadinaazaar bara 597 Dh.K.D loltoota gara yerusaalemitti ergee magaalattii qabate, yihuudota 10,000 booji'ee gara biyya baabiloonitti geese. Hisqeel raajichi isaan keessaa tokko ture. Warri booji'aman kunis yihuudota warra waggaa 3^{ffaa} mootummaa yehooyaaqiim keessa booji'amanii wajjin [daan 1:1] walitti dabalaman. Mootichis ni qabame. Kana booda nebukaadinaazaar zedeeqiyaa wasiila yehooyaaqiim yihuudaa irratti moosise.

Mootiin kunis ji'a 6 booda fincila kaase. Kanaaf bara 588 Dh.K.D tti loltoonni baabiloon yerusaalemitti marsan, 586 Dh.K.D tti immoo dallaa magaalattii diiganii itti seenan. Hagayya 14/586 Dh.K.D manni qulqullummaa fi magaalaa yerusaalem ni gubatan. Mootummaan

daawwit guyyaa sana kufe, yihuudonni akkuma qomoo tokkootti garbummaa jala jiraatu turan, manni qulqullummaa inni kan waaqayyoo inni solomoon ijaares akkuma diigametti hafe. Kunis hamma bara 539 Dh.K.D tti, hamma qiiroos namni peershiyaa baabilooniin rukutee barbadeessutti itti fufe. Qiiroos kana kaasuuf akka jiru waaqayyo karaa isaayyaas raajichaa dubbatee ture [isa 45]. Mootichi mootummaa faaris hundeesse. Yihuudotattis faara toleera. Boojuudhaa akka isaan galan kan godhes isa. Hisqeel egaa biyya boojuu utuu jiruu raajummaadhaaf waamame [1:1-3]. Hisqeel fuudhee haadha manaa qaba ture [24:15-18]. Kanaaf biyya boojuu sanaa lubummaadhaan mana mataa isaatii ijaarratee keessa jiraata [3:24, 8:1]. Warra wajjin booji'ame hundumaa caalaatti lubummaa kan qabu isa. Hisqeel sanyii lubootaa keessaa dhalate [1:3]. Kanaaf tajaajilli isaa tajaajila mana qulqullummaa, iddoo aarsaa wajjin kan wal qabatuudha. Raajiin isaa, mul'anni isaa naannoo mana qulqullummaa fi keessa mana qulqullummaatti kan dubbatamee fi kan argameedha [boq. 8-11, 40-48]. Hisqeel akka addunyaa bara sanaatti namoota beektota turan keessaa tokko ture. Beektota seenaa biyya lafaa keessaa isa tokko. Aadaa saba adda addaas beeka. Ogummaa adda addaas qaba. Dandeettii sammuu fi hojii adda addaa akka gaariitti qaba [16 fi 23]. Kanaaf raajota hundumaa caalaa, ermiyaasii fi hoose'aa caalaatti illee raajii dubbatu fakkeenyaan hojjetee argisiisaa kan ture hisqeel ture.

Bara Tajaajila Hisqeel

Akka seenaan dubbatutti hisqeel waamicha tajaajilaa kan argate hagayya, 593 Dh.K.D ture. Barri kun gubachuu yeruusaalem dura waggaa 7 ture. Raajichi utuma tajaajilaa jiruu waggaan 7'n dhumee yeruusaalem gubatte [586]. Kana booda yeruusaalemii fi yihuudaadhaaf yeroon isaa yeroo hundumaa caalaa dukkana, yeroo gaddaa fi gadadooti. Raajichi bara akka sanaa keessa waggaa 15 itti fufee raajummaa isaatiin tajaajilaa ture. Ergaa isa xumura raajumaa isaatii kan inni itti dhaga'e ebla, 571 Dh.K.D ture [29:17]. Kanaaf walumaa galatti 593- 572 Dh.K.D tti raajii yihuudaa biyya boojuutti warra boo'iaman gidduu ture, isaanittis nama raajii dubbachaa tureedha.

Ibsa Kitaaba Hisqeel

Hisqeel biyya boojuu sana yommuu ture yeruusaalem nagaatti utuu jirtuu deebi'ee arguudhaaf abdata ture. Tajaajila isaa waggaa gara

jalqabaa 7'f [593-586] yeruusaalem cubbuu isheetiif kufuuf akka jirtu, ulfinni waaqayyoos akka ishee irraa ka'u amanamummaadhaan dubbataa ture [boq 1-24]. Sabni israa'elii fi yihuudaa saba dhuunfaa waaqayyoo yoo ta'an iyyuu, magaalaan yeruusaalem magaalaa ulfina waaqayyootiif fo'atamte yoo taate iyyuu, sababa yakkaa fi cubbuu isaanitiif harka boojuu turuun isaanii kan hin hafneef akka ta'e dubbatameera [erm 29-30]. Kanaafuu bakkuma jiran sana nagaatti waaqayyoof abboomamanii jiraachuu akka isaan qaban raajichi isaanitti hima. Diigamuu yeruusaalem raajii dubbachuudhaaf akka fakkeenya ta'uuf haati manaa isaa akka duutu ta'e [24:15-27]. Kanaanis raajichi guungumuu dhiisuudhaan waaqayyoo wajjin nagaatti jiraachuuf fakkeenya isaaniif ta'a. Yeruusaalem erga diigamtee booda murtiigurguddaa biyya 7 irratti dubbata. Kunis dheekkamsa ijaa ba'uu waaqayyooti. Sabni kunis: amoon, mo'aab, edoom, filisxeem, xarsees, sidoon fi gibxi turan [25-32]. Kun hundumtuu erga raawwatee booda ergaan haaraan gara raajichaa dhufe. Innis yeruusaalem deebitee ijaaramuuf akka jirtu, sabni yihuudaa boojuudhaa ba'uuf akka jiran, manni qulqullummaas deebi'ee akka ijaaramu ture. Sagalee abdii fi deebi'anii ijaaramuuti jechuudha [33-48].

Qabiyyee Kitaaba Raajii Hisqeel

Guutummaa Kitaaba qulqulluu keessatti ol aantummaa fi hundumaa danda'uun waaqayyoo haa ibsamu iyyuu malee akka Kitaaba hisqeel waa'ee guddummaa, ol aantummaa fi hundumaa gararraa ta'uu waaqayyoo kan dubbatu hin jiru. Guutummaa Kitaabichaa keessatti waaqayyo hundumaa gararraa, bakka hundumaatti kan argamu akka ta'e deddeebi'ee dubbata.

Kitaaba kana keessaa "isaanis ani waaqayyo akkan ta'e ni baru" kan jedhu si'a 65 barreeffamee jira. Boqonnaa 1-24 keessatti barbadaa'uu fi gubachuu yeruusaalem keessa waaqayyo akka jiru dubbata. Boqonnaa 25-32 keessatti immoo sabni lafarraa dheekkamsa inni isaanitti fidu irraa ka'uudhaan inni waaqayyoo isa jabaa akka ta'e beekuuf akka jiran dubbata. Boqonnaa 33-48 immoo waaqayyo yeruusaalemiin deebisee ijaaruu isaatiin waaqayyo isa jabaa akka inni ta'e beekuuf akka isaan jiran dubbata. Waaqayyo murtiiqajeelaa akka faradu, kakuu isaa immoo bara baraan kan eegu akka ta'e, isa yakke immoo akka adabu, saba hundumaa keessatti galateeffamaa fi bara baraan jabaa akka inni ta'e walii galatti macaafichi ni ibsa. Akkasumas bara

mootummaa baabiloon keessa yihuudonni karaa hundumaan kufanii, miidhamaa fi dukkana guddaa keessa kan turan yoo ta'an iyyuu deebi'anii kan bara darbee caalaatti jabaatanii dhaabbachuuf kan jiran ta'uun isaanii waaqayyo waaqa irraa uumama biyya lafaa dura akka fo'atee addaan isaan baafate kan mul'isuudha. Waaqayyo hisqeelitti yommuu dubbatu 'yaa mucaa namaa' jedha [2:1]. Kunis hisqeel waaqayyo isa tokkichaaf ciminaan garaa isaa guutuu hojjechuuf kan of kenne akka inni ta'e ibsa.

Akkaataa Barreeffamaa Kitaaba Raajii Hisqeel

Raajonni gurguddoon sadanii fi raajichi seefaaniyaan toora egrgaa fi ta'iiwwanii wal fakkaatu qabu.

Isaanis:

- 1) Dheekkamsa israa'el
- 2) Dheekkamsa saba lafarraa
- 3) Ergaa jajjabinaa fi deebi'anii ijaaramuu

Dukkanaa fi rakkina keessatti ergaa deebi'anii ijaaramuu cimsee akka hisqeelitti kan dubbate hin jiru.

Kitaabni hisqeel dheekkamsaa fi diigamsa erga dubbatee booda deebi'anii ijaaramuu fi jajjabina immoo dubbata. Fakkeenyaaf:

- Boqonnaa 8-11 irratti manni qulqullummaa akka gubatu erga dubbatee booda 40-48 irratti immoo waa'ee ijaaramuu dubbata.
- Boqonnaa 1 irratti aarii waaqayyoo isa guddaa dubbata. Kanaaf boqonnaa 3 irratti ergaa dheekkamsaa dubbata. 33 irratti immoo deebisee jajjabeessa.
- Boqonnaa 6 irratti gaarota israa'elitti dheekkamsa dubbata. 36 irratti immoo jajjabinaa fi deebi'anii lalisuu gaarota kanaa dubbata.

Barreeffamni Kitaabichaa baay'inaan akka walalootti utuu hin taane, akka seenaatti walitti fufee barreeffame. Kun immoo raajichi duraan luba waan tureef akkaataa barreeffama raajotaa fi faarfattootaatti kan hin barreeffamin ta'uu isaa hubachiisa.

Of eeggachiisa inni kennu irraa lubummaan raajichaa ni mul'ata. Fakkeenyaaf;

- 'warra jal'oota yoo of eeggachiifte' ba'uu 2:12
- ati ibrootakeessaa hojjetaa (garba) yoo bitatte

Kitaaba kana keessa bakka 4 tti mul'ata gurguddaa argina.

Isaanis:

- 1) Mul'ata jalqabaa [1-3]
- 2) Manni qulqullummaa xuraa'uu isaa [8-11]
- 3) Lafee dachaa keessaa [37]
- 4) Deebi'anii ijaaramuu [40-48]

Kitaaba kana keessa bakka bu'ee (symbol) 12 tu jiru.

Isaanis:

- 1) [3:22-26]
- 2) [4:1-3]
- 3) [4:4-8]
- 4) [4:9-11]
- 5) [4:12-14]
- 6) [5:1-3]
- 7) [12:1-16]
- 8) [12:17-20]
- 9) [21:6-7]
- 10) [21:18-24]
- 11) [24:15-24]
- 12) [37:15-28]

Ergaa dabarsuuf fakkeenyonni 5 fudhatamaniiru.

Isaanis:

- 1) [15]
- 2) [16]
- 3) [17]
- 4) [19]
- 5) [23]

Qabiyyee Giddu Galeessaa Kitaabichaa

Gadi fageenyaan macaafichi kan inni dubbatu: waa'ee waaqolii tolfamoo israa'el, shaakala cubbuu saba lafarraa irraa isaanitti darbe, jal'ina yihuudaa fi israa'el, gooftaa gaddisiisuun biyyattiis bal'inaan ibsameera. Kanaafuu waaqayyo waaqa irraa dheekkamsa isaatiin biyya sana keessaa akka isaan barbadeessu, kana booda ijaarsa haaraa akka isaan ijaaru, ka'usaa fi hundeeffama haaraan akka jiru raja.

Boo'ichi hisqeel sabni yihuudaa fi israa'el, magaalaan yeruusaalemii fi lafti isaanii qulqulluu ta'uu isaa irratti hundaa'a. Sabni sun ofii isaanii, mana qulqullummaa fi guutummaa biyya sanaa cubbuudhaan waan xureessaniif dheekkamsi sun hundumtuu dhufuun isaa sababa boo'ichaa fi gadda raajichaati. Bara xuraa'ummaa sanatti aansee adabaaf harka boojuutti erga kennamanii booddee sabni waaqayyoo

biyya isaaniitti deebi'anii haaraatti yommuu ijaaraman mootummaan daawwit deebi'ee ijaaramuuf akka jiru sagaleen abdii raajameera [34:23-24].Giddu galeessatti xiyyeeffannaan Kitaabichaa waaqayyo guutummaa biyya lafaa keessaa waaqayyo isa tokkicha ta'uu isaa, fayyisaa fi oolchaan, deebisee jireenyatti fiduu kan danda'u isa qofa akka ta'e ibsuudha.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba hisqeel raajichaa bakka gurguddaa 3 tti qoodnee qayyabanna.

Isaanis:

1. Murtiifi dheekkamsa israa'elirratti dubbatame [1-24]
 - a. Mul'ata hisqeel arge isa jalqabaa [1-3]
 - b. Mul'ata marfamuu yeruusaalem [4-5]
 - c. Dheekkamsa israa'el[6-7]
 - d. Manni qulqullummaa xuraa'uu isaa [8-11]
 - e. Booji'amuu yeruusaalem arguu isaa [12]
 - f. Dhekkamsa yihuudaa eeggatu [13]
 - g. Haati manaa hisqeel du'uu ishee fi gubachuu yeruusaalem [24]
2. Murtiisaba lafarraa irratti dubbatame [25-32]
 - a. Murtii amooniin eeggatu [25:1-7]
 - b. Murtii mo'aabiin eeggatu [25:8-11]
 - c. Murtii edoomiin eeggatu [25:12-14]
 - d. Murtii filisxeemiin eeggatu [25:15-17]
 - e. Murtiixiirroosiin eeggatu [26:1-28:19]
 - f. Murtii sidooniin eeggatu [28:20-24]
 - g. Murtii gibxiin eeggatu [29-32]
3. Abdii deebitee ijaaramuu israa'elii fi yeruusaalem [33-48]
 - a. Hisqeel eegduu ta'uu isaa [33:1-20]
 - b. Himamuu kufaatii yeruusaalem [33:21-33]
 - c. Tiksoota saba israa'el[34]
 - d. Adaba edoom [35]
 - e. Ijaaramuun israa'eldubbatamuu isaa [36]
 - f. Lafeewwan goggogaa israa'el[37]
 - g. Lola goog fi mo'amuu isaa [38-39]
 - h. Qajeelfama jireenya haaraa israa'eliifkenname [40-48]

Kitaaba Daani'eel Raajichaa(Daniel)

Kan barreesse- daani'eel raajicha

Bara- 605-530 Dh.K.D

Kan barreeffameef- yihuudota booji'amanii baabiloon jiraniif

Qabiyyee isaa- waaqayyo inni kan israa'elmootummoota hundumaa irratti

Mootii ta'uu isaa ibsa

Daani'eel

Daani'eel raajota israa'elbara kakuu moofaa keessa tajaajilaa turan keessaa isa tokko. Innis bara 609 Dh.K.D eegalee raajii waaqayyoo ta'ee tajaajiluu eegale. Raajichi nama gooftaa yesuusiin isa fuula duratti dhalachuuf jiruu fi ergamaa gooftichaa iyyuu nama mul'ataan argeedha [9:27, 11:31, 12:11, maat 24:15]. Tajaajilli daani'eel hamma bilisummaa yihuudaa fi kufaatii baabiloon, akkasumas ka'a mootummaa faarisitti adeema [530 Dh.K.D].Daani'eel hiriyoota isaa sadan: hanaaniyaa, mishaa'elii fi azaariyaa wajjin boojuu isa jalqabaa 605 Dh.K.D ta'e keessa tura. Namoota yihuudaa warra wajjin booji'amanii wajji bakka shiinaar jedhamutti geeffaman. Galma waaqa tolfamaa warra baabiloon isa maarduk jedhamuu keessa akka hojjetan taasifama.Hisqeel immoo boojuu isa lammaffaa keessa ture. Innis bara 597 Dh.K.D ture. Daani'eel, hanaaniyaa, mishaa'elii fi azaariyaan barsiifamanii hojii mana mootummaatti ramadamuuf sammuu fi hubannaadhaan warra kaan caalanii namoota ogeeyyii ta'an waliin filatamanii turan.Hiika maqaa jara kanaa:

Hanaaniyaa-*The Lord Shows Grace -Waaqayyo Ayyaana Argisiisa*

Mishaa'el- *Who Is What God Is? -Eenyummaa Waaqayyoo*

Azaariyaa-*The Lord Helps -Waaqayyo Nama Gargaara*

Akkaataa Barreeffama Kitaabichaa

Kitaabni kun akka seenaatti kan barreeffameedha.Ergaan akka walalootti barreeffame muraasa. Raajiin isaas daddafee kan raawwatuudha. Mul'anni kan keessa guutee fi mul'anni isaas waan darbe, waan amma jiruu fi kan gara fuula duraa kan walitti qabuudha. Abjuu moototaa illee mul'ataan arguudhaan hiika isaa wajjin isaanitti himaa ture. Kanaaf raajiiwwanii fi mul'ata daani'eel keessaa kakuu haaraa keessa illee kan raawwatame jira. Innis waa'ee isa iddoo qulqullaa'aa dhidhiituuti. Amma iyyuu kan raawwatamuuf jiru hafeera jechuudha.Qabiyyee isaa irraa ka'uudhaan daani'eeliin 'raajii' caalaa

‘abbaa mul’ataa’ utuu jennee iyyuu fudhatamaadha. Sababni isaas inni mul’ata isaa hiikee dubbata ture. Macaafichi jaarraa 2^{ffaa}Dh.K.D gulaalamee qiqindatee akka xumurame ragooleen ni dubbatu. Akkasumas raajiiwwan kana keessaa ka’i mootummootaa daani’eel booda kanneen raawwataman ni jiru. Kitaabni kun jaarraa 2^{ffaa}Dh.K.D akka barreeffame ragoonni jiru. Isaan keessaa:

- 1) Mootummoota afran [boq 2 fi 7] warri jedhaman: baabiloon, miidoon, peershiyaa (faariis) fi girikii turan. Haa ta’u malee barreessichi gara walakkeessa Kitaabichaatti [5:28] mootummaa miidoonii fi faares akka tokkootti barreesse. Isaanis mootummaa lammaffaa turan [2:32-43]. Kanaafuu mootummoonni arfan sun: baabiloon, miidoonii fi faaris, girikii, roomaa turan jechuudha.
- 2) Afaanni macaafichi ittiin jalqaba barreeffame jaarraa 2^{ffaa} dura ta’uu isaa ni mirkaneessa.
- 3) Raajiiwwan daani’eel keessaa jaarraa 2^{ffaa}Dh.K.D kan raawwatame hin jiru. Kun illee raga biraadha.

Qabiyyee Giddu-galeessaa

Qabiyyeen giddu galeessaa Kitaaba kanaa gabaabaatti 4:17 fi 5:21 irratti barreeffamee jira. Innis akkana jedha:

Daani’eel 4:17-

Dubbii cite kana eegdota warra ergamantu abboome, murtoo kanas warra qulqulloota sanatu dubbate, kanaan inni hundumaa gararraa jiru mootummaa namootaa irratti akka mo’u, abbaa ofii isaatii jaallateefis akka isa kennu, namoota hundumaa keessaa isa gadi deebi’aas isa irra akka inni kaa’u, warri jiraatan hundinuu haa beekan! Jedhee anatti dubbate.

Daani’eel 5:21-

Inni namoota gidduudhaa in baafame, sammuu isaa akka sammuu bineensaa in ta’e, iddoon jireenya isaas harroota diidaa wajjin in ta’e, akkuma sangaa marga in nyaate, dhagni isaa fixeensa waaqa irraatiin in tortore; waaqayyo inni hundumaa gararraa jiru mootummaa namootaa irratti akka mo’u, abbaa ofii isaatii jaallateef akka isa kennus hamma inni beekutti waanti kun isa irra ture.

Akkaataa Barreeffama Kitaabichaa

Macaafichi akka seenaatti kan barreeffameedha. Boqonnaa 1-6 tti akka seenaatti barreeffamee jira. Boqonnaa 7-12 tti immoo mul'ata arge sana hundumaa barreessee dhiyeessa. Gosti biroon immoo:

- Mul'ata fakkeenyaan kenname
- Raajii barreeffamaan dhiyaate
- Ta'iiwwan raawwatamanii darbanii fi kkf

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba daani'eel raajichaa kana bakka 3 tti qoqqoodnee qayyabanna. Isaanis:

1. Ittiin lixa [1]
 - a. Seensa seenaa [1:1-2]
 - b. Daani'eelii fi hiriyoonna isaa booji'amuu isaanii [1:3-7]
 - c. Dargaggoota amanamoo [1:8-16]
 - d. Dargaggoonni sun taayitaa gurguddaa irra kaa'amuu isaanii [1:17-21]
2. Wantoota saba lafarraa irratti ta'u [2-7]
 - a. Abjuu neebukaadizaar isa jalqabaa [2]
 - b. Waaqolii tolfamoo neebukaadinaazaar [3]
 - c. Neebukaadinaazaar abjuutti muka arguu isaa [4]
 - d. Beelshaazaarii fi kufaatii baabiloon [5]
 - e. Daani'eel afaan leencotaa ooluu isaa [6]
 - f. Daani'eel bineensa 4 mul'ata arguu isaa [7]
3. Dheekkamsa waa'ee israa'elootaa [8-12]
 - a. Daani'eel korbeessa hoolaa fi re'ee mul'ata arguu isaa [8]
 - b. Hiikaa mul'ataaf kadhachuu daani'eel [9]
 - c. Daani'eel waa'ee fuul dura israa'el mul'ata arguu isaa [10-12]

Kitaaba Hose'aa Raajichaa(Hosea)

Kan barreesse- hoose'aa raajichatti tilmaamama.

Bara- 722-721 Dh.K.D

Kan barreeffameef- mootummaa kaaba israa'eliif[samaariyaa]

Qabiyyee isaa- jaalala waaqayyoo isa guddaa inni saba israa'eliifqabu kan ibsuudha.

Hoose'aa

Hoose'aa raajiin jedhamu: abbaan isaa beerii jedhama. Israa'el keessaa ka'ee gara xumura jaarraa 8^{ffaa}Dh.K.D keessa raajummaadhaan tajaajilaa ture. Barri tajaajila isaatii amos raajichaa wajjin wal qabata. Waaqayyo saba israa'elharka boojuutti akka kennu, israa'eliin kan booji'us mooti aasoor akka ta'e hoose'aa raajichi dubbateera [7:11, 8:9, 10:6, 11:11]. Raajiin kun gara waggaa 38 tajaajilaa ture. Guutummaa raajota ka'aa turanii keessaa nama yihuudaa kan hin taane isa qofa. Hoose'aan nama israa'el[mootummaa kaabaa] ture. Raajiin isaas waa'ee yihuudaa utuu hin taane waa'ee israa'elture. Ta'us erga mootummaan samaariyaa barbadeeffamee booda biyya yihuudaa keessatti Kitaabni isaa qiqindatee barreeffame. Akka barreeffamoota wabiitti seenaa mootota yihuudaa fayyadamee barreessuun isaas raga guutuu ta'a. Barri jireenyaa fi tajaajila hoose'aa garri caalu yeroo israa'eloonniwal lolaa turan keessa ture. Mootummaan samaariyaa kufuuf yeroo jedhetti waggaa 25 keessatti yeroobiyaam ii tti aansee mootonni ja'a akka wal jijjiiran beekamaadha [2moot 15:8-17:6]. Isaan kana keessaa mootonni 4 mana mootummaa isaanii keessatti mormitoota isaaniitiin qalaman. Isaanis: zakkaariyaas, shaalum, pheqaayyaa fi pheeqa. Mootichi hoosheyaan immoo lafa duulaatti booji'ame. Mooticha meenaahem qofatu karaa nagaa mootummaa ilma isaatti dabarse.

Mootonni kun yommuu dhiiga walii lolaasuudhaan gooftaa gaddisiisanitti mootiin aasoor immoo karaa kaaba dhihaa daangaa babal'ifataa ture. Kanaaf mootichi menaahem mootummaa aasoor jala galee gibira baasaafii ture [2moot 15:19-20].

Ta'us 733 Dh.K.D tti pheeqaan mootichi mootii aasoor irratti ka'ee irratti korate. Yeroo sana biyya efireemii fi minaasee qofatu mootummaa israa'eliifhafa malee warri aasoor biyya israa'elqabatanii turan. Kana irraa ka'uudhaan mootichi hoosheyaan aasooriif gibira

baasuu didee irratti ka'e. Kanaaf mootiin aasoor samaariyaa rukutee qabachuudhaan mootummaa israa'elbarbadeesse.

Qabiyyee Kitaabichaa

Boqonnaa 1-3 tti waa'ee maatii fi jireenya raajichaa dubbata. Akka inni dubartii ejjituu fuudhuuf waaqayyo raajicha abboomee ture. Maqaan dubartii kanaa gomeer jedhama. Innis ijoollee sadii ishee irraa godhate. Ijoolleen sun sadanuu fakkeenya akka ta'aniif, hiika maqaa isaanii wajjin waaqayyo itti fayyadamuudhaaf kana hundumaa godhe [boq 2]. Dubartittiin ejjituu waan taateef hin amanamtu. Garuu raajichatti heerumuun isheedhaaf haara'umsa ture. Raajichi yeroo muraasaaf utuu isheen ejjaaf nama biraa hin quunnamin mana keessatti ishee eegeera [3]. Waanti raajichii fi haati manaa isaa jireenyi waliin dabarsan hariiroo waaqayyoo fi saba iisraa'el gidduu jiruuf fakkeenya gaarii kan ta'uudha [2:4, 9, 18]. Ejji dubartii sanaa waaqa tolfamaa warra kana'aan waaqeffachuu saba sanaatti fakkeeffame [7:16, 9:3, 6, 17, 11:5]. Hoose'aan haadha manaa isaa deebisee fudhate. Kun immoo waaqayyo bara booji'amu fi garboomuu isaanii booddee saba israa'elgara ofii isaatti deebisuuf akka jiru kan argisiisuudha. Kanaafuu Kitaabni kun hariiroo waaqayyoo fi saba israa'elisa darbe, isa ammaa fi isa isaan fuula duratti jiraachuuf jiran kan fakkeenyaan ibsuudha. Kutaa lammaffaan isaa 4-14 tti kan jiruudha. Innis ballinaan sabni israa'elwaaqa tolfamaa warra kana'aan akka isaan waaqeffatan dubbata. Kanaaf raajichi gara qalbii diddiirrannaatti saba sana waamee ture. Barbadaa'uun israa'elis akka isheen waaqota tolfamoo ishee dhiiftee gara waaqayyoo isa kan israa'elitti deebituuf ture [boq 6 fi 14]. Rakkinni israa'elinni guddaan waaqayyoon galateeffachuu dadhabuu isaanii akka ta'e hoose'aan hubatee ture [4:1, 6, 8:1-3, 13:4]. Hariiroon waaqayyo saba isaa wajjin qabu jaalala [2:19, 6:6, 12:6]. Jaalala guddaa sana argisiisuudhaaf fakkeenya haadha manaa fi abbaa manaa fudhate jechuudha. Ittuma fufuudhaan immoo jaalala abbaa fi ijoollee gidduutti dabe [11:1-4]. Cubbuun hundumaa caalaatti waaqayyoon gaddisiisu waaqa tolfamaa waaqeffachuudha. Innis ejja hafuuraa jedhama. Ejjin immoo bu'aa dhagnaabbaa sanaa yakka (xureessa) [1qor 6]. Kanaaf raajichi warra waaqa tolfamaa waaqeffatan sanaan 'ejjitoota' jedhe [4:13-14, 5:4, 9:1] Sabni israa'elyeroo sana lafa ol ka'oo irratti ba'aaliif sagadan. Sirna waaqeffannaa ba'aal keessaa

immoo tokko ejja waan ta'eef warri waaqolii sanaaf sagadan ni ejju turan [4:14], fakkeenya jabbiifis sagadaniiru [1moot 12:28-29]

Yaadota wal morman

Kitaaba hoose'aa yommuu ibsan iskoolaaronni Kitaaba qulqulluu waanta 2 irratti waliif hin galin hafan. Yaadonni kunis:

1) Gomeer haadha manaa hoose'aa

Gomeer intala diiblaayim turte. Isheen biyyummaadhaan raajichaa wajjin tokko taati jedhama.

Erga hoose'aa raajichatti heerumtee iyyuu hojii ejja isheetii itti jabaattee turte [3:1-3]. Ijoollee sadii deessee turte. Kanaafuu mucaa isa duraa irraa kan hafe ijoolleen warri 2ffaa fi 3ffaa irratti dhalatan kan raajichaa miti jedhamee tilmaamama [1:6 fi 1:9]

Waa'ee ejja gomeer ilaalchisee yaada 2 tu jira:

- a. Duratti nama amanamtuu kan turte, erga heerumtee takka turtee ejja kan jalqabde ta'uu ishee
- b. Durumaan iyyuu utuu raajichi ishee hin fuudhin ejjituu ta'uu ishee kan dubbataniidha.

Yaadni biraan immoo waa'ee hariiroo gomeerii fi hoose'aa raajichaati.

Hariiroo raajichaa fi haadha manaa isaa gidduu jiru fakeenya hariiroo waaqayyoo fi saba israa'elgidduu jirutti hiiku. Yaadni biraan immoo seenichi seenaa dhugaa maatii sanaa akka ta'e, waaqayyoo fi saba israa'elbakka bu'uu akka hin dandeenyetti barsiisu.

2) Ibsa boqonnaa 1 fi 3

Boqonnaa 1 irratti ejjituu sana utuu inni fuudhuu argina. Boqonnaa 3 irratti immoo deebisee ishee fuudha. Kanaaf addaan ba'anii turanimoo yookiis attam ture kan jedhu irratti hamma ammaatti waliif hin galamne jedhama.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba Raajii hoose'aa kana bakka 3 tti qoodnee qayyabanna. Isaanis:

1. Ibsa jalqabaa [1:1]
2. Abbaa manaa amanamaa fi haadha manaa hin amanamne [1:2-3:5]
 - a. Ijoollee fakkeenyummaaf dhalatan [1:2-2:1]
 - b. Haadha manaa hin amanamne [2:2-23]
 - c. Abbaa manaa amanamaa [3]

3. Waaqayyo isa amanamaa fi saba hin amanamne [4-14]
 - a. Amanamuu dhabuu israa'el[4:1-6:3]
 - b. Adaba israa'eliin eeggatu [6:4-10:15]
 - c. Jaalala waaqayyoo isa amanamaa [11-14]

Kitaaba Yoo'eel Raajichaa(Joel)

Kan barreesse- yoo'eel raajicha jedhamee yaadama.

Bara- bara boojuu dura waggaa 7 hamma boojuu booda waggaa 5ffaatti [waggaa 12] 593- 581 Dh.K.D)

Kan barreeffameef- saba yihuudaatiif

Qabiyyee isaa- adabaa fi qalbii diddiirrannaa sana booda eebbi guddaan saba Yihuudaatiif akka dhufu isaanitti dubbata.

Yoo'eel

Namni maqaan isaa yoo'eel Kitaaba qulqulluu keessaa bakka 12 jira. Yoo'eel raajichi garuu Kitaaba raajii yoo'eelii fi hojii ergamootaa keessatti maqaa dha'ame. Abbaan isaa pheetu'eel jedhama. Maatiin isaa nama yeruusaalem ture. Innis warra bara boojuu yeruusaalem keessatti hafan, warra hiyyeessota sana keessa ture. Waa'ee seenaa duuba isaatii, kan mataa isaatiis, nama akkamii akka inni tures barreeffamni ibsu hin argamne.

Bara Barreeffama Kitaabichaa

Bara barreeffama kitaaba kanaa ilaalchisee yaadni ragaa qabatamaadhaan kaa'ame hin jiru. Haa ta'u malee barreessitoonni adda addaa fi warri macaaficha afaan adda addaatti hiikan hedduun waggoota 7'n boojuu duraatii eegalee hamma waggaa 5 bara boojuu keessaa gidduutti akka inni barreeffame dubbatu. Kitaabni raajii yoo'eel Kitaabota raajii amos, mikiyaas, sefaaniyaa, ermiyaasii fi hisqeel waliin afaan tokkichaan barreeffame. Kanaaf akka barreessitoonni hedduun jedhanitti raajonni kunneen yommuu Kitaaba raajii isaanii barreessan himoota, jechootaa fi gaaleewwan adda addaa wal irraa fudhachuudhaan ergaa raajii isaanii mimmiidhegsanii bifa kitaabaatti akka jijjiiran ni dubbatama.

Ergaa Kitaabichaa

Hawaannisni hedduun biyya yihuudaatti nammee biqiloota jiran hundumaa nyaatee akka barbadeesse raajichi argee dubbata [2:31]. Hawaannisni kunneenis warra gogii fi beela biyyatti fidaniidha. Hawaannisni kunneen mootota biyya yihuudaa lolanii barbadeessaa

turanitti kan hiikamu utuu hin taane, dhugumaan hawaannisa biyya sana balleessaa tureedha. Mootummoota mo'aa turan shananis bakka hin bu'u. Kanaaf raajichi nama hundumaa gara qalbii diddiirrannaatti waame [1:2-3], warra machooftuu [1:5], warra qottuu [1:11] fi luboota [1:13], jaarsaa fi ijoollee utuu hin jedhin waameera. Hawaannisa biyya fudhate sanas 'loltoota waaqayyoo' jedhee isaan waame. Isaanitti aansuudhaan immoo guyyaan waaqayyoo akka dhufu dubbateera. Waa'ee guyyaa waaqayyoo sana yommuu dubbatu akka guyyichi guyyaa adaba sodaachisaa isa kan waaqayyoo ta'e, warri amanamummaadhaan waaqayyoof hin hojjenne hundumtuu akka adabaman dubbateera. Waa'ee guyyaa sanaa raajonni kanneen biroonis dubbataniiru. Isaanis:

- a) Isaayyaas [2:10-21]
- b) Ermiyaas [4:5-9]
- c) Amos [5:18-20]
- d) Sefaaniyaa [1:7-18]

Kanaaf raajichi deebi'anii ijaaramuun isaanii adaba qophaa'e sana erga fixanii akka ta'e dubbateera.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba raajii yoo'eel bakka sadiitti hiruudhaan qayyabanna.

Isaanis:

1. Mata duree [1:1]
2. Guyyaa waaqayyoo isa yihuudaatti dhufaa jiru [1:2-2:17]
 - a. Waamicha kadhataa fi yaada garaa geeddarannaa [1:2-14]
 - b. Labsii guyyaa waaqayyoo [1:15-2:11]
 - c. Waamicha kadhataa fi qalbii diddiirrannaa [2:12-17]
3. Yihuudaan guyyaa waaqayyoo sanatti ooluuf akka jirtu [2:18-3:21]
 - a. Waaqayyo yihuudaa deebisee dhaabuuf akka jiru [2:18-27]
 - b. Waaqayyo namoota isaa haressuuf akka jiru [2:28-32]
 - c. Guyyaan waaqayyoo dhufuu isaa [3].

Kitaaba Amos Raajichaa(Amos)

Kan barreesse- amos raajicha

Bara- 760-750 Dh.K.D

Kan barreeffameef- saba israa'elwarra waaqa tolfamaa

waaqessaa turaniif

Qabiyyee isaa- gara qajeelummaa fi jireenya

qulqullaa'aatti saba israa'elwaamuuf

Amoos

Amos raajota waaqayyoo warra bara kakuu moofaa keessa tajaajilanii darban keessaa isa tokko.

Hiikni maqaa isaatii:

➤ Amos-the lord carries-waaqayyo ni baata (eega)

➤ Amos- the lord upholds-waaqayyo itti gaafatamummaa ni fudhata Raajichi nama magaala teqo'aati [1:1]. Magalaan teqo'aa biyya yihuudaa keessatti kan argamtu yoo taatu, magaala beetaliheem irraa gara kibbaatti fageenya 6miles yookaan 10km irratti argamti. Yeruusaalem irraa immoo 11miles yookaan 18km fagaatti. Amos akka raajora warra kaanii gurguddoota keessaa hin waamamne: fakkeenyaaf, isaayyaas raajichi mana mootummaa keessaa waamame, ermiyaasii fi hisqeel sanyii lubootaati. Amos garuu gosa tikfattee keessaa waamame. Sanyiin isaa fi biyyi isaa warra hoolota horsiisan turan. Kanaaf amos nama barumsa hin qabne, nama seenaa hin beekne, qarooma bara sanaa nama hin hubatin, hiyyeessa ture. Lafa mataa isaatii iyyuu hin qabu ture. Lafa irra hoolota tikfatu iyyuu kiraayii fudhatee itti fayyadama. Yeroo raajii ta'es akka raajota kaanii raajummaa isaatiin namni dhaabbata amantii yihuudotaa keessaa ittiin buddeen hin nyaatin, dhaabbata amantii isaaniitii ala dhaabbatee namni jireenya mataa isaatii danda'ee tajaajile amos qofa.

Amos nama yihuudaa haa ta'u iyyuu malee waamamee yommuu dibame gara biyya israa'el(mootummaa kaabaa) tti ergame. Naannoo beetel jiraachaa tajaajila isaa gara caalu tajaajile [7:10-13]. Beetel bakka iddoon aarsaa mootummaa kaaba israa'eljiru waan ta'eef israa'eloonnibakka sanatti sagadaaf walitti qabamu turan.

Amos beetel bakka sagadaa taa'ee namoota sagadaaf dhufanitti raajii waan dubbatuuf ergaan isaa yeroo baay'ee irra deddeebi'amee

dubbatameera. Tajaajilli isaa kan guutummaa biyya israa'elture. Kanaafuu yeruusaalem fi yihuudaas maqaa dha'eera.

Bara Barreeffamaa

Yeroo amos raajii dubbachuu eegale uuziyaan mootii yihuudaa[792-740 Dh.K.D], yeroobiyaam ii immoo israa'elirratti[793-753 Dh.K.D] mootota turan. Raajichi 760-750 Dh.K.D tti tajaajile. Mootummoonni israa'ellamaanuu bara raajii kanaa keessa guddina gaarii argisiisaa, humna waraanaa cimsachaa turan [2moot 14:23-15:7, 2seenaa 26]. Biyyichi garuu waaqolii tolfamoodhaan xuraa'aa turte. Humnaan wal irratti ka'uun, hiyyeessota gadi qabuun, dhabaa cunqursuu fi cubbuun kana fakkaatu hedduun biyya guutee waan tureef ittiin isaan adabuudhaaf goftaan mootummaa aasoor israa'elirratti kaase. Mootiin aasooris mootummaa kaaba israa'elbarbadeessee israa'elootabooji'e. Barri isaa garuu 722-721 Dh.K.D ture. Raajii isaa amos dubbatee ture.

Sababa Amos Israa'elitti Ergameef

Bara xumura tajaajila isaatti, tajaajila amos dura waggaa 40 tti elsaayi akka mootummaan israa'elhumna waraanaa moo'icha guddaa argatu qabaattu raajeera[2moot 13:17-19]. Raajiin waaqayyoo inni yonaas jedhamu, namni gaat immoo daariin israa'elkaraa hundumaan bakka duriitti akka deebi'u dubbateera [2moot 14:25]. Daangaa israa'el solomoon booda sabni biraan jalaa qabatanii turan. Sabni israa'elis dheekkamsa jala ture. Araarri waaqayyoo garuu kan bara baraa waan ta'eef bakka isaanii duriitti akka isaan deebisuuf jiru, baay'ina araara isaas akka inni saba israa'elitti dubbatuuf, amanamanii waaqayyoof akka jiraataniif akka inni saba sanatti dubbatuuf waaqayyo amos raajicha isaaniif erge.

Erga bara daawwitii eegalee mootonni israa'elhedduun karaa gooftaa isaanii irra kan hin adeemnetti baay'atu turan. Dhugaa kana dubbatee akka isaan qajeelchuuf raajichi isaanitti ergame.

Qabiyyee Kitaabichaa

Qabiyyeen Kitaaba kanaa akkuma olitti ibsame mootonni qajeeltootti akka saba israa'elgeggeessan gorsuuf ture. Kanaaf handhuurri ergaa isaatii 5:24 irra jira. Akkana jedha:

Amos 5:24 Qooda kanaa bulchi qajeelaan akka bishaaniitti, qajeelummaan is akka laga yeroo hundumaa yaa'uutti haa burqu.

Raajiin amos yeroo hundumaa waa'ee haqaa fi qajeelummaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, hoose'aan immoo waa'ee jaalala waaqayyoo,

ayyaana isaa fi araara isaa dubbata. Kanaaf amos saba kakuu cabsu, kan hin abboomamnee fi hin amanamne irratti murtiin waaqayyoo akka dhufu dubbataa ture. Gaddi waaqayyo saba sanatti gadde inni guddaan waaqolii tolfamoo yeroobiyaan daan, beetelii fi bakka adda addaa dhaabetti sagaduu isaaniiti [1moot 12:28-33]. Jireenyi isaaniis kan warra waaqayyoon malee jiraatanii ta'e.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba amos raajichaa bakka 7 tti qoqqooduudhaan qayyabanna.

Isaanis:

1. Achii as dhufa amos raajichaa [1:1]
2. Ittiin lixa [1:2]
3. Saba adda addaatti dheekkamuu isaa [1:3-2:16]
4. Israa'eldheekkamamuu ishee [3:1-5-17]
 - a. Sabni warri filataman ifatamuu isaanii [3]
 - b. Sabni qalbii hin diddiirranne dheekkamamuu isaa [4]
 - c. Sabni qajeelummaadhaan hin jiraanne dheekkamamuu isaa [5:1-17]
5. Waa'ee booji'amuu isaanii [5:18-6:14]
6. Mul'ata dheekkamsaa [7:1-9:10]
7. Israa'elboojuu booda deebitee eebbifamuuf akka jirtu dubbachuu isaa [9:11-15]
 - a. Manni daawwit deebi'ee ijaaramuuf akka jiru [9:11-12]
 - b. Biyya dhaala kakuu isaaniitti deebi'uuf akka isaan jiran dubbachuu isaa [9:13-15]

Kitaaba Obaadiyaa Raajichaa(Obadiah)

Barreessaan- obaadiyaa raajichaakka ta'etti tilmaamama.

Bara- bara baabiloon yeruusaalemiin qabatte [605-586 Dh.K.D]

Kan barreeffameef- saba yihuudaa warra barsiisa warra edoomiin gidirfamaa

Turaniif

Qabiyyee isaa- edoom booji'amu yeruusaalemitti gammaddee waan isaanitti

Ga'ifteef adabamuuf akka jirtu dubbata

Obaadiyaa

Obaadiyaan raajicha Kitaaba raajii obaadiyaa barreesseedha. Hiikni maqaa isaatii:

Obaadiyaa-servant of the lord-hojjetaa gooftaa

Obaadiyaa- worshipper of the lord-nama waaqayyoon waaqeffatu

Maqaan raajii kanaa Kitaaba qulqulluu keessaa bakka hedduutti barreeffamee jira. Isaanis:

- 1) 1mootota 18
- 2) 1seenaa 3, 7, 8, 9, 12 fi 27
- 3) 2seenaa 17 fi 34
- 4) Izra 8
- 5) Nahimiiyaa 10, 12

Maqaan raajii kanaa bakka hedduutti haa barreeffamu iyyuu malee achii as dhufa nama kanaa, biyya isaa, abbaa isaa fi hojii isaa ilaalchisee guutummaa Kitaaba qulqulluu keessatti waanti barreeffame hin jiru.

Bara Barreeffamaa fi Bakka Isaa

Guutummaan Kitaabichaa ergaa dheekkamsaa biyya edoom sanyii eesawuu irratti dubbatameedha. Dheekkamsi kunis edoom irratti kan dubbatame yeroo yihuudaan diinotaan dhiphachaa jirtutti ture [lakkoofsa 11-14]. Bu'uura ergichaa kana irraa ka'uudhaan bara barreeffamaa Kitaaba kanaa ilaalchisee yaada 2 tu jiru. Isaanis:

- a) Bara mootichi yooraa yihuudaa bulchaa turetti [853-841 Dh.K.D] edoom yommuu yihuudaatti duulte [2moot 8:20-22, 2seenaa 21:8-15] barreeffame ta'a kan jedhuudha. Obaadiyaan raajii guddaa isa dura ture tokko jalatti akka guddate beekamaadha. Kanaaf tarii bara sanatti kutata raajotaa elsaayi geggeessu keessa ture ta'a jedhama.

- b) Bara baabiloon yihuudaa weerarte [605-586 Dh.K.D]. Barri inni kun heddumminaan itti waliif galama. Obaadiyaanis ermiyaas raajicha jalatti waan guddate fakkaata. Obaadiyaa 1-6 fi ermiyaas 49:9-10, 14-16 ragaa ta'uu danda'a.

Qabiyyee Kitaabichaa

Macaafi raajii obaadiyaa kakuu moofaa keessaa Kitaaba hundumaa caalaa xiqqaa fi gabaabaadha. Ergaan isaan edoom qofa irratti xiyyeeffata. Edoom ilmaan eesawuu obboleessa yaaqoob. Eesawuun 'edoomticha' jedhamaa ture. Kanaaf sabni isa irraa madde 'warra edoom' jedhame. Kitaaba kana keessatti edoom dheekkamamaa jirti. Sababni isaas yommuu waaqayyo saba isaatti aaree isaan adabutti edoom saba israa'elii fi saba yihuudaatti gammaddee, itti ga'ifte, itti of jajji turte.

Kanaaf gooftaan edoomitti aaree ishee balleessuudhaaf itti kakate. Israa'elii fi gaara tsiyoon garuu deebisee akka dhaabu gooftaan hinaaffaa isaatiin kakate.

Hariiroo edoomii fi israa'elgidduu ture caqasa hedduutu ibsa. Isaanis kunooti.

- 1) Uumama 27, 32, 33, 36
- 2) Ba'uu 15
- 3) Lakkoofsa 20
- 4) Keessa deebii 2, 23
- 5) Isaamu'eel 22
- 6) 2saamu'eel 8
- 7) 2mootota 8, 14
- 8) Faarfannaa 83, 137
- 9) Hisqeel 35
- 10) Yoo'eel 3
- 11) Amos 1, 9

Sababa waaqayyo eesawuu hojjetaa yaaqoob godheef [uum 25:23] sabni edoom akka saba israa'elitti fuula waaqayyoo duratti iddoo hin qaban. Haa ta'u iyyuu malee rakkina obboleessa isaanii keessaa baasuudhaaf dhama'uu, gadda isaanii irraa hirmaachuu qabu malee itti ga'isuun isaan irraa hin eegamne [10].

Boqonnaa fi Lakkoofsota Kitaabichaa

Kitaabni kun qabiyyee xiqqoo qabaachuu isaa irraa kan ka'e boqonnaa hin qabu. Hiikni tokko tokko immoo boqonnaa 1 jedhanii waamu. Kanaaf macaafichi lakkoofsa 21 tti hirameera.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba raajii obaadiyaa bakka 3 tti goodnee qayyabanna.

Isaanis:

1. Ittiin lixaa fi mata duree [1]
2. Murtii edoomitti dhufu [2-14]
3. Guyyaa gooftaa [15-21]

Kitaaba Yoonaas Raajichaa(Jonah)

Kan barreesse- yoonaas raajicha

Bara- bara mootummaa yeroobiyaam ii [793-753 Dh.K.D]

Kan barreeffameef- mootummaa kaaba israa'el

Qabiyyee isaa- jaalala waaqayyo namaaf qabu ibsa

Yoonaas

Yoonaas ilma amiitaayi nama gaat-hefer ture [1:1]. Biyyi kun kutaa biyya zebuloon keessa [iyyaasuu 19:10-13]. Raajichi nama moodela eliyaasii fi elsaay fudhate, utuu tajaajila hin eegalinis nama Kitaabota raajota gurguddoo sanaa qiqindeessee barreesse akka ture ni tilmaamama. Yeroon isaa jaarraa 8^{ffaa} Dh.K.D ture.

Bara Barreeffamaa

Kitaabni kun ergaa saba israa'elqofa utuu hin taane, raajichi saba ormaatti illee aka lallabaa ture ni ibsa. Raajota isa dura turan kanneen akka eliyaasii fi elsaay ormatti dubbii waaqayyoo dubbataniiru [1mootota 17:7-24, 2mootota 8:7-15], raajichi amos akkanuma saba ormaa tajaajileera [1:3-2:16, 9:7 fi 12]

Kitaabni kun erga walakkeessi jaarraa 8^{ffaa} darbee booda barreeffame [750 booda]. Yeroon sun erga amosii fi hoose'aan raajonni kaaba israa'elitti ergaman tajaajila isaanii xumuraniiti. Hamma bara sanaatti samaariyaanis hin qabamne [722-721].

Qabiyyee Kitaabichaa

Bara 800-750 Dh.K.D tti yoonaas raajummaadhaan tajaajilaa ture. Bara sana yeroobiyaam ii daangaa israa'eldeddeebisaa ture. Innis 793-

753 Dh.K.D aangoo irra nama tureedha. Daangaa sanas daangaa duraan warri sooriyaa qabatanii turan deebisa ture. Daangaan sun lixa haamaatii hamma arabaatti adeema. Mootiin kun warra sooriyaa rukutee damaasqoo magaalaa isaanii iyyuu qabatee ture, israa'elootas garbummaa isaanii jalaa baase [2mootota 14:26-27].

Warri sooriyaa deebi'anii israa'eliin lolanii turan. Agruu mootiin aasoor bara 797 Dh.K.D tti sooriyaa rukutee qabachuudhaan israa'elhamma sanatti daangaa ishee hundumaa deebifattee raawwatte [2mootota 13:25]. Gidduu sana mootiin aasoor israa'eliin akka hin rukunneef immoo lola biyya keessaa qaba ture. Sabni israa'elgara waaqolii ormaatti deebi'uudhaan akka waaqayyo irraa hin galagalleef waaqayyo yeroo sana keessa raajota isaa itti ergaa ture. Isaanis: amos, hoose'aa fi yonaas. Yoonasii fi amos bara wal fakkaatu [naannoo yeroo tokkoo] tajaajilaa tura. Yonaas biyya israa'elkeessaa ba'ee gara biyya nanawwee akka deemu itti himame. Innis warra nanawweetti qalbii diddiirrannaa labsuu qaba ture.

Nanawwee

Nanawween bara mootummaan aasoor biyya lafaa bitaa turetti magaalaa guddoo galma mootummaa aasoor turte. Magaalaa nanawwee kan hundeesse ilma kuush, akaakayyuu kaam ilma nohi 'naamrud' jedhamu ture[uum 10]. Magaalaa guddoo fi galma mootummaa aasoor kan taasise immoo seenaaherib mooticha dha. Barri isaas 700 Dh.K.D tti ture. Hamma kufaatii mootummaa aasooritti nanawween guutummaa addunyaa irratti guddina isheetiin beekamti [3:2, 4:11, uum 10:12]. Nanawween bakka mana jireenyaa yonaas gaat hefer irraa 500miles yookaan 800km fagaatti. Yonaas karaa kana hundumaa adeemee tajaajila kana dhaqa.

Nanawween bara sanatti 'magaalaa guddittii' jedhamtee beekamaa turte. Magaalota xixiqqoo hedduu irraa waan hundooftaaf guddoodha [uum 10]. Kara tokkoon lixanii kara kaaniin ba'uuf guyyaa 3 fudhata jedha. Innis fageenya 60miles yookaan gara 100km ta'a.

Ergaa Kitaaba Raajii Naahom

Sabni nanawwee waaqayyoon amananii sagalee isaa dhaga'uudhaan qalbii diddiirratan. Kanaaf saba israa'eliiffakkeenya akka ta'uuf macaafichi barreeffame. Akkasumas macaafichi waaqayyo saba isaatiif akeeka guddaa akka qabu kan ibsuudha. Kana irraa ka'uudhaan sabni dhuunfaa waaqayyoo ta'e akeekaa fi jaalala waaqayyoo isa guddaa

hubachuudhaan waanta waaqayyo isaan irraa barbaadu hundumaa hojjechuu akka qaban ergaa cimaa dabarsa.

Dinqiiwwan Macaaficha Keessaa

Akkuma Kitaabota kaan keessa jiru, humni gooftaa Kitaaba kana keessatti mul'ata tureera. Haa ta'u malee beektonni biyya lafaa illee kan itti waliif galuu hin dandeenye, saayinsiin ammayyaa amanuu kan hin dandeenye, dinqiin irreen gooftaa hojjete gurguddaan Kitaaba kana keessa 2 tu jiru.

Isaanis:

- a) Yoonaas garaa qurxummii keessa guyyaa 3 fi halkan 3 turuu isaa
- b) Biqiltuu akka qobboo isa guyyaa 1 keessatti biqilee, guddatee gaaddisa ta'uu danda'e

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba kana bakka 2tti qoodnee qayyabanna.

Isaanis:

1. Yoonaas waaqayyoon duraa baqachuu isaa [1-2]
 - a. Yoonaasitti ergamni isaa himamuu fi baqachuu isaa [1:1-3]
 - b. Bubbee galaanaa [1:4-6]
 - c. Yakki yoonaas galaana irratti beekamuu isaa [1:7-10]
 - d. Adabamuu fi ooluu yoonaas [1:11-2:1]
 - e. Kadhata garaa qurxummii keessaa [2:2-9]
2. Yoonaas ergama isaa raawwachuu isaa [3-4]
 - a. Gara nanawwee dhaquu yoonaas [3:1-4]
 - b. Qalbii diddiirrachuu nanawwee [3:5-9]
 - c. Araara argachuu nanawwee [3:10-4:4]
 - d. Aarii yoonaas [4:5-11]

Kitaaba Miikiyaas Raajichaa(Micah)

Kan barreesse- mikiyaas raajicha

Bara- 700-650 Dh.K.D

Kan barreeffameef- saba yihuudaa fi israa'el

Qabbiyyee isaa- filannoo du'aa fi jireenyaa saba sana dura kaa'a.

Mikiyaas

Mikiyaas namni jedhamu biyya israa'elkeessaa bakka mooreshet jedhamu jiraata ture. Mooreshet magaalaa kibba yihuudaa keessatti argamtuudha. Hiikni maqaa isaatiis:Mikiyaas-who is like the lord- isa gooftaa fakkaatu

namni kun bara mootota 3 keessa biyya yihuudaa kutaa gara kibbaa keessaa raajii ta'ee dibamee ka'ee tajaajilaa ture. Mootonni kunis yootaam, ahaaz fi hisqiyaas turan [1:1].

Bara Barreeffamaa

Raajichi bara mootota olitti maqaa dha'aman 3'n keessa waan tajaajilaa tureef [erm 26:18] isaayyaas fi hoose'aa wajjin bara tokko keessa tajaajile jechuudha [isa 1:1, hos 1:1]. Mikiyaas kun kufaatii samaariyaa raajii dubbateera [1:6]. Innis bara 722-721 Dh.K.D raawwate. Bara 700 Dh.K.D tti iyyuu mikiyaas Kitaaba raajii isaatii barreessuu eegaleera. Haa ta'u iyyuu malee bartuu isaa yookaan namni biraan naannoo bara 608 Dh.K.D tti akka gulaale, qiqindeesse ni tilmaamama.

Kitaaba Mikiyaas Raajichaa

Raajichi akkuma isaayyaas raajichaa nama waa'ee siyaasa yeruusaalem hin beekneedha. Kunis fageenya biyya inni jiraachaa ture irraa kan ka'eedha. Raajichi garuu waa'ee diigamuu fi qabamuu samaariyaa, akkasumas akka yihuudaan kufuuf jirtu raajii dubbate [1:5-7, 9-16]. Yeroo sana sabni israa'elabboommii waaqayyoo dhiisuudhaan waaqolii ormaa waaqeffachuutti deebi'anii turan.

Bara tajaajila raajii kanaa keessa waantonni ta'aa turan:

- 1) Mootiin aasoor tiglaat piilee iii kan jedhamu bara 734-732 Dh.K.D duula gurguddaa geggeessaa ture. Isaanis: sooriyaa, filiishaa fi gar tokkoo biyya israa'elii fi yihuudaa tti waraana labsee lolaa tureera. Ashqeloonii fi gaazaan in qabaman. Yihuudaa, amoon, edoomii fi moo'aab mootii aasooritti bulanii gibira baasaniif. Israa'elgaruu gibira hin baafneef. Haat ta'u iyyuu malee giliyaadii

fi galiilaan aasoor jala galanii turan. Akkasumas karaa hedduudhaan daangaa israa'elseenee qabatee ture [2moot 15:29]. Damaasqoon 732 Dh.K.D tti qabamtee impaayera aasoor jala galte.

- 2) Bara 722-721 Dh.K.D tti samaariyaan in qabamte, israa'elis guutummaatti aasoor jala galte.
- 3) Bara 712 Dh.K.D tti mootiin aasoor saargoon ii kan jedhamu ashdoodiin qabate [isa 20:1].
- 4) Bara 701 Dh.K.D tti yihuudaan aasooriin rukutte. Garuu mootiin aasoor inni seenaaheerib jedhamu yihuudaa rukutee mo'e. Yeruusaalem garuu hin qabamin hafte.

Macafni kun caasaa bakka sadiitti qoodame qaba.

Isaanis:

- Adaba
- Ooluu fi
- Bilisummaa

Kitaaba kana keessatti ergaawwan raajiin gagabaaboon walitti qiqindatanii barreeffamanii akka jiran ni argina.

Macaafichi akkaataa 7 kan ta'u, bifoote barreeffamaatiin kan barreeffameedha.

Isaanis:

- 1) Kakuu fi seera
- 2) Boo'icha
- 3) Abboomamuu diduu
- 4) Ergaa fayyinaa
- 5) Ergaa murtiifi dheekkamsaa
- 6) Dheekkamsaa fi ergaa jajjabinaa
- 7) Raajii yeroo waaqeffannaa waldaa keessatti dubbatamu.

Macaafichi ergaawwan gosa kana hundumaa of keessaa qaba.

Akkaataan barreeffama Kitaabichaa kan isaayyaasii wajjin wal fakkaata. Akkuma raajota kanneen biroon gochaa turan jalqabatti afaan adda addaa fayyadameera.

Qabiyyee Giddu galeessaa

Ergaan giddu galeessaa Kitaaba kanaa abboomamanii jireenya gaarii waaqayyo gooftaa wajjin jiraachu yookaan immoo karaa mataa isaanii fo'achuudhaan abaaramuu, dheekkamamuu fuula saba israa'eldura utuu kaa'uu ni argina.

Akka handhuura ergaa Kitaabichaatti roomaa 11:22 fudhanna. Akkana jedha: *Egaa gaarummaa fi humna waaqayyoo yaadadhu. Warra irraa kufanitti hamaadha, siif garuu gaariidha. Kunis yoo ati gaarummaa isaatti jabaatte duwwaadha. Kanaa achi atis immoo mukicha iraa in muramta.* Gara dhumaatti raajichi waa'ee fuula duratti ulfina tsiyoon argachuuf jirtuu raajii dubbatee ture. Ulfinichis kan mul'atee hin beekneedha jedha raajichi [4:1-5]. Mootummaan daawwit waan barbadeeffame yoo fakkaate iyyuu ka'ee hamma malee guddachuuf akka jiru, inni bara baraan mo'u maasihiinis teessoo daawwit akka fudhatu dubbateera [5:1-4].

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba mikiyaas raajichaa bakka 4 tti qoqqoodnee qayyabanna. Isaanis:

1. Mata duree [1:1]
2. Dheekkamsaa fi deebi'anii ijaaramuu yerusaalemii fi yihuudaa isa jalqabaa [1:2-2:13]
 - a. Dheekkamsa israa'elii fi yihuudaa [1:2-2:7]
 - b. Hambaan dheekkamsaa deebi'anii ijaaramuu isaanii [2:12-13]
3. Jal'ina mootota yihuudaa fi abdii saba waaqayyoo isa fuula duraa [3-5]
 - a. Jal'ina mootota yihuudaa [3]
 - b. Abdii fuulduratti saba waaqayyotiif kenname [4-5]
4. Waaqayyo biyya isaa dhekkamuu isaa fi booda immoo kan duraa kan caalu deebisee isaan dhaabuuf kan jiru ta'uu isaa [6-7]
 - a. Dheekkamsa waaqayyo saba isaatti dubbate [6:1-7:7]
 - b. Waaqayyo humnaa fi moo'icha guddaadhaan saba isaa fi mootummaa isaa deebiseed dhaabuu isaa [7:8-20]

Kitaaba Naahom Raajichaa(Nahum)

Kan barreesse- naahom raajichaakka ta'etti herregama.

Bara- 612 Dh.K.D dura akka barreeffame itti amanama.

Kan barreeffameef- saba yihuudaa.

Ergaa isaa- cubbuu ishee fi jal'ina achi keessaatiif kufaatii nanawwee

Naahom

Naahom raajota bara kakuu moofaa keessa gooftaan kaasaa ture keessaa isa tokkodha. Hiikni maqaa isaa:

Naahom-nahimiiyaa

Naahom-comfort-jajjabeessaa

Nahimiiyaa-the lord comfort-waaqayyo ni jajjabeessa

Naahom nama biyya elqoosh [1:1] ture. Biyyi kun israa'el keessa yookan yihuudaa keessa ta'a jedhamee tilmaamama. Waa'ee achii asi dhufa isaatii, maatii isaa, hojii fi bakka jireenya isaa waanti beekamaan hin jiru.

Bara Barreeffamaa

Barri tajaajila raajii kanaa 663-612 Dh.K.D akka ta'e amansiisaadha. Ragaa- 3:8 irratti 'magaalaa tebes caalteeree?' jedha. Magaalaan tebes 663 Dh.K.D kufte. Kanaaf tajaajilli isaa bar asana akka eegale mirkaneessa. Guutummaa Kitaaba isaa keessatti immoo waa'ee kufaatii nanawwee dubbata. Kufaatiin nanawwee 612 Dh.K.D waan irratti raawwateef hamma bara sanaatti akka inni tajaajilaa ture mirkaneessa. Bara raajii kanaa keessa seefaaniyaanis raajii dubbachaa ture, ermiyaas immoo mucaa xinnaa ta'a. Ootummaan yihuudaa immoo bara mooticha yoosiyaas ta'a jedhama

Mootummaa Aasorii fi Nanawwee

Mootonni nanawwee saba tokko yookaan mootummaa tokko yommuu baaji'an dhaadannoo fi oftuulmaa isaanii hamma malee warra mo'an irratti argisiisu. Magaalaa isaanii ni barbadeessu. Warra booji'an immoo hamma malee miidhaa fi gidiraa irraan ga'uudhaan waaqayyo duratti hammina hojjetu. Samaariyaa iyyuu qabatanii guban. Mootummaa israa'elni barbadeessan [3:3] Bara 700 Dh.K.D tti mootiin impaayera aasoor inni seenaheerib jedhamu magaalaa guddoo impaayera sanaa nanawwee taasise. Bara yoonas raajichaa yommuu waaqayyo cubbuu isheetiif nanawweetti dheekkame warri magaalaa sanaa boo'ichaan qalbii waan diddiirrataniif waaqayyo isaan balleessuu dhiisee ture. Sana booda gauu jal'inni nanawwee fuula waaqayyo duratti kan duraa kan caalu hammaate. Motiin nanawwee (impaayera aasoor) 669-627 Dh.K.D kan bulche, mootiin maqaan isaa aashuurbaanii jedhamu saba lafarraa gar malee cunqursuudhaan gooftaa garmalee gaddisiisee, hirmii hedduus nanawwee hojjechiisee ture. Mootichi kanaaf bara 627 Dh.K.D tti ni du'e. Humni nanawwee erga du'a mootichaatii eegalee dadhabaa adeemuudhaan bara 612 Dh.K.D tti guutummaatti mootummaan nanawwee harka baabiloonitti kufee barbadeeffame.

Ergichi Eenyuuf Akka Barreeffame

Dubbiin Kitaaba kana keessaa ergaa waaqayyo biraa nanawwee irratti dubbatameedha [1:11, 14, 2:1, 13, 3:5-19]. Haata'u iyyuu malee akka dubbifataniif saba yihuudaatiif barreeffame. Akkasumas israa'elootakutaa biyya yihuudaa keessa jiraatan bira akka ga'uuf ture [1:12-15]. Kunis guddinni magaalota mootota biyya lafaa fi mootummaan isaanii hammam yoo ol ka'e iyyuu, waaqayyo dheekkamsa isaatiin barbadeessuu akka danda'u akka isaan hubataniif ture.

Qabiyyee Isaa

Macaafichi dheekkamsa nanawwee irratti dubbatamuun kan eegalu yoo ta'u, hamma xumuraatti adeemee barbadaa'uu magaalattiitiin xumurama. Labsiin naahom inni guddaanis waaqayyo waaqa qomoo saba lafa irraa hundumaa ta'uu isaati.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Macaaficha bakka 4 tti qoqqoodnee qayyabanna.

Isaanis:

- 1) Mata duree [1:1]
- 2) Dheekkamsa nanawwee irratti dubbatame [1:2-15]
 - a. Gaarummaa waaqayyoo [1:2-8].
 - b. Kufaatii nanawwee fi gammachuu yihuudaa [1:9-15].
- 3) Dheekkamsa nanawwee irratti dubbatame [2]
- 4) Guutummaatt barbadeeffamuu nanawwee [3]
 - a. Cubbuu nanawwee [3:1-4]
 - b. Jal'ina nanawwee dubbachuu isaa [3:5-19]

Kitaaba Ambaaqoom Raajichaa(Habakkuk)

Kan Barreesse- Ambaaqoom Raajicha

Bara- 605 Dh.K.D

Kan Barreeffameef- Saba Yihuudaa

Qabiyyee Isaa- Raajichi Waa'ee Murtiiqajeelaa Gara
Waaqayyootti Komee Fi Falmii Dhiyeeffata

Ambaaqoom

Ambaaqoom raajota yihuudaa keessaa ka'aa turan keessaa isa tokko.

Maqaan isaa afaan warra baabilooniin moggaafame. Hiikni isaas:

Habakkuk= ambaaqoom

== mukeen iddoo dhaabaa keessatti guddifaman

Qomoon raajichaa yihuudii yoo ta’u, bakka inni itti guddate, waa’een maatii isaatii, hojiin isaa hin ibsamin hafe. Nama waa’ee amantii israa’elbeeku ta’uun isaa garuu nama yeruusaalem akka inni ta’e tilmaamuuf gargaara. Barri tajaajila isaatii bara ermiyaas keessa ture. Raajiin kun gadi fageenyaan waa’ee aadaa fi amantii israa’elnama beeku, nama seenaa beekuu fi akka sadarkaa beekumsa bara sanaatti namoota baratan keessaa tokko ture.

Bara Barreeffamaa

Raajii inni 1:6 irratti waa’ee dhufa mootii baabiloon dubbate akkuma argisiisu raajichi gara xumura mootummaa yoosiyaasitti [640-609] nama yihuudaa keessa ture ta’uu isaa mul’isa. Akkanumas mootummaa yehooyaaqiim keessa [609-598] nama raajii dubbachaa ture ta’a. Qindatee barreeffamuun Kitaabichaa immoo naannoo bara 605 Dh.K.D yeroo nikoon mootiin gibxi aasooriin gargaaree baabilooniin rukutuuf ba’ee mo’ame, lola dirree karkeemish isa mootummaa aasoor barbadeessee, baabilooniin kaase sana keessa ta’a [erm 46]. Kanaaf raajichi akkuma ermiyaas yommuu yeruusaalem bara 597 Dh.K.D qabamte, raawwii raajii isaatii nama ija isaatiin argeedha.

Qabiyyee Kitaabichaa

Kitaabni kun guutummaan guutuutti waa’ee mootummaa kaaba israa’elhin dubbatu. Kunis raajota hundumaa irraa adda isa taasisa. Akkasumas haasawaa waliin taasifamu (dialogue) raajichaa fi waaqayyoon gidduutti utuu ta’uu ni argina.

Boqonnaawwan jalqabaa lamaan keessatti raajichi waa’ee murtiiqajeelaa utuu waaqayyoon kadhatuu argina. Deebii argachuudhaan boqonnaa 3 keessatti immoo waa’ee amanamummaa waaqayyoo ibsuudhaan kadhata isaa dhiyeeffata. Kadhannii fi boo’ichi ambaaqoomisraa’elii fi yihuudaa keessatti akka sagalee waaqayyo isa guddisee sodaachisuudhaan isaanitti dubbateetti fudhatamuudhaan dubbifamaa ture. Raajichis dinqiiwwan gooftaan hojjechaa ture akka dhaga’e ibseera. Yommuu raajichi waa’ee yihuudaa keessaa murtiiqajeelaa dhabuu isaatiif boo’etti waaqayyo ijaa ba’uudhaaf deebii kenneef. Mararamee kan inni kadhates 1:3 irra jira:

Ambaaqoom 1:3

Balleessuu fi humnaan nama irratti ka'uu waanan arguuf, gargar ba'uunii fi lolli ka'aa waan jiraniif, maaliif waanta jal'aa na argisiifta? Maaliifis yommuu namni gadi nama qabu cal jettee ilaalta?

Waaqayyo hinaaffaa raajichaatiif deebii kenneeraaf. Innis kunooti:
Ambaaqoom 1:6

Kunoo ani warra kaliidotaa, saba hamootaa fi jal'oota warra lafa nama irraa fudhachuudhaaf biyya hundumaa keessa yaa'an nan kaasa.

Gara dhumaatti ambaaqoom waaqayyotti gammaduudhaan callisee fayyisuu gooftichaa akka eeggachuu qabu barsiifame. Obsaan eeguu [2:3-4], laftis ulfina waaqayyoo beekuudhaan aka guutamtu itti himame. Onneen raajichaas kanaan boqote [2:14].

Raajichi Kitaaba isaa hinaaffaa gubaa isa holatuun guutamee akka barreesse jechoonni Kitaabichaa ni mul'isu. Macaafichis israa'elkeessatti guddaa beekamaa fi jaallatamaa ture. Jalqabatti akkuma raajota kanneen biroo Kitaaba maramu irratti barreessee ture. Dhiyeenyatti imoo barreeffamni inni kallattiidhaan raajichi harka isaatiin barreessee ture boqonnaa 1 fi 2 biyya israa'elkeessaa dacha Kitaabonni bara durii argaman keessaa [dead sea] yookaan bowwaa 'galaana du'aa' jedhamu keessaa argameera jedhama. Inni argame kunis warra macaaficha afaan adda addaatti hiikuuf akka kitaaba wabii fi madda baay'ee gaariitti gargaareera.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba kana bakka 6 tti qoqqoodnee qayyabanna.

Isaanis:

- 1) Mata duree [1:1]
- 2) Komee ambaaqoom isa jalqabaa; maaliif cubbuun yihuudaa keessaa adabamuu dide kan jedhu ture [1:2-4]
- 3) Deebii argachuu isaa: baabiloon yihuudaa adabuuf kan jirtu ta'uu ishee [1:5-11]
- 4) Komee ambaaqoom isa lammaffaa: waaqayyo sana warra yihuudaa caalaatti jal'oo ta'an attamitti ulee adabaa godhe ittiin yihuudaa adaba? [1:12-2:1]
- 5) Deebii gooftaa: baabiloonis immoo gara dhumaatti kan adabamuuf jirtu ta'uu ishee, amanamummaanis akka mul'achuuf jiru [2:2-20]
- 6) Kadhata ambaaqoom isa dhumaa [3].

Kitaaba Sefaaniyaa Raajichaa(Zephaniah)

Kan barreesse- sefaaniyaa raajichaakka ta'etti tilmaamama.

Bara- bara mootummaa yoosiyaas [640-609 Dh.K.D]

Kan barreeffameef- saba yihuudaa

Ergaa isaa- guyyaan waaqayyo itti saba jal'aa sana hundumaa adabu akka

Dhufu, booda garuu gaarummaa fi araara isaatin yihuudaa deebisee dhaabuuf akka jiru dubbata

Sefaaniyaa Raajicha

Sefaaniyaan nama yihuudaa, sanyii moototaa keessaa raajii ka'eedha. Raajichi ilma kuush- ilma- gedaaliyaa- ilma amaariyaa- ilma hisqiyaas mootichaati.

Hiikni maqaa isaatii:

Sefaaniyaa= the lord hides= gooftaan ni dhoksa

Sefaaniyaa= the lord protect= gooftaan ni eega.

Maqaan isaa kun akkanatti kan moggaafameef bara mooticha minaasee yeroo sanyiin moototaa dhokfamaa turan sana keessa dhokatee du'a waan ooleef ta'a jedhamee tilmaamama. Minaaseen mucoolii waaqolii tolfamoodhaaf aarsaa dhiyeessa ture.

Yeroo raajummaa eegale nama waggaa 20 keessaa ture. Utuu raajii hin ta'inis mana mootummaa keessaa ga'ee hojii biyya bulchuu qaba ture.

Raajichi nama hawaasa keessa jiraatu baay'ee jaallatu, jireenya hawaasummaa akka gaariitti kan beeku ture. Waa'ee raajota ibrootaa waan beeku hin qabu. Waa'ee siyaasa yihuudaa fi mana mootummaa akka gaariitti beeka. Kitaaba raajota jaarraa 8ffaa Dh.K.D ni beeka. Fakkenyaaf: Kitaaba isaayyaas fi amos.

Bara Barreeffamaa

Boqonnaa 1:1 irraa akkuma arginu raajichi kan raajii ta'e bara mootummaa yoosiyaas keessa ture [640-609 Dh.K.D]. Ermiyaas, naahomii fi ambaaqoomii wajjin yeroo tokko tajaajilu turan. Guutummaan tajaajila isaa utuu mootummaan aasoor hin kufin kan raawwateedha.

Qabiyyee Isaa

Ergaan isaa mana yihuudaatti guyyaan dheekkamsa gooftichaa akka dhiyaate kan dubbatuudha. Warri kana'aan jaarraa 7^{ffaa} keessa godaananii kaawukaasiis keessa qaxxaamuruudhaan impaayera aasoor keessaa gara kibbaa qubatan. Har'a biyyi sun raashiyaadha. Warri

aasoor yeroo sana ashqeloonii fi ashdoodiin weeraranii hamma daangaa gibxitti qabatan. Mootiin gibxi fara'oon bara sanaa nama saameetikaas jedhama. Innis warra aasoor dura dhaabbachuu hin dandeenye.

Haa ta'u malee yeruusaalemiin hin qabanne. Raajiin qamabuu yeruusaalem inni sefaaniyaan raajichi dubbate mootii baabilooniin raawwatame. Innis kufaatii mootummaa aasoor boodadha. Guutummaa raajii isaati keessatti akka waaqayyo saba yakkamaa adabu, waaqolii tolfamoo isheetiif jecha yihuudaanis akka adabamtu dubbata. Gara xumuraatti immoo akkuma raajonni warri kaan dubbachaa turan waaqayyo gooftaan inni mootii israa'elta'e yaahiwwen saba isaa deebisee akka dhaabu dubbateera [3:15].

Boqonnaawwanii fi Lakkoofsota Kitaabichaa

Kitaabni kun boqonnaa 3 qaba. Lakkoofsota boqonnaawwan keessaa wajjin gabateen armaan gadii qabatee jira.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba sefaaniyaa raajichaa bakka 4tti qoodnee qayyabanna.

Isaanis:

- 1) Ittiin lixa [1:1-3]
 - a. Mata duree: raajicha [1:1]
 - b. Labsii dheekkamsaa [1:2-3]
- 2) Guyyaan waaqayyoo akka dhiyaachaa jiru dubbachuu isaa [1:4-18]
 - a. Waaqolii tolfamoo yihuudaatti dheekkamuu isaa [1:4-9]
 - b. Wawwaannaa yeruusaalemitti dhufu [1:10-13]
 - c. Dhufa guyyaa waaqayyoo [1:14-18]
- 3) Waaqayyo saba lafarraatti dheekkamuu isaa [2:1-3:8]
 - a. Yihuudaa gara qalbii diddiirrannaatti waamuu isaa [2:1-3]
 - b. Dheekkamsa filisxeem [2:4-7]
 - c. Dheekkamsa mo'aabii fi amoon [2:8-11]
 - d. Dheekkamsa kuush [2:12]
 - e. Dheekkamsa aasoor [2:13-15]
 - f. Dheekkamsa yeruusaalem [3:1-5]
 - g. Yeruusaalem qalbii diddiirrachuu diduu ishee [3:6-8]
- 4) Hambaan saba yihuudaa deebi'anii ijaaramuu isaanii [3:9-20]
 - a. Yeruusaalem deebitee ijaaramuuf akka jirtu [3:9-13]
 - b. Gammachuu yeruusaalem keessaa dhaga'amuuf jiru [3:14-17]
 - c. Sabni waaqayyoo deebi'anii ijaaramuu isaanii [3:18-20]

Kitaaba Haagee Raajichaa(Haggai)

Kan barreesse- haagee raajicha

Bara- 520 Dh.K.D

Kan barreeffameef- yihuudota boojuudhaa galanii
yeruusaalem jiraataniif

Qabiyyee isaa- saba yihuudaa mana qulqullummaa akka
ijaaraniif, ulfunaa Waaqayyoo deebi'anii akka arganiif waama.

Haagee Raajicha

Haageen raajota kakuu moofaa keessaa isa tokko. Hiikni maqaa isaa:

Haggai-haagee- festal-maaddii

Maqaa kanaan kan inni waamamuu danda'e tarii ayyaanota waggaa
gurguddaa sadan israa'elkeessatti kabajaman keessaa tokko irratti
dhalate ta'a. Ayyaanonni kunneen:

Keessa deebii 16:16

a) Ayyaana maxinoo

b) Ayyaana makarii

c) Ayyaana gordommaa

Haageen raajii biyya boojuu utuu jiruu raajummaadhaan dibamee fi
bara mootichi daariyoos yihuudotaaf mirga biyya isaaniitti deebi'uu
kenneefitti akka yihuudonni gara yeruusaalemitti deebi'anii mana
qulqullummaa fi yeruusaalemiin ijaaraniif raajii isaanitti dubbateedha
[iz 5:1-2, 6:14].

Haageen jalqabatti manni qulqullummaa inni solomoon
yeruusaalemitti ijaare akka gubate isaanitti dubbatee ture. Kana irraa
ka'uudhaan bara boojuu waggaa 70'n sana akka inni tajaajilaa ture ni
hubatama.

Bara haageen raajii ta'etti biyya yihuudaatti zarubaabel namni
jedhamu warra biyyatti hafan bulcha, iyyaasuun immoo luba turan.
Kanaaf ergaan karaa raajichaa dubbatame waa'ee saba sanaa haa ta'u
iyyuu malee gara zarubaabelii fi iyyaasuutti ergame [1:1-2]

Kitaaba Haagee Raajichaa

Maqaan gooftaa haa ulfaatu malee mootummaan baabiloon inni
yeruusaalemiin fi mana qulqullummaa gubee yihuudota garba isaa
godhate bara 539 Dh.K.D tti ni kufe. Kan kuffises qiiroos nama
jedhamu, nama peershiyaa [har'a faransaay] ture. Mootii haaraa
mootummaa faares hundeesse kana waaqayyo gooftaatu saba isaatiif
ijaa ba'uudhaaf, boojuudhaa isaan baasuudhaaf kaase [isa 45].

Qiiros bara 538 Dh.K.D tti yihuudonni biyya isaaniitti akka deebi'an, magaala yerusaleemii fi mana qulqullummaa deebisanii akka ijaaraniif labse. Kanaaf yihuudonni 50,000 wal faana baabiloonii ka'anii gara yerusaleemitti imalan. Hoogganaan isaanii zarubaabel nama jedhamuudha. Akkuma yerusaleemitti galaniin ijaarsa hundee mana qulqullummaa jalqaban. Hundee (foundation) isaa ijaaranii naannessuudhaaf waggaa 2 isaanitti fudhate [iz 3:8-11]. Kanaaf gammachuu guddaa gammadan. Warri samaariyaa fi sabni ormi naannoo isaanii jiran hundeen mana qulqullummaa naanna'ee ijaaramuu isaa yommuu argan guddaa sodaatan. Sababni isaa yihuudonni deebi'anii yoo ijaaraman, amantiin isaanii fi haalli siyaasa isaanii sodaachisaa waan tureef garboota isaanii taana jechuudhaan dafanii lola itti kaasanii hojii ijaarsichaa addaan kuchisiisan. Innis 536-520 Dh.K.D akkuma addaan citetti ture. Daariyoos isa guddicha inni jedhamu 522 Dh.K.D tti aangoo mootummaa faaris fudhate. Mootiin kun amanti yihuudotaa baay'ee waan jaallatuuf guutummaa impaayera faaris jalatti haagee fi zakkaariyaas lallaba amanti yihuudotaa lallabaa turan. Bara 520 Dh.K.D ijaarsi yerusaleemii gargar cites akka itti fufu godhe. Yihuudonni isa diinota isaanii sodaatanii hojii dhaaban caalaatti ariifatanii hojjechuu dadhabuun isaanii isaan tuffachiise. Kanaaf haageen isaan dadammaksaa ture. Mootichi haaraanis karaa hundumaan isaan gargaaruu jalqabe [iz 5:3-6, 6:6-12]. Haala kanaan bara 516 Dh.K.D manni qulqullummaa ijaaramee xumuramee beeksifame [6:15-18].

Bara Barreeffama Kitaabichaa

Raajiin haagee bara 520 Dh.K.D ji'oota jalqabaa 4 booda waaqayyo biraa gara isaa dhufe. Bara isaa sirriitti kan mirkaneesse luboota kakuu moofaati. Ergaan isaa inni jalqabaa 29/05/520 tti dhufe. Kanaaf akka Kitaabaattis yeroodhuma sana qindatee barreeffamee Kitaaba raajotaa fi Kitaabota kakuu moofaatti dabalame.

Qabiyyee Kitaabichaa

Obaadiyaatti aansee kakuu moofaa keessaa Kitaabni xiqqoon Kitaaba raajii haageeti. Ergaan isaa garuu kamiin gadi miti. Haageen abboomamuu diduun maal akka namatti fidu ibseera [1:6, 11, 2:16-17], waa'ee abboomamuus dubbateera [2:7-9, 19]. Hundumaa caalaa waaqayyoof abboomamuun jireenya hafuuraatti guddachuuf nama gargaara. Boqonnaa 2 keessatti warra haala ulfaataa keessa dhaabbatanii mana qulqullummaa ijaaraniif waaqayyo jajjabina

guddaa late, ulfinni mana isaan ijaaraa jiraniis isa duraan solomoon ijaare irra guddaa akka caalu isaanitti dubbate. Yihuudonni illee garbummaa keessatti guddaa miidhamanii, lakkoofsi isaaniis yaratee jira ture. Gooftichi garuu manichi gargaarsaa fi baajeta mootummaa bara sanaatiin akka ijaaramuu fi ulfinni caalus manicha ira bu'uuf akka jiru waadaa seeneef [2:6-7]. Haageenis jechoota qalbii diddiirrannaatti fayyadamuudhaan saba sana gorsaa ture. Dubbiiwwan haageen dubbachaa ture hedduun isaanii Kitaabota kakuu moofaa haagee dura barreeffaman keessa jiru. Fakkeenyaaf:

Haagee 1:6===kees 28:38-39

Haagee 2:17=== kees 28:22

Haagee 2:4 (jabaadhaa)=== iyyaasuu 1:6-9 fi 1:18

Qoqqoodama Kitaabichaa

Caqasni macafichaa haa xiqqaatu iyyuu malee ergaa inni dabarsu irraa ka'uudhaan Kitaaba kana bakka 5 tti qoodnee haa ilaallu.

Isaanis:

- 1) Yihuudonni ijaarsa mana qulqullummaatti waamamuu isaanii [1:1-11]
- 2) Deebii zarubaabelii fi sabni yihuudaa deebisan [1:12-15]
- 3) Manichi qulqullummaa ulfina waaqayyootiin kan guutuuf jiru ta'uu isaa [2:1-9]
- 4) Namoonni yihuudaa abboomamanii of qulleessuudhaan eebbifamuu isaanii [2:10-19]
- 5) Kakuu zarubaabeliif galame [2:2-23]

Kitaaba Zakkaariyaas Raajichaa(Zechariah)

{ Kan barreesse- zakkaariyaas raajicha
Bara- 520-480 Dh.K.D
Kan barreeffameef- yihuudota boojuu irraa hafanii yihuudaa keessa jiraachaa Turaniif
Qabiyyee isaa- zakkaariyaas raajichi warra boojuudhaa biyya baabiloonii

Deebi'ee gale sana akka isaan jabaatanii ijaarsa mana qulqullummaa fiixaan baasaniif dheekkamsaan isaanitti dubbata

Zakkaariyaas Raajicha

Zarubaabel dargaggeessa yihuudotaa biyya baabiloonitti sanyii lubootaa keessaa dhalateedha. Hiikni maqaa isaatii:

Zakkaariyaas-the lord (yahweh) remembers

-waaqayyo ni yaadata jechuudha.

Maqaan abbaa isaatii baraakiyaa jedhama. Kanaaf dargaggeessichi bara 538-537 Dh.K.D yommuu yihuudonni 50,000 geggeessaa zarubaabelii fi iyyaasuu lubichaatiin biyya baabiloonii gara biyya yihuudaa dhufanitti isaan keessa ture. Akaakayyuu iddoo lubichaa tures [nahimiiyaa 12:4]. Yeroo yartuu booddee yehooyaaqiim angafa lubootaa ta'etti, zakkaariyaas immoo akaakayyuu isaa iddoo bakka bu'ee hojii lubummaa hojjechaa ture [1:1 fi 7]. Sababni isaas abbaan zakkaariyaas baraakiyaan yeroo sana du'eera. Zakkaariyaas raajummaadhaan bara haagee keessa tajaajilaa ture, haagee boodas ittuma fufee raajii dubbachaa ture [1:1 fi 7:1, iz 5:1, 6:14]. Ijoollummaadhaan raajummaa waan eegaleef yeroo mootichi artaaxesxes mo'e iyyuu zakkaariyaas raajii dubbachaa tureera [465-424 Dh.K.D].

Zakkaariyaas raajichi barreessaa Kitaabichaa akka ta'e jalqaba Kitaabichaa irraa ni arganna. Boqonnaa 1-8 harka tokkoon kan barreeffame ta'uunisaa ni beekama. Boqonnaawwan kunneen dheekkamsa hojii mana qulqullummaatti yihuudota hiriirsuudha. Boqonnaa 9-14 garuu akkaataa barreeffamaa fi akkaataa qiqindoomina isaa irraa ka'uudhaan waan namni kan biraan barreesse fakkaata. Garuu namni biraan barreessuu isaatiif ragaan hin jiru. Boqonnaawwan kana keessatti ergaan giddu galeessaa 'sabni yihuudaa gara kootti yoo deebi'an anis gara isaaniitti nan deebi'a' isa gooftaan jedhee tureedha. Akkasumas israa'elis gara gooftaatti akka deebituuf waamicha godha.

Qabiyyee Giddu-galeessaa

Qabiyyeen isaa zakkaariyaas akka sabni sun boojuudhaa galan raajii dubbatee, isaanis nagaadhaan bakka itti booji'amanii turanii galuu isaanii dubbata. Kana malees waaqayyo gooftaan inni kan israa'elmootummaa yihuudaa kan duraa caalaatti jabeessee akka dhaabu, kakuu fi dubbii afaan isaatii hundumaa fiixaan baasuuf hinaafaa ta'uu gooftichaa kan barsiisuudha. Kanaaf gooftaan mootummaa daawwit deebisee dhaabuu qofa utuu hin taane, maasihii

ergee mootummaa bara baraa israa'eliifjabeessee akka dhaabu dubbata [3:8-9, 4:3 fi 14, 6:9-15, 9:9-10, 10:2 fi 4, 11:4-14, 12:10-13:1, 13:7, 14:4-9]. Akkasumas macaafichi waaqayyo bara duriitti mootii, ammas mootii, darbees mootummoota hundumaa irratti akka inni mo'ee jiraatu dubbata [1:10-11, 12:1-5, 14:16-19]. Akkaataa barreeffamaa Kitaabichaa ilaalchisee: macaafichi ergaawwan akka waamicha qalbii diddiirrannaa [1:2-6], mul'ataa fi raajii [1:7-6:8], qajeelfa [6:9-15], dheekkamsaa fi abdii [7-8], dheekkamsaa fi ergaa fayyinaa [9-14] akka walalootti utuu hin taane akka seenaatti [writing style] qiqindatee barreessee dhiyeesse. Kun hundumtuu haa jiraatu malee qabiyyeen giddu galeessaa Kitaabichaa 'jajjabeessuu' dha. Jajjabinni kunis ijaarsa mana qulqullummaa akka isaan xumuraniifi. Ijaarsa manichaa isaan xumursiisuuf malli adda addaa fayyadamameera. Malli kunis ergaawwan jajjabinaa saba sanatti dubbachuudha. Ergaawwan kana keessaa;

Fakkeenyaaf:

- Misiraachoo waa'ee maasihii
- Diinonni yihuudotaa baduuf akka jiran
- Mootummaan israa'elbara baraan jabaatee akka dhaabbatu
- Eebba

Qoqqoodama Kitaabichaa

Kitaaba kana kutaa 2 tti qoodnee qayyabanna.

Kutaa i

Kutaan jalqabaa bakka 5 tti qoodama.

Isaanis:

1. Ittiin lixa [1:1-6]
2. Mul'ata 8'ttan halkan tokkotti zakkaariyaasiif kennaman [1:7-6:8]
 - a. Mul'ata 1^{ffaa}= nama farad diimaa ira jiru [1:7-17]
 - b. Mul'ata 2^{ffaa}= gaanfa arfan [1:18-21]
 - c. Mul'ata 3^{ffaa}= nama funyoo safaraa baatee jiru [2]
 - d. Mul'ata 4^{ffaa}= iyyaasuun fuula ergamaa dhaabbachuu isaa [3]
 - e. Mul'ata 5^{ffaa}= baattuu ibsaa fi cuggee [4]
 - f. Mul'ata 6^{ffaa}= Kitaaba balali'u [5:1-4]
 - g. Mul'ata 7^{ffaa}= quunnaa safaraa [5:5-11].
 - h. Mul'ata 8^{ffaa}= konkolaattota arfan [6:1-8]
3. Milikkita yeroo fayyinaa [6:9-15]
4. Tsoomii isa dhugaa [7]

5. Eebba yeruusaalem [8]

Kutaa ii

Kutaan lammaffaan isaa boqonnaa 9-14 tti kan jiru of keessaa qaba. Kutaan kun raajii waa'ee maasihii fi mootummaa waaqayyooti. Jireenyi bara baraa, yeruusaalem qulqullittiin, waanti waaqa irraa hedduun kutaa kana keessatti ibsamaniiru.

Kitaaba Milkiyaas Raajichaa(Malachi)

Kan barreesse- milkiyaas raajicha

Bara- 430 Dh.K.D

Kan barreeffameef- namoota yihuudaa boojuu booda biyyicha keessa jiraniif.

Ergaa isaa- maasihiin akka dhufu, adabuuf qofa utuu hin taane eebbisuuf,

Mootummaa hin sochoones isaaniif dhaabuuf akka jiru dubbata.

Milkiyaas Raajicha

Maqaan milkiyaas jedhu hiikni isaa 'my messenger' jechudha. Hiikni afaan oromoo = ergamaakoo jechuudha. Milkiyaas raajota israa'elbara kakuu moofaa keessa ka'anii tajaajilaa turan keessaa isa tokko. Raajiin kun bara tajaajilaatiinis ta'e, toora Kitaaba kakuu moofaatiinis raajota kakuu moofaa keessaa isa xumuraati.

Bara zakkaariyaas haagee wajjin raajummaadhaan tajaajilaa turan sana keessa sabni yihuudaa warri boojuudhaa galan geggeessaa mootii isaanii zarubaabeliin bara 516 Dh.K.D tti ijaarsa mana qulqullummaa xumuran. Bara 458 Dh.K.D izraa lubichii fi yihuudonni hedduun ammas gara yeruusaalem dhufan. Yeroo sana yihuudonni jajjabina guddaa argatan. Mootichi arteesxes akka lubichi izraan seera waaqeffannaa isa kan waaqayyoo haaressee eegalsiisuuf isa erge [iz 7:17]. Seera musees saba sanaaf dubbisee isaan yaadachiisuudhaan izraan akka seerri musee hojii irra ooluu eegal godheera [iz 7:25-26].

Waggaa 14 booda [444 Dh.K.D], mootiin faaris haaraan inni nahimiiyaan dhugaatii dhiyeessaafii ture akka nahimiiyaan dallaa magaalaa yeruusaalem deemee ijaaruuf isa erge [naah 6:15]. Nahimiiyaanis bulchaa haaraa ta'ee muudamuudhaan hiyyeessota gargaaraa ture [nah 5:2-13]. Seerota sabni sun irraanfatanii turanis isaan yaadachiise. Seerota kana keessaa;

- Gaa'ilaan akka saba ormaa wajjin wal hin makne [naah 10:30]
- Guyyaa sanbataa akka eegan [naah 10:31]
- Kennaawwan mana qulqullummaatiif kennamuu qaban [10:37-39].

Kana booda bara 433 Dh.K.D tti nahimiiyaan hojii isaa xumuree mooticha faarisiif dhugaatii dhiyessuudhaaf gara baabiloonitti in deebi'e. Deemuu nahimiiyaa booda ammas yihuudonni cubbuutti kufan. Kanaaf nahimiiyaan deebi'e gara yeruusaalem yommuu dhufu, yihuudonni fuudhaaf heerumaan wal makanii, seera guyyaa sanbataa cabsanii, kurnaffaa fi kennaa mana qulqullummaatti galfamuu qabus kennuu diduudhaan xuraa'anii turan. Milkiyaas raajichi waanta isaan hojjetan kana hundumaa irratti raajii dubbateera [1:6-14, 2:14-16, 3:8-11].

Bara Barreeffamaa

Milkiyaas Kitaaba raajii isaatii erga nahimiiyaan bara 433 Dh.K.D tti hojii isaa xumuree gara baabiloonitti deebi'ee barreesse. Yeroon sun yeroo manni qulqullummaa deebi'ee ijaaramee xumuramee fi dallaan yeruusaalemis karaa hundumaan duudee raawwateedha.

Qabiyyee Kitaabichaa

Ergaan giddu galeessaa Kitaaba raajii milkiyaas: mootiin inni guddichi [1:14] akka dhufu, saba isaatti faraduu qofaaf utuu hin taane [3:1-5, 4:1], saba isaa eebbisee deebisee isaan dhaabuudhaaf [3:6-12, 4:2] dubbata.

Yihuudonni luba ba'anii biyya boojuutii akka galaniif isaaniif haa iyyamamu iyyuu malee waaqeffannaa fi jireenya hafuuraa isaanii irratti miidhama guddaatu dhufe. Innis:

1. Biyyi isaanii impaayera peershiyaa jala jirti.
2. Raajiin ulfina guddaa yihuudotaaf ta'uuf jiruu dubbatamaa ture [karaa haagee, zakkaariyaasii fi raajota darbanii] hin rawwatamin jiraachuu isaa
3. Amma iyyuu ulfinni waaqaayyoo isaanii gara mana qulqullummaatti hin deebine ture.

Kana irraa kan ka'e waaqayyo raawwatee nu gate jechuudhaan yihuudonni abdii kutachuutti adeeman. Seera waaqayyoos eeguu dhiisanii turan. Milkiyaas raajichi sababa isaan jaalala waaqayyoo shakkaniif isaan dhekkame [1:2-5], amanamuu dhabuu lubootaattis guddaa dheekkameera [1:6-2:9]. Saba sanas dheekkameera [2:10-16].

Qajeelummaa waaqayyoos shakkuu irra waan isaan ga'aniif raajichi akkana jedhee dheekkamsa isaan irratti dubbate:

Milkiyaas 3:2-3

Garuu guyyaa dhufa isaatti eenyutu obsuu danda'aree? Yeroo inni mul'atus eenyutu dhaabbachuu danda'aree? Inni akka ibidda isa sibiila baqsuuti. Akka saamunaa isa ittiin uffata miicaniitis. Inni akka nama sibiila baqsuutti, akka nama meetii qulleessuuttis taa'ee warra lewwootaa baqsee akka warqee fi akka meetiitti isaan in qulleessa. Isaanis warra waaqayyoof aarsaa qajeelaa dhiyeessan in ta'u.

Qoqqoodama Kitaabichaa

Macaaficha bakka gurguddaa 4 tti qoqqooduudhaan haa qayyabannu. Isaanis:

- 1) Mata duree [1:1]
- 2) Itiin lixa: kakuun waaqayyoo israa'eliifamanamaa ta'uu isaa [1:2-5]
- 3) Amanamuu dhabuu isheetif israa'elitti dheekkamuu isaa [1:6-2:16]
 - a. Amanamuu dhabuu lubootaa [1:6-2:9]
 - b. Amanamu dhabuu namoota israa'el[2:10-16]
- 4) Waa'ee dhufa gooftaa [2:17-4:6]
 - a. Qulleessuuf dhufuu isaa [2:17-3:5]
 - b. Dhufa gooftaatiif qalbii diddiirratanii akka of qopheessaniif waamuu isaa [3:6-18]
 - c. Guyyaa waaqayyoo [4]

Kitaabota Wabii/ Reference

1. Thieleman J. Van braght (1659), compiled from various authentic chronicles, memorials, and testimonies, translated from the original dutch or holland language from the edition of 1660 martyrs mirror, by joseph f. Sohm
2. Waldaa Kitaaba qulqulluu itoophiyaa (1997), maxxansa tokkoffaa, Kitaaba qulqulluu afaan oromoo hiikaa haaraa, addis ababaa, itoophiyaa.
3. Zondervan, (2008), third edition, new international study bible (niv), introductory notes, krneth l. Barker, john h. Stek, mark l. Strauss, ronald f. Youngblood, michigan 49530, usa, zondervan.
4. Zondervan, (2008), third edition, new international study bible (niv), foot notes, krneth l. Barker, john h. Stek, mark l. Strauss, ronald f. Youngblood, michigan 49530, usa, zondervan.
5. Onesimoos naasib nama biyyaa oromoo (1899), maxxansa tokkoffaa, Kitaaba qulqulluu, Kitaabota kakuu haaraa fi kakuu moofaa, afaan oromoo, london, ingiliz, abbaa gammachiis.
6. Waldaa Kitaaba Qulqulluu Itoophiyaa fi Tokkummaa Tajaajila giddu galeessaa Waldaa Kitaaba Qulqulluu naannoo Afrikaa (1962), Hiika Afaan Amaariffaa, jalqabatti kan maxxanfame mana maxxansaa “birihaaninnaa salaam” tiin, Addis Ababa, Itoophiyaa.
7. Zondervan, (2008), third edition, new international study bible (NIV), Introductory notes of books, krneth l. Barker, john h. Stek, mark l. Strauss, ronald f. Youngblood, michigan 49530, usa, zondervan.